


Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 6



Mootummaa Dimookiraataawaa Federaalawaa Rippaabiliikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

ISBN-978-99944-2-061-2
Gatii QR. 25.50

Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii



Qajeelcha Barsiisaa

Kutaa
6

Mootummaa Dimookiraataawaa Federaalawaa Rippaabiliikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa



የኢትዮጵያ አገልግሎት መዝመር

የተጠናከሩት ክብር በኢትዮጵያውን ወንጀ፡
ቁጥር ስነዥዣኑት ዕር አስተዳደር በርካታ፡
ለሰላም፣ ለፍትህ ለአገልግሎት ነዋን፡፡
በኢትዮጵያ በፍቅር ቁመናል ባንድነት፡፡
መሠረት ወንድ ሰብዳሪን የልማርን፡
አገልግሎት ነን ለሥራ ለሥራ የጥርጋን፡
ድንቅ የባህል መደረሰ የእነዚ ቅርቡ
ባለቤት፡
የተፈጥሮ ብቻ የቃይሳ ስነዥ እናት፡
እንጠቀቸለን አለብን እድራ፡
ኢትዮጵያውን ነው እናም ባንቸ እንከራ፡፡



Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa Handhuura Oromootaa galma sirna Gadaa Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa Badhaatu, gabbattuu magarsituu hundaa; Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee Gammanee gammadii bokkuu deebifannee; Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa Wabii jirenyaatiif goonee kaayyoo cimaa; Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!



Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii



Qajeelcha Barsiisaa

Kutaa 6

Qopheessaan:

Ministeera Barnootaa Federaalaa

Afaan Oromootti Kan Hiikan:

- ☞ Assaggid Soorii
- ☞ G/Mikaa'el Abboomsaa

Gulaalaan:

- ☞ Darajjee Mokonnin
- ☞ Tsahaay Addunyaa
- ☞ Sirnaa Dabalaa



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa
Rippaabiliikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

Galata

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta’u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaablikii Itoophiyaa fandii **Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **International Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta’insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeeri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaablikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta’e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa BLAG maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galchuu barbaada.

©Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaablikii Itoophiyaa, bara 2003

ISBN 978-99944-2-061-2

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii

Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613

Dubaayi, U.A.E

Wal ta’insa

Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii

Lakk Sanduqa Poostaa 100767

Finfinnee,

Itoophiyaa

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egisuuf angoon kennameefiin alatti baa’yisuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda’ametti beekamtii kennun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta’ee beekamtii osoo hin keniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaan ni mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda’a:

Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367

Finfinnee,

Itoophiyaa

Baafata

<i>Qabiyee</i>	<i>Fuula</i>
Boqonnaa 1. Sirna Dimookiraatawaa	1
Boqonnaa 2. Olaantummaa Seeraa	14
Boqonnaa 3. Walqixxummaa	30
Boqonnaa 4. Haqummaa	43
Boqonnaa 5. Jaalala Biyyaa	55
Boqonnaa 6. Miira Itti Gaafatamummaa	68
Boqonnaa 7. Aadaa Hojii Cimaa	79
Boqonnaa 8. Of Danda'uu	95
Boqonnaa 9. Aadaa Qusanna	103
Boqonnaa 10. Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa	113
Boqonnaa 11. Beekumsa Fedhuu	121

BOQONNAA TOKKO

SIRNA DIMOOKIRAATAWAA

Kaayyoolee Boqonnichaa: Barattooti boqonnaa kana yoo xumuran:

- Maalummaa fi barbaachisummaa sirna dimokiraasii addaan baafatanii ni beeku,
- Mirgoota namummaa fi dimokiraasii lammileen qaban ni hubatu,
- Tokkummaa fi garaagarummaa mirgoota namummaa fi Dimokiraasii ni hubatu,
- Garaagarummaa sabaa, sablammii fi ummattoota Itoophiyaa jidduu jiru ni hubatu.
- Yaada bu'uura imaammata biyya alaa Itoophiyaa ni hubatu.

Lakk.	Mata Duree	Kaayyoo	Wabii
1	Sirna Dimokiraasii	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa Dimokiraasii ni ibsu barbaachisummaa sirna Dimokiraasii Itoophiyaa ni ibsu.• Maalummaafi garaagarummaa yaadaa ni ibsu.• Faayidaa garaagarummaa yaadaa wal dandeessisanii nagaan jiraachuu ni ibsu.• Garaagarummaa yaadaa wal dandeessisuun hojji garee fi Gumiitti hirmaatu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa fakkii sirna filannoo agarsiisu• Namoota walii galanii qindoominaan hojjatan
2	Mirgoota Namummaa fi Dimokiraasii	Tokkummaa fi garaagarummaa mirgoota namummaa fi Dimokiraasii ni tarreessu.	Heera Mootummaa
3	Garaagarummaa sabootaa, Sab- Lamootaa fi Ummattoota jidduu jiru.	<ul style="list-style-type: none">• Garaagarummaa sabootaa, sablamootaa fi ummattoota jidduu jiru ni ibsu.• Eenyummaa fi aadaa walii (Afaan, Amantii) kabajuun hojji garee fi sochii gumii keessatti qindoominaan hirmaachuu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa• Poosteroota dhaabbilee dhuunfaa fi mana mootummaatti maxxanfaman• Kaartaa Itoophiyaa suurri bakka bu'ota ishee irra jiru.
4	Hariiroo biyya alaa Itoophiyaa	Kaayyoo walitti dhufeenyaa biyya alaa fi Itoophiyaa ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa• Heera mirgoota namummaa addunyaa

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

1.1 Sirna Dimokiraasii (Wayitii 5)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Heera mootummaa Federaalaa Itoophiyaa
- Naannolee adda addaa filannoo gaggeeffamuuf suura namootaa qopha'e
- Heerota mirga namoomaa
- Barruulee mirga namummaa ilaachisee dhaabbilee dhuunfaatiin maxxanfaman.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Maalummaa Dimokiraasii ni beeku? Sirni Dimokiraasii maali?
- Barattoot waa'ee maalummaa Dimokiraasii yaada qaban waraqaa irratti akka barreessan taasisaa,
- Barattoot muraasni yaada isaanii akka ibsan carraa kennaafi,
- Gocha itti fufu eegaluu bifa dandeessisuun yaada isaani kallattii qabsiisa.

Gocha

- Dubbisa "Haasawa Obbo Orkaaydoo" jedhu irratti hundaa'uun gilgaala 1^{ffaa} hojii manaa kennuun ni danda'ama. Barsiisaanis deebiwwan kennaman sirreessuuf yaadolee kana fayyadamuun ni danda'ama.
1. Barattooti yaada eeyye akka qabataniif dubbisa keessaa ragaalee qopheessuu,
 2. Gochaawwan sirna dimokiraasii ibsanii fi faallaa ta'an waliin akka madaalamuuf osoo dhiyaatee? (Haasawa isa Guduunfaa kkf)
 3. Qabxiilee hubannoof gargaaran sirrii fi dhugaa ta'an
 4. Haasawaa Obbo orkaaydoo keessaa jechoota sirna Dimokiraasii deggerani fi faallessan waliin madaaluu.

Gocha

- Gilgaala 2^{ffaa} daree keessatti mareetiin hojjechiisuun ni danda'ama.

Yaadolee maree keessatti hubatan akka ibsan osoo ta'ee? Barbaachisaa yoo ta'e yaada itti fufee jiru sirreessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama.

Sirni Dimokiraasii kallattii adda addaatiin ni ibsa. Inni tokoo fi guddaan mootummaan kan dhaabbatuu fi hojjetu fedha hawaasa bal'aa eegsisuu fi guutuuf ta'u dha.

Meeshaa sirna kabajaa fi faayidaa muraasaa eegsisuuf dhaabbate akka hin ta'iin hubachuun barbaachisaadha. Sirna hunda irratti hirmaannaa ho'aa waan qabaniifi dha. Maatiin isaanii hirmaannaa filannoo keessatti, misooma biyyaa fi naannoo keessatti, guddina dinagdee keessatti qabani fi mareen hawaasummaa keessatti qabatamaan taasisaa jiran fakkeenyota qabatamaa ta'u hubachiisuun barbaachisaa dha.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

Maalummaa Dimokiraasii

Maalummaa dimokiraasii beektonni adda addaa karaa adda addaa fi walitti dhiyeenya qabaniin hiikaniiru. Barattootaaf dimookiraasii jechuun hojmaata mootummaa, bulchiinsa dhaabbilee fi kkf sirna ummataa kan ta'e jechuu dha, jechuun salphisaniib ibsuufiin ni danda'ama. Maalummaa dimokiraasii haala gaariin ifa gochuuf mul'istoota mata duree lakk. 1,2,3 jalatti caqasaman fayyadamuun barbaachisaa dha. Dabalees yaadni itti fufanii jiran maalummaa dimokiraasii ni ibsu.

- Seerri biyyattii lammii hunda biratti sirna kabajamu ta'u (olaantummaan seera mirkanaa'u)
- Lammileen hundi mirga walqixa akka qaban sirna ittiin beekan ta'u
- Lammileen hundi fedha isaaniitiin gaggeessitoota isaanii kan itti filatani, aangoo irraa kan buusan yakka yommuu raawwatan akka lammii kamiitti seeratti kan dhiyeessanii fi akkaataa badii isaaniitiin deemsa itti adabaman kan itti hordofan ta'u kaasuun hiika Dimokiraasii ibsuun ni dnda'ama. Dimokiraasii haala barattooti itti hubachuu danda'an hojii qabatamaa kaasuun hubachiisuun ni danda'ama. Seera ittiin bulmaataa dareef mana barumsaa, haala filannoo hayyuu daree, deemsa filannoo gaggeessitoota gummii, hiriyootaa waliin walitti dhufeenyaa fi kabaja qaban kkf akka fakkeenyaatti kaasuun hiika dimokiraasii agarsiisuun ni danda'ama.

1.1.1 Barbaachisummaa Sirna Dimokiraasii

Sirni dimokiraasii barbaachisaa fi faayida qabeessa kan jennu maaliifi?

- Barattooti yaada isaanii dabareen akka ibsan carraa kenniif.
- Barbaachisummaa fi faayida-qabeessummaa sirna Dimokiraasii mirga sabaaf sab-lammii eegamuu, nageenya fi dinagdee guddisuu waliin walitti qabuun yaada dimshaashaa kennuun barnootatti seenuudha.

Gocha

Gilgaala 3^{ffaa} daree keessatti gareedhaan akka irratti mari'atan taasisuu; yaada irratti waliigalaan barattooti carraan hin argatin akka ibsan taasisuu. Sirni dimokiraasii biyya keenyaaf baay'ee barbaachisaa akka ta'e fakkeenya kennuun haa ibsamu.

- Bulchiinsa biyya keenya fooyyessuuf Ganda, Aanaa, Zoonii fi kkf tti quoduu misooma saffisiisuuf kan gargaaru ta'u
- Ummatis abbaa aangoo ta'u isaa kan mirkaneessuu fi mootummaa ummataan filatame ijaaruu kan dandeessisu ta'u,
- Walqixummaa mirkaneessee hojiilee seera qabeessa ta'an diriirsuu nageenya amansiisaa fi tasgabbii kan uumu ta'u.
- Misooma biyya keenya saffisiisuun boodatti hafummaa fi hiyyummaa keessaa kan baasu ta'u.
- Hirmaannaan ummata bifaa hundaa fi lammummaa hawaasaa kan guddisu ta'u dha. Sirni Dimokiraasii lamiileen biyya isaaniif akka quuqaman, waa'een biyya keenya nu

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

galcha akka jedhan, ykn abbummaan akka itti dhaga'amu kan taasisuu fi yaadolee kana faana walqabatu ibsa keesatti fayyadamuun ifa taasisuun barnooticha xumuruu.

Hanga yoonaatti sirnoota mootummaa addunyaa irratti argamanii hunda keessaa sirni dimokiraasii guddinaa fi eenyummaa ilma namaatiif bulchiinsa fooyyee qabu ta'ee fudhatama. Sirni kun faayida qabeessummaa isaa Gocha 3 keessatti qabxiilee xuqaman bu'uureeffachuu mata-duree kana ibsuun ni danda'ama.

1.1.2 Mul'istoota Sirna Dimokiraasii

Seensa

- Daree keessatti hojimaati dimokiraasii ni jiraa? Yoo jiraate maaliin ifaa?
- Garaagarummaa yaadaa waldandeessisuun waliin jiraachuu jechuun maal jechuu dha?
- Yaada ka'umsaaf dhuunfaan akka irratti yaadan carraa kennuu.
- Yaada isaanii akka ibsat an carraa kennuu yaadotaa akka armaan gaditti osoo xiinxalanii
- Daree isaanii fi mana barumsa isaanii keessatti hojimaata mul'atan keessaa sirna dimokiraasii calaqisiisa kan jedhan akka ibsan taasisuun yaada ka'an keessaa kanneen sirreeffaman yoo jiraatan sirreessuu.
- Yaada garaagaraa wal dandeessisuun waliin jiraachuu ilaachisee yeroo hunda namoota gidduutti dhimmoota adda addaa irratti garagarummaan yaadaa, fedha gidduutti dhimmoota adda addaa irratti yaada, fedhaa fi kaayyoo jiraachuu akka danda'u beeksisuu. Garaagarummaa kana waldandeessisuun fi wal kabajanii waliin jiraachuun faayida qabeessaa fi bu'uura guddinaa akka ta'e ibsuu, Eenyumtiyyuu guutuu fi hunda beekaa waan hin taaneef fedha ofii fi yaada ofii dirqamaan nama biroo irratti fe'uuf yaaluun ilaalcha dimokiraasii akka hin taane ibsuu. Amalli akkanaa walitti bu'iinsa, lolaa fi jeequmsaaf kan saaxilu ta'uu ibsuun gocha itti aanutti darbuu.

Yaadolee Unka Keessatti tarreffaman Ilaalchisee

- Unka sana barattooti gareen akka hojjetan taasisuu, yaadolee ka'an "itti gammadeera ykn itti hin gammadine" sababa jedhaniif barattooti muraasni akka ibsan taasisuu yaadolee ka'an bu'uureeffachuu kan hafani waliin kan waliif galchu yaada gabaabaa hirmaachisaa ta'e kaasuun sirreessu.

Gocha

Gilgaala manatti akka hojjetan taasisuun yaadolee kana sirreessuf itti fayyadamuun ni danda'ama.

1. Filannoo bilisaa, olaantummaa seeraa (boqonnaa 2, ilaala), Bilisummaa abbootii seeraa kkf ta'ee barattooti hubachuu akka danda'aniif akka qabatama naannoo isaaniiti qabxii kaasuu,

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

2. Walkabajuu fi waldanda'anii waliin jiraachuuf walitti dhufeenya hiriyuummaa cimsuu fi misooma biyyaa ariifachiisuuf, walqixxummaa mirkaneessuuf, sirna dimokiraasii ijaaruufi yaadolee wal fakkaatu caqasuun barbaachisummaa isaa agarsiisuun ni danda'ama.
3. Kitaaba Barataa 1.1.2 "C" Aadaa wal danda'uu kan jedhuu fi ka'umsaaf yaada armaan olitti caqasame ilaaluun ni dand'ama, ibsas irratti kenna. Kallattiin sirni dimokiraasii ittiin ibsamu hedduu dha. Maatii, daree barnootaa, mana kkf tiin ibsamuu ni danda'a. Kanaaf barattootni aadaa dimokiraasii akka shaakalaniif naannootti sirni dimokiraasii kan ittiin ibsaman beeksisuun barbaachisaa dha. Barnooticha yommuu gaggeessu barsiisaan hubannoof akka gargaaru yaadolee kana ilaalu ni danda'a. Sirni dimokiraasii kan ittiin calaqqisan keessaa:

- Mirgi namummaa fi dimokiraasii kabajamuu (barnoota itti fufu keessatti ibsama)
- Mirgi walqixxummaa mirkanaa'u (Boqonnaa 3 keessatti ilaala)
- Deemsi filannoo bilisaa jiraachuu if sirni filannoo kabajamuu
- Ol'aantummaa seeraa, lammiin hundi seera fuuladuratti walqixa ta'uu (Boqonnaa lama ilaalu)
- Hojimaata mootummaa fi amantaa adda baasuu ykn hojii tokko keessa tokko seenuu dhiisuu.
- Aadaa wal danda'uu fi wal-dhabdee jiru walii galteen hiikuu jedhan caqasuun barmaaticha golabuun ni danda'ama.
- Mirgoota namummaa fi dimokiraasii irratti hubanno qaban akka ibsan carraa kennuu.
- Gara ijoo barnootaatti yaadotaa galchuu danda'an kaasuun kallatti qabsiisuu.

Gocha

- Unka kenname irratti gareen akka maree gaggeessan taasisuu.
- Maaliif "Namummaa" ykn "Dimokiraasii" akka jedhan sababa gahaatiin akka ibsan garee adda addaatiif carraa kennuu. Sirreessuuf akka gargaarutti yaada isaanii isa 4^{ffaa} fi 6^{ffaa} qofa irratti hundaa'uun mirgoota namummaa akka ibsan yoo barbaachise sababoota hin caqasamiin kaasuun ibsuudha. Kanneen biroo garuu mirgoota dimokiraasii kan ibsanidha. Sababi isaas mirgooti namummaa uumammaan nama ta'anii dhalachuun kan argamani waan ta'eef namni kamiyyuu yeroo fedhetti dhabuu kan hin qabne ta'uu isaa waan itti amanameefi dha. Eenyumtiyyuu dhorkachuu akka hin qabne beeksisuun ni barbaachisa.

Gocha

- Gilgaala 5 "Barataa Shamsuu fi Barsiisaa Mootummaa" bu'uura godhatanii akka hojjetan hojii manaa kennaafi. Gaaffilee ka'aniif deebii barbaachisaa kennuf qabxiilee armaan gadii ilaaluun barbaachisaa dha.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

Gaaffii Lakk. 1 "Mitti" akka jedhan taasisuu.

Sababi isaa mana barumsaa irraa eeyyama gaafachuutuu irra ture. Demokiraasii jechuun eenyumti yeroo barbaadetti waan fedha isaa gochuu sirna itti danda'u akka hin taane hubachiisuu. Kanaaf naannoo hundatti heerri fi seerri jiru kabajamuu qaba.

Gaaffii Lakk. 2 fi 3 Haaluma dubbisa keessa taa'een qabxiilee sirreessaa qopheessuu.

Gaaffii Lakk. 4. Seeraa fi qajeelfama mana barumsa ilaalanii beekuu fi kabajuu.

Mirgaa fi dirqama barattootaa fi barsiisotaa beekuutuu irraa eegama. Kana booda tokkummaa fi garaagarummaa mirga namummaa fi dimokiraasii irratti ibsa haa kenani.

Mirgoola Namummaa fi Mirgoota Dimookiraasii

1.2.1. Tokkummaa fi Garaagarummaa Mirgoota Namummaa fi Dimokiraasii

Dhimma itti sirni dimokiraasii barbaachisu keessaa inni tokko mirgoota Namummaa fi Dimokiraasii irratti xiyyeffannoo guddaa kennun kabachiisuu danda'uu isaati. Heera biyya keenya kessaa inni ijoo fi bu'uura ta'e keessaa tokko mirgoota Namummaa fi Dimokiraasii kabachiisuu dha. Haala kanaan Heerri biyya keenyaa 2/3 kan ta'u kallattiinis ta'e alkallattiin yaadotaa mirga kana ibsan of keessatti qabatee jira.

Addunyaa kana irratti dhalli namaa haala barbaadameen raawwachuu kan dadhabe keessaa mirgoota namummaa fi dimokiraasii qixa barbaadameen kabachiisuu dadhabuu ta'eti ibsama. Mirgoota kana kabachiisuf sirni dimokiraasii filannoo kan hin qabne ta'uu hubachiisuun barbaachisaadha.

Mirgooti dimokiraasii fi Namummaa karaa hedduutiin yaad-rimee walfakkaatu qabu. Haata'u malee yeroo baay'ee mirgooti namummaa dhalootaan akka argamanitti amanama. Karaa biraatiin mirgooti dimookiraasii seerota adda addaatii fi sirnootaa daangeffamuu waan danda'aniif mirgoota namoomaa irraa adda ta'uu danda'u. Mirgooti kun hojii irra kan oolan sirni bulchiinsa isaa dimokiraatawaa yoo ta'e qofa dha. Yeroo baay'ee oftuultonni tokko tokkoo fi sirni bulchiinsa loltootaa kabajamuu mirgoota namoomaatiif xiyyeffannoo hin kennan.

1.2.2 Barbaachisummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa fi Dimokiraasii

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Fakkiawan mul'atan ergaa maalii dabarsu?
- Fakkiawan bu'uura godhachuun mirgoota namummaa fi dimokiraasii faayidaa isaan ilmaan namootaaf kennan tarreessaa.
- Fakkiawan ilaaluun hiika isaan qixa kabajamuu mirgoota namummaa fi dimokiraasiitiin qaban akka ibsan carraa kennaafi.
- Yaadolee fakkiawan irratti kennaman ijoo barumsichaa waliin wal qabsiisuun fayyadamuun ni barbaachisa.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

Waa'ee fakkiiwani yaada xiqqaa kennuuf:

1. Gugeen fakkeenyummaa nageenyaa akka bakka buutu beeksisuu. Hawwanisa fi biyya keessatti nagaa buusuuf mirgoonni namaa fi dimokiraasii kabajamuu akka qabu hubachiisuu,
2. Mirgoonni Namummaa fi Dimokiraasii kabajamuun kan ittiin ibsamu keessaa tokko garagarummaa saalaa tokko malee dhiirri fi dubartoonni walqixa carraa hojii irratti hirmaachuun yoo uumame dha.
3. Madaallii haqqummaa ibsa. Haala kanaan haqummaan kabajamuu mirgoota namummaa fi dimokiraasiitiif bu'uura ta'uun beekuu.
4. Hiriirri nagaa kabajamuu mirga dimokiraasii kan ittiin ibsamu keessaa tokko dha.

Gocha

- Gilgaala irratti gareen akka mari'atan taasisuu, kan keessaa hubatan dabareen akka ibsan carraa kennaafi. Duraan Gocha 3ffaatiif deebiin kennaman gaaffilee kanaaf yaadolee kennaman sirreessuuf walitti simsiisanii itti fayyadamuun ni danda'ama.

Barbaachisummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa fi Dimokiraasii

Mirgi namootaa hundi mirgoota namummaa fi dimokiraasii keesatti kan hammatamani dha. Dhimmoonni mirgoota kanaa ariifachiisummaa fi murteessummaa isaaniitiin Addunyaar irratti gaaffiin isaan dorgomu hin jiru. Baroota dheeraa irraa eegalee mirgoota kana kabachiisuuf kutaalee addunyaa adda addaa keessatti waraanni hedduun gaggeeffameera. Lubbuun namoota hedduus itti darbeera. Qabeenyi baay'een barbadaa'eera. Ammas yoo ta'e sababa mirgoota kanaatti rakkoon hedduun akka jiru beekuuun barbaachisaadha. Kun hundi maaliif ta'aa turanii fi ta'aa jiru? Mirgoonni kun nagaaf, misoomaafi tokkummaa sabootaatiif walumaagalatti jirenya dhala namaatiif baay'ee baraachisoo waan ta'aniifidha. Yaad-rimeen lammeenuu meeshaa mirkaneeffannaa walqixxummaa mirgoota lammilee waan ta'aniifidha. Haala kanaan haala kam keessattiyuu mirgooti namummaa fi dimokiraasii kabajamuun guddina biyyaatiif meeshaa addaa ta'uun isaa fakkeenyota qabatamaa kaasanii ibsuun ni danda'ama.

Bu'uura misoomaa fi dhaabbilee hawaasummaa babal'isuuf sirna haqaa dirriirsuun baraachisaa akka ta'e haala itti ijooleen hubachuu danda'aniin fakkeenya fudhachuun ibsamuufi qaba. Dhalooti haaraan mirgoota kana adda baasee beekuuuf hubachuu qofa osoo hin taanee mirgooti kun akka kabajamaniif kutannoodhaan kan qabsaa'uu fi kan hojjetu akka ta'an kallattii qabsiisuun ni barbaachisa.

Guduunfaa

- Barattoot sadarkaa kana irra jiran akka hubataniif kan barbaadamu yaadolee gurguddoo kan of keessatti qabate hojii daree kennuun barnooticha irraa beekumsa isaan argatan mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

Qabxiilee Kutaa Barnootichaa Keessaa Irratti Xiyyeefatamu

- Tokkummaa fi garaagarummaa mirgoota namummaa fi dimookiraaisi hubachuu isaanii
- Barbaachisummaa mirgoota namummaa fi dimokiraasii hubachuu isaanii mirkanoeffachuudha.

1.3 Garaagarummaa Saboota, Sablammoottaa fi Ummata Itoophiyaa Gidduutti

Mul'atu (Wayitii 2)

Qophii Daree: Meeshaalee Deggersa Barnootaa

Garaagarummaa Saboota, Sab-lammoottaa fi ummata Itophiyaa jidduu jiru kan agarsiisu suura, poosterii fi kkf.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Fakkii kana irraa maal hubatan? Kan jedhuu fi gaaffilee walitti dhiyaatan dhiyeessuu
- Fakkii 1.2 bu'uura godhachuun gaaffilee ka'umsaaf dhiyaatan hanga hubatan akka ibsan taasisuu.
- Fakkii ilaaluun haalaan hubachuu isaanii mirkanoeffachuu.
- Yaadolee ka'an sirreessuu fi gara qabxii maree ijotti seenuuf fakkii ilaachisee yaadolee kana fayyadamuu ni danda'ama.

Biyyi keenya biyya sabootaa, sabaaf sab-lammii fi ummata hedduu ta'uu kan mul'isu ta'uu beekuu fi hubannoo kennuu. Naannooleen sagal keessaa isaaniiti amantaa adda addaa kan qaban afaan garaagaraa kan dubbataai fi seenaa adda addaa kan qaban ta'uu ibsuu.

Sababa kanaatiin biyyi keenya biyya saboota, sabaaf sab-lammii hedduu qabdu waan taateef akka **Muuziyemiitti** ilaalamti.

Kanaaf daree keessatti barattoota jidduti, hawaasa mana barumsaa jiddutti garaagarummaa jiru kabajuun bu'aa ini qabu ibsuun gara barnoota ijooti seenuu barbaachisa.

Gocha

- Gilgaalicha mana isaaniitti hojjetanii akka dhufan taasisuu. Deebii kenname sirreessuu akka gargaaruuf qabxiilee kana irratti xiyyeefachuu barbaachisa.

1. Gaaffilee ka'umsaa irratti yaadolee garaagarummaa mul'atan caqasaa. Ibsa dabalataatiif boqonnaa sadii ilaala.

2. Walitti bu'iinsa ittisuuf gochaalee adda addaa raawwachuu barbaachisa. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an:

- Hubannoo fi Beekumsa hawaasaa guddisuu. Walitti bu'iinsaaf sababa kan ta'an adda baasuun beekuun furmaata itti kennuu.
- Haqummaa fi wal qixxummaaf gafuu kan ta'an hojimaata boodatti hafuu fi ilaachota faallaa ta'an hambisuu.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

- Walitti bu'iinsi yoo uumame illee mareedhaan hiikuu amaleeffachuu.
- Sirna itti walitti bu'iinsa hiikuun danda'amu qaama seeraa waliin walitti qindeessuu rakkoo hiikuuf furmaata kennuu kan danda'u fi yaadotaa wal fakkaatu diriirsuun hubannoo isaanii gabbisuun ni danda'ama. Itti fufiinsaan garaagarummaa ummattoota gidduutti calaqqisu irratti hundaa'uun ibsa akka kenna taasisa.

Biyya keenya keessatti hawaasa gidduutti garaagarummaan mul'atan garaagarummaa afaan, amantaa, Aadaa, fi kkf, ta'u isaa hubachiisaa. Garaagarummaan tokkummaaf faayida qabeessa malee tokko isa tokko irraa wal caalchisuuf fi wal dhabbiinsaaf ka'umsa akka hin taane akka hubataniif fakkeenya kaasuun ibsaa.

Faayidaa sirna dimokiraasii keessaa inni tokko garaagarummaa hawaasa gidduutti calaqqisan waldandeessisuu fi walitti araarsuun sirna bulchu ta'u isaa dha. Garaagarummaan sabaaf sablammii Itoophiyaa gidduutti mula'tan bu'uura guddinaatti malee garaagara kan facaasuu fi wal dhabbiinsaaf ka'umsa akka hin taane adda baasanii hubachiisuun barbaachisaa dha. (Faayida qabeessa dha).

Yaada kan ilaalchisee kitaaba barataa boqonnaa sadii keessatti walqixxummaa irratti ibsa kennname ilaaluun ni danda'ama.

Guduunfaa

- Kutaa barumsa kana keessaa beekumsa barbaadamu argachuuf dhabuu isaanii gaaffii kaasuun mirkanoeffachuun barbaachisaadha. Kutaa barumsichaa keessatti qabxiin barattooti yaada gahaa irratti kennuu qaban kanneen armaan gadiitti.
- Garaagarummaa saboota, sab-lammoottaa fi ummata Itoophiyaa gidduutti mul'atu ibsuun irraa eegama.
- Garaagarummaan calaqqisu kun walitti dhufeenyaa ummata jidduutti cimsuu kan danda'u ta'u fakkeeyaan deggeruun akka isban barbaachisa.

1.4 Imaammata Biyya Alaa (*Wayitii 2*)

Qophii daree: Meehsaalee deggesa barnootaa

- Heera Mootummaa Federaalaa

1.4.1 Hariiroo Itoophiyaan Biyyoota Ollaa Waliin Qabdu

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Kaartaa Afriikaa dabtara isaanii irratti kaasuun biyya ollaa Itoophiyaa ta'an haa barreessani.
- Walitti dhufeenyi Itoophiyaan biyyoota kanaa waliin qabdu maal irratti hundeffame?
- Gaaffilee ka'umsaa kana haala qajeelfama isaati dhuunfaan akka hojjetanii fi yaada itti dhaga'ame akka barreessan taasisaa.
- Deebii isaanii hiriyoota isaaniiti akka himaniif kanneen murtaa'aniif carraa kenna.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

Maatiin isaanii ollaa isaanii waliin walitti dhufeenyi qaban bifa maalii akka qabu akka yaadatan taasisuun yaadolee kennaman ijoo barumsichaa waliin wal simsiisuun gara mareetti seenuun ni danda'ama.

Gocha

Gilgaalicha maatii isaanii waliin maree taasisuun akka hojjetaniif hojii manaa kennaafi. Deebii argatan daree keessatti akka dhiyeessan barattoota muraasaaf carraa kennuu. Barsiisaan bifa salphaa ta'een amaloota ollaa gaariif barbaachisu gaafichaaf deebii kennamee fi yaada kenname sirreessuuf itti fayyadama.

Isaan keessaas fakkeenyaaf: wal kabajuu, wal danda'u, faayidaa ummataa kabachiisuu, waldhabdee karaa nagaa hiikuu, rakkoon umnaa olii yoo mudate karaa seeraa furmaata argachuuf yaaluu dha. Waliigaluu, wal deggeruu fi walgaraaruun biyyi keenya biyyoota ollaa waliin walitti dhufeenyi qabduun poolisii gaggeessitu ta'uun beeksisaa. Naanna'ee naanna'ee biyyi keenya biyyoota ollaa waliin sirni isheen hordoftu seeraa fi poolisii keessatti kan ibsame ta'uun beeksisaa. Fkn Heera keessatti keewwata "86" irratti kan taa'an agarsiisuun ni danda'ama.

Hariiroo Itoophiyaan Biyyoota Ollaa Waliin Qabdu

Itoophiyaan biyyoota ollaa waliin walitti dhufeenyi qabdu cimsuuf poolisiin isheen hordoftu hiyyummaa fi boodatti hafummaa keessaa kan ishee baasuu dandeessisu tooftaa adda addaa cimsuu irratti kan hundaa'ee fi Nageenya naannoo eegsisuu irratti kan xiyyeffate dha. Sochii daldala guddisudhaan walitti hidhamiinsa daldala cimsuu irrattis akka xiyyeffatu ta'ee kan bocame dha. Misooma bu'uura, Daandii babal'isuu, teknolojii haaraa gara biyya keessaatti galchuu dhimmoonni ilaallatan hunda irratti Itoophiyaan kallattii isheen irratti xiyyeffattee biyyoota ollaa waliin walitti dhiyeenya uumtu dha. Kunis Abbootii qabeenyaa gara biyya keessaatti afeeruun hojii Investimentii babal'isuuuf yaaliin godhamaa jiru yeroo gara yerootti cimee itti fufee jira.

Walitti dhufeenyi biyyoota ollaa waliin jiru maatiin ollaa isaa waliin walitti dhufeenyi qabaachuu qabu waliin wal fakkaachuu ni danda'a.

1.4.2 Yaada Bu'uuraalee Imaammata Hariiroo Biyya Alaa Itoophiyaa

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Fakkii 1.4 Maal mul'isa?
- Fakkii irraa yaada bu'uura Imaammata Hariiroo Biyya Alaa Itoophiyaa maal akka ta'e hubachuuf ni danda'ama? Yoo hubatan Hariiroon Itoophiyaa fi Biyya alaa maal fa'i?
- Fakkii 1.4 irra ilaaluun kan hubatan dabareen haa ibsani.
- Yaadota kennaman irratti akka mari'atan haala mijeessa.
- Barsiisaan, kaayyoon ijoo fakkiwwanii misooma babal'isuuun Imaammata Hariiroo Biyya Alaa Itoophiyaa ta'uun mata-duree barumschaa waliin wal qabsiisuun gara mareetti akka seenan taasisaa.

1 SIRNA DIMOOKIRAASII

Gocha

- Maatii isaanii waliin mari'achuun akka hojjetaniif hojiin manaa osoo kennameefii barsiisaan yaadolee kana akka gargaarsaatti itti fayyadamuu ni danda'u.

Sirna dimokiraasii ijaaruu fi misooma saffisiisuun biyya keenya iyyummaa fi boodatti hafummaa keessaa baasuuf adda duree kan ta'an keessaa kan caqasamani dha. Kallattiin heera biyyattii kamiyyuu kan bocamu kaayyoolee kana galmaan gahuuf kan abjootanidha. Imaammati hariiroo biyya alaa biyya keenyaas kaayyoo kana galmaan gahuuf kan deggeran ta'eetu qophaa'e. Haaluma kanaan:

Misooma guddisuu: Kana yommuu jedhamu hirmaanna daldala biyya alaa biyya keenyaas guddisuu jechuu dha.

- Biyyi keenya galii kan irraa argatuu fi biyya alaatti ergitu guddisuu.
- Misooma bu'uuraa babal'isuun fi walitti dhufeenyi biyya keessaa guddisuu
- Dhaabilee hawaasaa, manneen barnootaa, kella fayyaa fi kkf babal'isuu
- Qotee bulaa teknoolojii amayyaatti fayyadamaa taasisuun omishtummaa qonnaa guddisuu kan jedhaman caqasuuun ni danda'ama.

Ijaarsa Sirna Dimokiraasii Cimsuu yommuu jedhamu olaantummaan seeraa kan itti mirkanaa'u, wal qixxummaan kan itti diriiru ummata uumuu irratti kan xiyyeffate yommuu ta'u bulchiinsa gaarii (itti gaafatamummaa iftooma, hirmaanna ummataa kkf) haala itti dagaagsutti kan bocame ta'uu hubachiisuu.

Yaada Bu'uuraalee Imaammata Hariiroo Biyya Alaa Itoophiyaa

Hariiroon biyya keenyaaf biyya alaa kan irratti hundaa'u heera biyya keenya keessatti kan caqasame waa'ee walitti dhufeenyi biyya alaa caqafame irratti dha. Imaammati hariiroo biyya alaa qabnu qajeelfama biyyi keenya biyyoota biroo waliin walitti dhufeenyi qabdu agarsiisa. Imaammati dimshaashaa qabnu seerota raawwiif gargaarani fi gadi fageenyaan bahaniin kan deggeramanidha. Imaammati hariiroo biyya alaa keenya sirna dimokiraasii ijaaruuf, nageenyi amansiisaa akka jiraatu taasisuuf, misooma saffisiisuuf akka deggeraniif kan bocamanii dha. Walumaagalatti Imaammati hariiroo biyya alaa faayidaa ummataa biyyaa akka kabachiisuu danda'utti kan qophaa'eedha.

Guduunfaa

- Qabxiilee kanneen kaasuun kaayyoon barnootichaa galama gahuu mirkaneeffachuuun ni barbaachisa. Kanaafis gaaffilee fi qabxiilee marii kaasuun beekumsa barattooni argatan mirkaneeffachuuun ni barbaachisa.
- Itoophiyaan biyyoota ollaa waliin walitti dhufeenyi qabdu imaammata irratti hundaa'ee fi amaal ollummaa akka hubatan mirkaneeffachuu.
- Yaada bu'uuraalee imaammata Hariiroo biyya alaa Itoophiyaa ibsuu ta'a.

Deebii Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

- | | | |
|-----------|-----------|---------|
| 1. Dhugaa | 2. Dhugaa | 3. Soba |
| 4. Dhugaa | 5. Dhugaa | |

II. Walitti Firoomsi

- | | | | |
|------|------|------|------|
| 1. C | 2. A | 3. B | 4. D |
|------|------|------|------|

III. Iddoo Duwwaa

- | | |
|-----------------|--|
| 1. Dimokiraasii | 2) Misoomaa fi ijaarsa sirna dimookiraasii |
|-----------------|--|

IV. Filannoo

- | | | |
|------|------|------|
| 1. D | 2. D | 3. D |
|------|------|------|

V. Deebii Gabaabaa

- Gaaffilee lamaaniif deebii barattoota irraa kenname kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa irratti gaaffilee caqasaman yaada bu'uuraa hundeffachuun sirreessuu.

Iddattoo Karoora Barnootaa**1.4 Garaagarummaa saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa
gidduutti mul'atu.**

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Mata duree beeksisuu Barnoota eegaluuf Fakkii ka'umsaa 1.2. ilaaluun saboota sab-lammootaa fi ummattoota jidduutti garaagarummaa mul'atu ilaachisee gaaffii dhiyaate irratti akka murtii laatan gochuu. Gara mata-duree ijooti haala akka cimsaniif yaadotaa kallattii qabsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gareenis ta'e dhuunfaan kaka'umsaaf kan beekan irratti akka yaada kennan gochuu. Yaada kenname irratti dabalata ykn sirreessa kennuu Barsiisaan yaada ka'umsaa barnootichaaf kennamu haalaan dhaggeeffachuu hubachuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Yaad-rimee kutaa barnootichaa irratti ibsa kennuu. Garaagarummaan kan ittiin ibsamu (Afaan, Amantaa, Aadaa) Waldanda'anii waliin jiraachuun faayidaa inni qabu fi yoo ta'u baate miidhaa inni geessisu irratti maree gaggeessuu. Gligaala "8" hojii mann 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kitaaba barataa irratti kennaman dubbisuun hubachuu. Hojii manaa gilgaala 8 irra kenname hojjechuu Ifa kan hin taane gaafachuu
5'	<p>Cimsuu</p> <p>Kutaa barnoota kanaaf kan dhiyaatee fi ibsa dabalataa irratti yaadolee cimsanii fi qabxiilee barbaachisan dabaluu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu yaadaan dhaggeeffachuu Ibsa dabalataa kennuu
5'	<p>Guduunfaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyaa hangam akka hubatan mirkaneeffachuu barnoota itti aanu waliin wal-qabsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada guduunfaa kennamu dhaggeeffachuu. Qabxii ijoo barnoota guyyaa gabaabinaan ibsuu.

BOQONNAA LAMA

OLAANTUMMAA SEERAAD

(Wayitii 9)

Kaayyoo Boqonnichaa: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Barbaachisummaa heeraa ni hubatu.
- Seera Kabajuu fi kabachiisuun bu'aa inni lammileef kennu ni hubatu.
- Barbaachisummaa daangaa aangoo filatamtoota ummataa fi abbootii aangoo caasa mootummaa irratti kaa'amuu qabu ni huabtu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoo Barnootichaa	Meeshaalee Deggersa
1	Heerri mootummaa maali?	<ul style="list-style-type: none">• Barbaachisummaa Heera naannolee ni ibsu.• Sirnaa fi seera aadaa fi naannoo diriirsuu irratti ga'oo guddaa akka qaban ni hubatu.• Lammien hundumtuu seera kabajuu fi kabachisiisuuf dirqama akka qaban fakkeenya ibsu.	Heera Federaalaa fi Naannoo
2	Naamusa	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa naamusaa ni ibsu• Naamusa mana barumsaa keessatti irraa eegamu ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Seera mana barumsaa• Sonawan naamusaa• Dhaabbilee fi waajjiraalee adda addaa keessatti poosteroota maxxanfaman
3	Daangaa Aango	<ul style="list-style-type: none">• Barbaachisummaa daangaa aangoo ni ibsu.• Bakka bu'oota ummataa irratti daangaa aangoo kaa'uun maaliif akka barbaachise ni ibsu	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa• Dhaabbilee fi waajjiraalee adda addaa keessatti poosteroota maxxanfaman
4	Icitii	<ul style="list-style-type: none">• Iccitii hiriyyaa baasuun miidhaan inni fidu ni ibsu	
5	Maalammalt ummaaa	<ul style="list-style-type: none">• Itti gaafatamummaa isaanii kan dagatan bakka bu'oota ummataa fi abbaa aangoo mootummaa irratti tarkaanfi malaammaltummaa irratti fudhatamu ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Dhaabbilee adda addaa fi waajjira mootummaa (kommishinii Naamusaa fi Farra Maalammaltummaa Federaalaa) tti poosteroota maxxanfaman.

2 OLAANTUMMAA SEERA

2.1 Heerri Mootummaa Maali? (Wayitii 2)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Heera mootummaa Federaalaa fi heera mootummaa naannoolee.

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Waa'ee heera Federaalaa fi heera mootummaa naannoo baratani kan turtan keessaa maal baratan? Walitti dhufeenyaa maal qabu?
- Dhuunfaa isaaniitti gaaffii ka'umsaa irratti yaada qaban akka ibsan barattoota muraasaaf carraa kennuu.
- Gaaffichi cimuu waan danda'uuf yaadolee caqasaman bifa barnooticha eegaluu dandeessisuun kallattii qabsiisuu.
- Gaaffichi dadamaqsuuf waan dhiyaateef barsiisaan sirreessuf ibsa baay'ee hin barbaachisu. Haa ta'u malee hubannoof yoo barbaachise

Marii gareef deebii akka ta'uuf yaada kenname ilaala

Gocha

- Mana isaaniitti akka hojetaniif gilgaala kennaafi. Deebii kenname sirreessuuf kanneen armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.
1. Heerri mootummaa kallattii adda addaatiin kan hiikamu yoo ta'e iyyuu bu'uura kan ta'an keessaa kanneen itti fufan ni caqasamu.

Heerri Mootummaa

- Heera mootummaa federaalaa fi mootummaa naannootiif seera oli aanaa yommuu ta'u biyya keessatti ykn naannoo keessatti seerota, dambii fi qajeelfamootaaf waan ta'e tajaajila.
 - Aangoo fi itti gaafatamummaa abbaa aangoo mootummaa, daangaa aangoo isaanii ifatti adda baasee ni kaa'a.
 - Ijaarsa sirna siyaasa caasaa mootummaa biyya tokkoo, qabanna aangoo mootummaa, waa'ee dhimmoota filannoo; mirgaaf dirqama lammilee murteessa.
 - Walitti dhufeenyaa lammilee fi mootummaa jidduu jiru fi kkf ibsa.
2. Kallattii Siyaasa mootummaa biyyattii, hawaasummaa fi dinagdee akkasumas Imaammata hariiroo biyya alaa, mirga namummaa fi dimokiraasii kan seerota ilaallatan fi kkf walitti qabee ibsa.

Kitaaba barataa keessatti kan caqasame fi olitti gocha keessatti kan kenname bu'uura godhachuun barnooticha golabuun ni danda'ama.

2.1.1 Barbaachisummaa Heerota Naannoo

Gaaffii Ka'umsaa

- Naannooleen Heera mataa isaanii qopheeffachuun maaliif barbaachise?
- Ka'umsa ykn yaada dadamaqinaa irratti gareedhaan akka mari'atan taasisaa.
- Gareen murtaa'an yaada murtoo irra gahan kanneeniif akka ibsan taasisaatii gara barnoota ijooti seenaa.

Gocha

- Gilgaala kana barattoot dhuunfaan akka hojjetan hojji manaa kennaafi.

1. Ofiin akka of bulchan, Bulchooti ummati filatan dhiyootti bulchuuf haala qabatamaa isaanii irratti hundaa'uun seerota tokko tokko qopheessuuf, Aadaa fi dudha isaanii gabbisuuf, qabeenya isaanii bulchuuf, guddisuu fi itti fayyadamuuf, daa'imman afaan dhalootaan akka baratan dandessisuuf haqqummaa fi tajaajila bulchiinsaa dhiyootti akka argatan gochuuf dha. Hirmaannaan hawaasaa dhimma hawaasumama fi dinagdee keessatti guddisuuuf.
2. Olitti gaaffii Lakk. 1 irra yaadni taa'e gaaffii sirreessuuf oolu ni danda'a. Kana irraa yaadonni adda ta'an yoo calaqqisan akkuma haala isaatti heerota naannoolee hubannoof ilaaluun ittiin sirreessuun ni danda'ama.

Hojii Garee

Hojii garee kana barattoota 3-4 tin ijaaruun gabaasa garee akka dhiyeessan osoo ta'e. Tarrii gabaasi garee kan wayiti adda birootti dhiyaachuu ni danda'a. Dubbiin ijoo hojii garee irraa deebii dhugaa irraa faayidaa argamuuf gatii kennuufi dha. Barattoota hojii garee hin dhiyeessiniin gara fuula duraa dabareen akka dhiyeessaniif kan kennamuuf ta'uu ibsuufi. Gabaasa dhiyaateef yaada sirreessaa dhiyeessuu.

Haala kanaan biyyooti tokko heera tokkoo oli akka qaban beeksisa. Biyyooti heera tokkoo oli qaban kun caaseffamaa mootummaa federaalaa kan hordofan akka ta'an ibsaa.

Caaseffamni mootummaa biyya keenyaa Federaalawaa fi heera tokkoo oli akka qabu ibsaa. Innis naannooleen salgan heera mataa mataa isaanii kan qabanii fi Mootummaan Federaalaa heera tokko qaba. Walumaagalatti biyya keenya keessa heera mootummaa kudhan jira. Haa ta'u malee heerota naannoolee salgan fi heerri ol'aanaa heera federaalaatti, Bu'uura kanaan heerri naannoolee hundaa heera Federaalaa waliin kallattiin walitti dhufeenya kan qaban ta'uu qabu. Heerri naannoolee qabiyyeen of keessatti qaban heera Federaalaa waliin kan mormu ta'uu hin qabu. Qabxiilee keessatti caqasaman keessaa tokko yoo kan mormu ta'e qabxiin sun keessaa haqamuu qaba. Kanaaf heerri naannoo fi kan Federaalaa walitti dhufeenya akkanaa kan qabuu ta'uun ibsamee gabaasni isaanii irratti bifaa salphaa ta'een sirreeffamni oso itti kenname.

2 OLAANTUMMAA SEERA

Barbaachisumama Heera Naannolee

Biyya keenya keessa heerri mootumaa baay'een akka jiru hubachiisuu barbaachisa. Sababii isaa caaseffamni mootummaa nuti hordofnu sirna federaalaa waan a'eef naannoleen hundi heera mataa isaanii ni qabu. Naannoleen heera mataa isaanii kan qabaatanifi (kan isaan barbaachiseef) kabajamuu mirga sabootaa) sabaaf sablammii fi ummataaf faayidaa guddaa waan qabuufidha. Haaluma kanaan heerri naannolee mirga walqixxummaa mirkaneessuu tokkummaa ummataa ni cimsa. Badhaadhummaa biyyaa, nageenya mirkaneessuu fi sirna dimokiraasii dagaaguuf bu'uura ta'a. Dabalataanis armaan olitti gocha barnoota 2 Lakk. 1 irratti kan ibsame ilaala.

2.1.2 Gahee Damboonni Aadaa Naannoo, Seera Kabachiisuu Keessatti Qaban

Gaaffii Ka'umsaa

- Dambiin aadaa naannoo jiraachuu maaliif barbaachise?
- Gaaffii ka'umsaa kana irratti dabareen yaada haakennan.
- Waldhabiinsa naannoo isaaniitti ka'u dhabamsiisuuf tooftaan itti fayyadaman kaasuun gara yaaada ijootti haa seenan.

Gocha

- Gilgaala isaa maatii waliin akka hojjetaniif hojji manaa kennaafii. Fooyee kan qaban sadii filachuun dare keessatti akka dhiyeessan taasisaa. Gaaffilee lama sirreessuu yaadolee kana fayyadamuu danda'u.
- Naannoo isaaniiti walitti bu'iinsa umamu tasgabbeessuuuf aadaatiin maal akka fayyadaman fakkeenya kaasuun haa ibsan. Kanneen armaan gadii fayyadamuu ni danda'a.

Ga'oo Dambiin Aanaa Naannoo Seera Kabachisiisuu Keessatti Qabu

Seera keessatti rakkoo ummata keessa jiru hunda kan ittiin ittisamu yaadiif deemsi hundi caqasameera jechuun hin danda'amu. Heeraa fi seera tumame ibsameen alatti waldhabdee fi walitti bu'iinsa ummata keessatti calaqqisan hiikuuf kan gargaarani fi bu'a qabeessa kan ta'an seeroni aadaa ni jiru. Isaan keessa caqasuufi jaarsummaa, tokkummaa maatii, afooshaa fi kkf ta'u. Isaan kana fayyadamuu baasii fi yeroo ni quidata. Yeroo gabaabaa keessatti furmaata argachuuf gargaara. Kanaaf barattooti walitti bu'iinsi uumamaa fi waldhabdeen hundi mana murtii fi waajjira poolisii qofti akka hin hiikamne beekuu qabu. Wanti ijoon garuu dambiin kun fi deemsi isaa heera mootummaa keessatti kan ta'ee waliin kan walmormu ta'uu hin qabu.

2.1.3 Seera Kabachiisuu Dhabamuun Miidhaa Inni Lammii Irraan Geessisu.

Gaaffii Ka'umsaa

- Seera kabachiisuu dadhabuun miidhaa maalii fida?
- Barattooti gareen akka irratti mari'atan yeroo gabaabaa kennaafi.

2 OLAANTUMMAA SEERA

- Yaada itti waliigalan bifa gabaasan akka dhiyeessan taasisa.
- Seera kabajuu dhabuun mana barumsaatti.

Naannoo mana jirenyaatti, dhuunfaanis ta'e gareedhaan miidhaa geessisuu danda'au kallattii qabsiisuun gara barnoota biraati darbuu barbaachisa.

Gocha

- "Seera fakkeessaa" barreeffmaa jedhu bu'uura godhachuun gilgaalicha manatti akka hoijetan taasisaa. Deebii kennaman sirreessuuf akka gargaarutti kanneen armaan gadii ilaala.

1. Seera daree kan itti walii galan barattoot hundi akka kabajan taasisuu. Haa ta'u malee seericha qindeessuun itti gaafatamummaa kan qabuu fi rakkoon humna oli yoo mudate gabaasa gochuu kan qabu Musee daree dha. Dabalees barsiisaan haala isaa dhiyeenyatti hin hordofiin hafe komatamaa dha. Barattoot daree hanqinoota mulata'an barsiisotaa fi gaggeessitoota mana barumsaatti himuutu irra jira.
2. Barsiisaan hayyuu daree hordoffii barbaachisu taasisuu qaba. Rakkoo barattoota irratti calaqqisu yeroon akka sirreeffaman taasisuu qaba. Eenyumtiyyuu itti gaafatamummaa itti kennamu attamiti bahuun akka itti jiru hubachiisuun gilgaalicha isaa xumuruu.

Gocha

Gilgaalicha daree keessatti dhuunfaan akka dubbisani, akka hoijetani fi gabaasa taasisan carraa kennaafi. Yaadolee kennamani irratti mareen haa taasifamu. Gaaffilee ka'aniif sirreessuuf gargaaru kan danda'an,

- Gochaa fi amaal nama biroo irratti yaada komii kaasuu dura gocha kana ofi raawwachuu nan danda'amoo miti kan jedhu yaaduun barbaachisa ofii keenya namoota birootiif fakkeenya ta'uutiin gochaawan fafee ta'an raawwachuu irraa of quisachuu keenya mirkanoeffachuu qabna.

Gocha

- Gilgaalicha manatti hoijetanii akka dhufan osoo ta'e.

1. Rakkoon baay'ee bal'aa ta'e ni mudata. Kitaaba barataa keessatti ibsa kenname ilaala.
2. Itti gaafatamummaan mootummaa inni ijoon seera kabachiisuu dha. Dhaabbileen mootummaa adda addaa seeera kabachiisuu ifti gaafatamummaa qabu jechuu dha. Kana irra darbee tokkoon tokkoo lammii biyyaa seera kabajuu fi kabachiisuu ga'oo inni qabu guddaa ta'uu barattoot akka hubataniif fakkeenya qabatama naannoo waliin wal-qabsiisuun ibsa kennaa.

Seera Kabachisiisuu Dhabamuun Miidhaa Inni Lammii Irraan geessisu

Seera kabachisiisuu dhabuuun miidhaa hedduu geessisa. Duraan dursa kanneen itti fufan ni caqasamu. Mirga qabeenyaa horachuu fi itti fayyadamuu dhorkata. Mirgaa fi kabaja lammilee dhorka. Jirenya guyyaa guyyaa nagaan raawwachuun gonkuma hin yaadau. Walumaa galatti sirni tasgabbii dhabuu seera ala ta'uun ni babala'ata. Qabeenyaa ni saamama, ni bada, ol- aantummaan seeraa ykn kabajamuun seeraa hin jiraatu. Fakkeenya biyya ollaa kan taate Somaaleen haala isheen keessa jirtu caqasuun ni danda'ama. Seera kabajuu fi kabachiisuun ga'oo lammilee hundaatti. Barattooti haala kam keessatti seeraa fi dambii kabajuu akka amaleeffatan taasisuu qabna. Namooti biroos akka kabajan taasisuu keessatti iddo guddaa akka qaban hubachiisuudha. Yoo kana hin taane rakkoo mudachuu danda'an tilmaamuun rakkisaa akka ta'e hubachiisu.

Guduunfaa

Qabxiilee ijoo kutaa barnoota kanaa bifaa salphaa ta'een kaasuudhaan beekumsaa fi hubanoo gahaa argachuu isaanii mirkanoeffachuun gaariidha. Tarii hubannoonaan isaan kutaa barnoota kana keessaa yaadolee ijoo irratti qaban sadarkaa eegaman gadi yoo ta'e gara barnoota haaraatti osoo hin darbiin irra deebii taasisuu ni barbaachisa.

- Maalummaa heera mootummaa ibsuu isaanii
- Barbaacsiummaa heera naannolee ibsuu isaanii
- Dambiin aadaa naannoo seera kabachiisuu keessatti qabu hubachuu isaanii.
- Seera kabajuu dhabuus ta'e kabachiisuu dhaabuun lammilee irratti miidhaa inni geessisu haala gaariin hubachuu isaanii mirkanoeffachuun gara barnoota mata-duree itti aanutti darbuu barbaachisa.

2.2 Naamusa (*Wayitii 2*)**Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa.**

- Barreeffamoota, baruulee, Biirroo-sherii fi waraqaa mootummaa fi dhaabbilee miti mootummaatiin (Farra maalammaltummaatiin) qophaa'an

2.2.1 Naamusi Maali?**Seensa****Gaaffii ka'umsaa**

- Fakkii irratti Gochaalee maal maal argitan?
- Isin gocha isa kamitti yoo hirmaatan gammaddu?
- Kitaaba barataa kessatti fakkii kenname yaadan akka ilaalan yeroo kennaafii.
- Naamusa waliin wal qabsiisanii yaada akka kennan taasisaa.
- Gochaawan gaggaarii hanga yoonaatti raawwatan akka ibsan carraa kennaafii.

Gocha

- "Bu'aa naamusa gaarii" kitaaba jedhu bu'uureffachuun gilgaala isaa manatti akka hojjetan haa kennamuuf.

Deebii barattooti kennan qabxiilee kanneen waliin ilaaluun ni danda'ama.

1. Naamusa mana barumsaa kan kabaju ta'uu. Barataa carraaquu fi qaxalee ta'uu waliigalatti mana barumsaa fi naannooti amaal gaarii qabaachuu
2. Naamusa gaarii qabaachuun jalqaba ofumaaf, dabalees maatii fi biyyaaf faayida qabeessa akka ta'e hubachiisuu.

Yommuu sirreessuu amalaa fi gocha galateeffachuurra kan darbe amma ofii akka ilaalan itti haa himamu.

Gocha

- Yaadolee unka keessatti caqafaman gareen ta'anii daree keessatti akka irratti mari'atan taasisuu. Deebii isaaniitiif sababa haa dhiyeessani. Himoota adda addaa garee adda addaatiin akka dhiyaatu carraa kennaa. Deebii kennaman irratti warra kaani irra deggersa ykn mormmii gaafadha. Yaadolee irratti mari'adhaa. Dhuma irrattis sirreffamni itti kennamee ibsa ofii itti kennaa. Naamusi maali?

Naamusni bara duriitti kaasee waa baay'ee kan itti jedhamee fi irratti barreffame damee barnootaa fi damee beekumsaatti. Naamusi haala keessatti maal gochuu akka qabnuu fi gochuu hin qabne kallattii kan agarsiisu meeshaa amaala gaarii agarsiisudha. Naamusi namoonni gocha mataa isaanii fi kan namootaa sirrii ykn sirrii miti jedhanii madaallii ittiin fayyadamanii ta'es ni fudhatma. Namooti umurii kamuu keessatti guyyaa guyyaan gochaalee adda addaa ni raawwatu.

Kanaaf barattooti ijoollummaa isaanii eegalanii gochaaleen dubbataniif raawwatan namoota hedduu biratti faayida qabeessaa fi kan deggeraman ta'uu isaa mirkaneeffachuun qabu. Mataa isaanii fi namoota biroo **Gocha** miidhuu danda'an irraa fagaachuu isaanii yeroo gara yerootti hubachuun akka qaban beekuu ni barbaachisa.

2.2.2.Naamusa Mana Barnootaa Keessatti Barataa Irraa Eggamu

- Naamusni mana barnootaa keessatti barataa irraa eegamu maali?
- Ijoo barumsichaa eegaluuf barattooti mana barumsaa naamusa hordofuu qaban haalaan akka ibsan carraa kennaaifi.
- Yaadolee ka'an irratti maree akka gaggeessan taasisaa.
- Yaadolee ijoo ka'an cimsuun barnoota eegaluuf haala mijeessuu.

Gocha

Gilgaalota gareen qoqoodamanii daree keessatti akka hoijetan taasisaa.

Deebii gaaffilee hundaa daree keessatti akka dhiyeessan taasisuu. Barsiisaan qabxiilee kana sirreessuuf itti fayyadamuu ni danda'a.

1. Barattoot qabeenyaa mana barumsaa fayyadamuu ilaachisee yaadolee sirreffama Barbaachisu akka sirreffamu taasisuu. Haala barbaadameen yoo itti hin fayyadamne miidhaa gahu hubachiisuun ni barbaachisa.
2. Naamusa daree fi mana barumsaa kabajuu, qulqullina isaanii eeggachuu, barnoota isaanii seeraan hordofuu, Qabeenyaa mana barumsaa haala gaariitiin eeguu fi itti fayyadamuu fi kkf dha.
3. Qabxiilee fi yaadolee adda addaa caqasuu ni danda'u. Barttooti gara fuula duraa biyya kana abbummaan kan fudhatan, gaggeessitoota biyyaa, qorattota, barsiisotaa fi kkf ta'uu isaanii hubachiisu. Kanaaf, ga'umsa barnoota qalamaa qofa osoohin taane naamusa gaariis qabaachuu akka qaban hubachiisuun ni barbaachisa. Inni kun hawaasaaf kan yaadan, guddina biyyaaf kan quuqaman, dimokiraasiifi mirgooti namummaa kabajamuu isaatiif kan tattaafatan akka ta'an isaan
dandeessisa. Beekumsaa fi qabeenyaa ofiitiin guddachuuf akka hoijetan isaan taasisa.
4. Maatiin bu'ura hawaasaati. Maatiin ijoolee isaanii naamusa gaariitiin guddisuuf itti gaafatatummaa guddaa akka qaban hubachiisu. Haala kanaan maatiin ijoolee isaaniitiif fakkeenyaa gaarii ta'utti irraa eegama. Hanga humni dandeessisetti ijoolee kunuunsuu, gorsuu fi barsiisuuti irraa eegama. Hanga humna isaanii hojii akka deggeran fi faayidaa hojii akka beekan gochuuf itti gaafatatummaa qabu. Maatiin ittigaafatatummaa kana bahuun lammii gaarii horachuu keessatti ga'ee guddaa akka qaban hubachiisu. Barattootis kana beekanii gorsa maatii fi dheekkamsa maatii fudhatanii hojii irra oolchuu akka qaban hubachiisu.

Naamusa Mana Barnootaa Keessatti Barataa Irraa Eegamu

Ijooleen ykn barattoonni iddoon naamusaan itti gauddatu keessaa tokko mana barumsaatti. Manni barumsaa iddo itti barattoonni dandeettii fi ga'umsa itti guddifatan qofa osoo hin taane naamusa gaarii iddo itti gabbifatani dha. Naamusi inni guddaan namni kami iyuu jirenyaa isaa guyyaa guyyaa keessatti gocha inni raawwatu ta'uu hubachuu dha. Naamusi jirenyaa waliin kan walitti hidhame dha.

Haala kanaan barattootis mana barumsaa keessatti kan isaan raawwatan seera dhaabbataa fi biyyaa kan kabajan akka tahan qajeelchuu barbaachisa. Manni barumsaa jirenyaa mataa isaa kan fooyyessu amaal gaarii akka gonfate, biyya isaa, lammii isaaf kan quuqamu iddo itti omishamu ta'uu cimsinee fakkeenyaa ibsuufiin gaariidha.

Guduunfaa

Barattooti yaadolee bu'uuraa hordofan haalaan hubachuu isaanii gaaffii fi deebiidhaan mirkaneeffachuu barbaachisa. Haala kanaan barattooti kutaa barumsaa, kana keessaa:-

- hiika naamusaa haalaan hubachuu isaanii
- naamusa mana barumsaa keessatti irraa eegamu hubachuu fi ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa.

2.3 Daangaa Aangoo (*Wayitti 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Heera mootummaa (keessummaa Heera Mootummaa Itoophiyaa)
- Seera mana barumsaa
- Seera itti bulmaata gummi

2.3.1 Daangaan Aangoo Maali?

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Ganda ykn aanaa keessanii filatamaa ta'ee aangoo isaaf eeyyamamee ala hojjete jedhamee namni himatame jiraachuu dhageessanii beektu?
- Gocha akkasii irratti nama hiriire (nama hirmaate) irratti tarkaanfii maaliitu fudhatama jettu?
- Barattota gaaffilee ka'umsaa irratti muuxannoo fi kan dhaga'an yoo jiraate akka ibsan haa ta'u.
- Iddoo xabiisaa, mana barumsaa, daree keesatti seera akka kabachiisan, aangoo seeraa ala itti fayyadamuu isaaniif, tarkaanfiin kan itti hin fudhatamiin hafan yoo jiraate akka ibsan gaafachuun gara maree ijooti seena.

Gocha

- Barattooti maatii isaanii waliin mari'atanii akka deebisan hojii manaa kennaafi. Deebii kennaman irratti maree gaggeessa. Qabxiileen kana deebii kenname sirreessuuf itti fayyadamaa.
1. Aango fi itti gaafatatummaan namaaf yommuu kennamu namoota biroo akka itti miidhani fi biyya irras miidhaa akka geessisanii osoo hin taane hojii isaanii seeraaf dambii hordofanii akka hojjetan ta'uuf akka ta'e beeksisu.
 2. Rakkooleen adda addaa mudachuu akka danda'u fakkeeya dhiyeessuu. Fakkeenyaaf olaantumama seeraa kan jedhamu ni bada. Qaamoleen iddo gaggeessummaa jiran waan fedhan akka hojjetanii fi haqa akka jal'isan taasisa. Qabeenyaan ummataa fi mootummaa akka saamamu daandii saaqa. Hojimaata loogii qabu babal'isuu nageenyi hawaasaa rakkoo keessa akka bu'u taasisa.

2 OLAANTUMMAA SEERAAN

Daangaan Aangoo Maali?

Amaloota ykn mallattoolee sirna dimokraasii kanneen ta'an keessaa abbaa Aangoo mootummaa fi hojjetoota mootummaa seeraa fi dambiitiin ibsamee ykn safaramee kennamuun isaa tokko dha.

Kun daangaa aangoo ibsa. Daangaan aangoo kan barbaadamu qaamni aangoo kennameef qabeenyaan ummataa akka hin saamamne, uummati akka hin miidhamne, akkasumas aangoo keennameefitti kan hojjetuu fi hojjechuu kan qabu ifatti akka beeku gochuufi dha. Haala kanaan yakki yoo raawwatame eenu akka itti gaafatamu beekuu dandeessisa.

2.3.2. Barbaachisummaa Daangaa Aangoo Filatamtoota Ummataaf Kaa'uu

Filatamtooti ummataa Eenu fa'i?

- Filatamtoota ummataa maatii fi ollaatti beekan yoo jiraate akka fakkeenyaati haa caqasan.
- Yaadotaa kennaman irratti sirreffama barbaachisu fi maalummaa filatamtoota ummataa ibsa kennun gocha itti fufutti seenu.

Gocha

- "Oftuulummaa obbo Mulaatuu "kan jedhu dubbisa gabaabaa gareetiin gargaar qooddatanii daree keessatti akka dubbisani fi gilgaala akka hojjetan haa ta'u. Barsiisaan deebii kennaniifii gochaawan itti fufan haa raawwtan.

Gaaffii Lakk. 1-3 tti jiran haala dubbisa isaatiin sireeffama taasisuu. Haala daanga aangoottiin Obbo Mulaatuun aangoo gadi hin lakkisu jechuun isaa sirrii akka hin taane beeksisu.

Gaaffii Lakk. 4 Muuxxannoo barattootaa bifa ibsuun kan dhiyaate waan dhiyaateef muuxxannoo fooyya'aa kan qaban yoo jiraatan warra kaaniif akka dabarsan taasisuu.

Gocha

- Gilgaala irratti daree keessatti akka mari'atan taasisaa. Bifa salphaa ta'ee n sirreffama taasisaa.

Barbaachisummaa Daangaa Aangoo Filatamtoota Ummataaf Kaa'uu

Filatamtoota uummataa jechuun dhimmoota adda addaa akka raawwataniif namoota isaan filatan jechuu dha. Haala kanaan fakkeenyaaf nageenya naannoo, hojii misoomaa akka qindeessaniif kan filataman bakka bu'ooti ummataa ni jiru. Gandatti. aanaatti, naannoo fi mana marii federaalaatti ummataa kan bakka bu'ani dha.

Bakka bu'ooti ummataa aangoo kan kennameef adaraa fi amanamummaan waan ta'eef aangoo kennameef kana seeraan ala akka itti hin fayyadamne daangaan aangoo ni jiraata.

2 OLAANTUMMAA SEERAAN

Kunis warra kaanirratti loogii fi miidhaa akka hin geesisne gargaara. Mirgi lammilee akka hin sarbamne taasisa. (Armaan olitti kan caqasaman lakk. 1-3 jedhu keessatti lakk. 2 waliin qabxii jiruu waliin walitti fiduun ni danda'ama.)

Guduunfaa

- Kutaa barnootaa kana keessaa beekumsa argachuu fi dhabuu isaanii gaaffii gaafachuun milkaa'ina isaa mirkaneeffachuu barbaachisa. Kutaa barnootaa kana keessaa xiyyeeffannaa argachuu kan qabanii fi barattooti yaada gahaa kan itti kennuu maalan kanneen armaan gadiiti.
- Maalummaa daangaa aangoo hubachuu isaanii
- Filatamtoota ummataa irratti daangaa aangoo kaa'uun barbaachisaa ta'uun ibsuu danda'uun isaanii mirkaneeffachuu.

2.4 Iccitii (Wayitii 1)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Priinsipiloota naamusaa 12
- Kakuu

2.4.1 Iccitii Hiriyyaa

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Iccitii hiriyyaa yommuu jedhamu maal hubatu?
- Hiriyyaa keessanii waliin iccitiidhaan maree gaggeessitanii beektuu?
- Hiriyyoota gidduutti iccitii jedhamee qabamuu kan qabu maali dha?
- Gaaffilee ka'umsaa kana irratti walitti qabaatti yaad-rimee iccitii hiriyyaa waliin walitti qindeessuun akka irratti mari'atan taasisaa.
- Waa'ee iccitii hiriyyaa ibsa taa'e yaada keessa galchuun gara gocha itti aanutti haa seenamu.

Gocha

- Walaloo kennname gareedhaan akka hojjetan carraa kennaafi. Deebii argatan gareen muraasni warra kaaniif akka dhiyeessan taasisaa. Qabxiilee dhiyaatan irratti muuxannoo dhuunfaa irraa ka'uun haala ijooleef ta'utti sirreffamni haa kennamuuf.

Gocha

Gilgaalicha maatii isaanii gaafachuun akka deebisan hojii manaa kennaafii. Gareen murtaa'e warra kaaniif akka dhiyeessan deebii gaaffii tokkoof carraan haa kennamuuf.

- Dubbiin ijoo barattooti haala kam keessattiyuu amala iccitii hiriyyoota isaanii eeguu dandeessisu cimsuu dha. Iccitii eeguu dhabuun rakkoo inni geessisuu danda'u hubachuu dandeessisu dhimma biroo ilaalamuu qabu dha. Haa ta'u malee gocha fafee

2 OLAANTUMMAA SEERAAD

iccitii dha jedhanii dhoksuun sirrii akka hin taane hubahiisuun ni barbaachisa. Kana irratti isa itti fufu ibsuun barbaachisaa dha.

Iccitii Hiriyyaa

Iccitii eeguun amala lammuin gaarii tokko ittiin beekamu dha. Haala adda addaa keessatti dhimmoonni iccitii ta'an beekamuu kan danda'an yommuu ta'u, kana kessaas iccitiin hiriyyaa isa tokko dha. Bu'uura kanaan haala kam keessattiyuu iccitii hiriyyaa maal na dhibdeedhaan firfirsuun hin barbaachisu. Iccitii eeguun kan barbaachisuuf dhimmi iccitii yoo firfirmsame mataa ofii irrattis ta'e kanneen biroo irratti rakkoon adda addaa gahuu ni danda'a.

Namni iccitii firfirse baase amanamummaa fi ulfina isaa baay'isee ni diiga. Naana'ee naanna'ee iccitii eeguun ijoollummaatii eegalee amala gaarii cimuu qabu dha.

Guduunfaa

Kutaa barnoota kanaatti yaadolee gurguddoo bifa gaaffiitiin kaasuudhaan barattoot hubannoo fi beekumsa eegamu argachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Kutaa barnootaa itti aanutti yaadolee gurguddoo keessatti qaawwi yoo mul'ate gara kutaa barnootaa itti aanutti osoo hin ce'iin irra deebii taasisuun ni barbaachisa.

- Maalummaa iccitii hiriyyaa beekuu isaanii
- Iccitii hiriyyaa eeguun faayidaa inni qabu hubachuu isaanii
- Iccitii hiriyyaa firfirmsanii baasuun miidhaa inni fidu hubachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisa.

2.5 Malaammaltummaa (*Wayitii 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Komishinii naamusaa fi farra maalammaltummaatiin baruulee rabsaman.
- Hojii miidiyaa gochaalee maalammaltummaa calaqqisiisan

2.5.1 Maalummaa Malaammaltummaa

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Namooti fakkii irratti argitan maal hijkeehaa jiru?
- Namooti murtaa'an gocha hawaasa miidhu yoo raawwatan maal gootu?
- Gaaffilee ka'umsaa waliin wal smsiisuun waa'ee maalummaa maalammaltummaa yaada qaban akka ibsan barattoota murtaa'aniif yaada kennaa.
- Yaadolee ka'an irratti akka yaada kennan gaafachuun
- Dhumarrattis maalammaltummaa ittisuuf deggersa hawaasaa akka barbaachisu fakkii ibsu ta'uun caqasuun gocha itti aanutti seenuu.

Gocha

- “Bu’aa ishee kana” barreffama jedhu bu’ureffachuun gareen adda qoodamanii akka hojjetan haa ta’u. Barsiisaan
- Gaaffilee 1 fi 2 kallattin qabxii sirreffamama barreffamicha keessaa qopheessuu. Gaaffii lakk. 3 yaada murtoo ofii isaanii akka calaqqisiisan ni beekama. Haa ta’u malee ogummaa isaaniif amanamaa ta’uu dha. Barsiisichi ogummaa barsiisummaa kan xureessu gocha fafee raawwataniif. Kana irraa kan ka’e hojii irraa hari’amuu akka qabu murtaa’uun sirriidha.

Gocha

- Gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjetan haa ta’u. Deebii caqasamaniif kitaaba barataa bu’ureffachuun sirreffamni itti haa kennamu. Gaaffichaaf deebiin mijataa ta’e yaadi yoo argame keessumeessuun ni danda’ama. Itti fufes maalummaan maalamaltummaa irratti ibsichaa kennamu.

2.5.1 Maalummaa Malaammaltummaa

Maalammaltummaan namoota hanqina naamusaa qabaniin gocha raawwatamu dha. Maalammaltummaan qabeenyaa mootummaa fi hawaasaa karaa seera ala ta’een faayidaa dhuunfaaf ykn faayidaa birootiif hojii fafee hojjechuu dha. Barattooti gocha seeraan alaa fi fafee ta’e kana akka jibbanii fi morman asumaa achi qopheessuun ni barbaachisa. Kanaafis sadarkaan isaanitti hanqina naamusaa mul’atan yaad-rimee isaa wal qabsiisuun ibsuun ni barbaachisa.

2.5.2 Gocha Maalammaltummaa filatamtoota Ummataa fi Abbaa Aangoo

Mootummaa

- Maalammaltummaan abbootii aangoo imaanaa ummataa dagataniin akkamitti raawwatamuu danda’u?
- Aangoo ummataan nuuf kenname haala kamiin itti fayyadamuu qabnaa?
- Yaadolee dadammaqiinsaaf ta’an irrattii gareen haa mari’atan
- Yaada irratti walii galan kaneeniif haa ibsan.
- Yaada itti waliigalan erga ibsaniin booda barsiisaan yaada sirreffamama kennuu qaba.

Gocha

- Gaaffileen kun baay’ee ijoollee sadarkaa kan jiranitti cimuu ni dnada’a. Kanaaf maatii isaanii waliin mari’achuun deebii akka fidan gochuun ni wayya ta’.

Deebii barattootaa sirreessuufi hubannoof yaadolee kana ilaaluun ni danda’ama.

Filatamtoota ummataa jechuun kallattiin yeroo baay’ee ummataan filatamanii kan bakka bu’anidha. Isaanis ummataa isaan filate bakka bu’anii hojii murtaa’ee ni hojjetu. Iddoo tokko tokkotti ummataa bakka bu’anii haa taa’ani malee mindaa kan hin kaffalamneef ta’uu ni danda’ama. Yeroo tokko bakka bu’ooti uummataa kun mootummaadhaan iddo adda

2 OLAANTUMMAA SEERA

addaati muudamu ni danda'u. Haala kanaan yeroo tokkotti bakka bu'aa ummataaf abbaa aangoo mootummaa haalli itti ta'an ni jira.

Abbootii aangoo mootummaa kan jedhaman mootummaan kallattii ittigaafatamummaa tokko tokkoof kan muudama kennuufi dha. Isaanis ogummaa, dandeettii, amanamummaa siyaasaa fi ga'umsa bu'uura godhachuun yeroof ykn dhaabbataan mootummaan kan muudaman ykn kan ramadaman dha. Yeroo baay'ee abbaan aangoo kun mootummaa irraa mindaa dhaabbataa fi faayidaalee adda addaa ni kennamaaf. Abbaa aangoo erga ta'anii boodas ummati yoo itti amanee itti gaafatamummaa tokko tokkoof yeroo itti filatu ni jira. Yeroo kanatti altokkotti abbaa aangoo mootummaa fi filatamtoota ummataan ta'u jechuu dha. Abbaa aangoo mootummaa fi filatamtoota ummata keessaa itti gaafatamummaa isaanii dagatanii maalammaltummaa raawwachuu ni danda'u.

Gocha Maalammaltummaa Filamtoota Ummataa fi Abbaa Aangoo Mootummaa

Gochi maalammaltummaa abbaa aangoo olaanaatiin raawwatamu bifa adda addaa qaba.

Filatamtoota ummataa fi Abbaa Aangoo mootummaatiin kan raawwatamu maalammaltummaan qarshii kennuu fi fudhachuu irraa eegalee sirna mata'aa qofa osoo hin taanee gocha adda addaa ni raawwatu. Qabeenya mootummaa irratti saamicha raawwachuu, gocha loogii, raga sobaa fi kanneen biroo kan ittiin maalammaltummaan ifudha.

Guduunfaa

- Barattoot yaada bu'uuraa itti fufanii jiran haala gaariin hubachuu isaanii barattoota dandeetii adda addaa qaban gaaffii fi deebii dhiyeessuun mirkanoeffachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan.
- Maalummaa Maalammaltummaa kan hubatan ta'uu
- Itti gaafatamummaa isaanii kan dagatan filatamtootaa ummataa fi abbaa aangoo mootummaa gocha maalammaltummaa raawwachuu danda'an adda baafachuun isaanii adda baafachuun gaariidha.

Deebii Gaaffilee

I. ‘Dhugaa’ ykn ‘soba’

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Dhugaa

II. Iddoo dawwaa guutuu

1. Bayeessa, gaarii, misha kkf
2. Ijoollummaa
3. Seera, sirna, Dambii

III. Deebii sirrii filachuu

1. D 2. C 3. C D. B

IV. Deebii gabaabaa kennuu

Gaaffilee lamaaniif deebii kennaman kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa irratti haaluma kaa’ameen sirreessuu ni danda’ma.

Iddattoo Karoora barnootaa

2.5 Maalammaltummaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnoota wal beeksisuun Mata duree eegaluuf fakkii 2.2 fi yaada kaka'umsaaf dhiyaate ibsuutiin gara barnoota ijooti ce'uu. Barattota akka yaada kennan taasisuu 	<ul style="list-style-type: none"> Dhuunfaa ykn gareen deebii fi yaada kennname irratti maree taasisuu. Barattooti dareetti yaada dhiyeessuu. Qabxii maree kaa'uu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Yaadotaa itti fufan irratti (kutaa barumsaa fi mata duree irratti) ibsa kennuu Gilgaala 15 daree keessatti hojjechiisuu Filatamtoota ummataa fi abbaa aangoo mootummaa gidduu garaagarummaa jiru ni ibsu. Maalammaltummaa isaaniin raawwatamuu danda'an ni ibsu. Gilgaala 16 mana ofitti hojjetanii akka dhufan taasisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa isaa dhuunfaan dubbisuu Gilgaala dhuunfaan hojjechuu. Ifa kan hin taane gaafachuu Yaad-rimee irratti yaada kennun hirmaachuu Kitaaba barataa irratti ibsa kennname dubbisuu Gilgaala 16 mana ofitti hojjechuu.
5'	<p>Cimsuu</p> <ul style="list-style-type: none"> Yaadolee ibsi itti kennname bu'uureeffachuun qabxiilee ijoo kaasuun kaayyoo kutaa barnootichaa waliin wal simsiisuun hubannoo isaanii cimsuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu yaadaan dhageeffachuu ibsa dabalataa kennuu Gaaffii ni gaafatu, kan gaafatameef deebii ni kennu.
5'	<p>Guduunfaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Qabxiilee ijoo yaadachiisuun gara mata duree itti aanutti seenuu ykn wayitii qopheessuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada Guduunfaaa (Guduunfaa) ni dhaggeeffatu, yaada ijoo barnoota guyyaa gabaabinaan dubbachuu.

BOQONNAA SADII

WALQIXXUMMAA

(Wayitii 9)

Kaayyoolee Booqnnichaa: Boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Walqixxummaa fi mirgoota walqixxummaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummatoota Itoophiyaa ni hubatan.
- Hirmaanna dubartoonni misoomaa fi ijaarsa biyyaa keessatti qaban ni beekkatan.
- Mirgoota qaamaan miidhamtoonni mana barnootaa keessatti qabaachuu qaban ni hubattan.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoo	Meeshaalee Deeggersa
1	Mirgoota walqixxummaa	<ul style="list-style-type: none">• Mirga walqixxummaa fi walqixa fayyadamuu sabaafi sab-lammii fi ummataa ni ibsu.• Mirgoota walqixxummaa fi mirga walqixa fayyadamuu kabajuun faayidaa inni argamsiisu ni ibsu.• Mirgoota walqixxummaa fi walqixa fayyadamuun ni kabaju.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa naannoo fi federaalaa• Walqixxummaan kan itti ibsamu poosteroota fi suura.
2	Mul'istoota walqixxummaa	<ul style="list-style-type: none">• Aadaa sabbootaa, sab-lammii fi ummataa walqixxa akka kabajamu kanneen raawwatamuuqabu hunda ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannolee• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'en poostaroota, fakkiwwan
	Walqixxummaa saalaa	<ul style="list-style-type: none">• Misoomaa fi ijaarsa biyyaa Keessatti faayidaa hirmaannaandubartootaa qabu ni ibsu.• Mana barumsaa isaanii keessatti walqixxummaa dubartootaa ni kabaju.	<ul style="list-style-type: none">• Heeramootummaa Federaalaa fi Naannolee• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poosteroota, fakkiwwan.
4	Mirgoota qaama miidhamtooti qabaachuu qaban	<ul style="list-style-type: none">• Mirgoota qaama midhamtoonni qabaachuu qaban ni ibsu.• Mirgoota qaama miidhamtootaa ni kabaju.• Qaama miidhamtootaaaf deggersa barbaachisu ni taasisu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa Federaalaa fi Naannoo• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poosteroota, suura.
5	Barbaachisummaa kabajamu walqixxummaa Amantaa	<ul style="list-style-type: none">• Walqixxummaa Amantaa ni kabaju.	<ul style="list-style-type: none">• Heera Mootummaa federaalaa fi Naannoolee• Mul'istoota walqixxummaa poosterootaa fi suuraa

3 WALQIXXUMMAA

3.1 Mirgoota Walqixxummaa (*Wayitii 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Heera Mootummaa Federaalaa keewwata 3 fi Heera mootummaa Naannolee
- Biiroo sherii, Poosteroota, Suura.

Seensa

Gaaffii Ka'umsaa

- Naannoo keessanitti mirgoota walqixxummaa hojii irra oolaa turan fakkeenya kaasuun ibsaa.
- Naannoo isaaniitti, mana barumsaa keessatti, naannoo mana jirenyaatti mirgoota walqixxummaa mul'ataa jiran kan argisiisu fakkeenya kaasuun akka ibsan taasisaa.
- Yaadolee ka'an keessaa kan wal mariisisan yoo ta'e akka irratti mari'atan carraa kennaafi

Gocha

- Gilgaalicha daree keessatti gareedhaan (barattotoa 2-3) ta'uun akka iratti mari'atan tasisaa. Barsiisaan barbaachisaa jedhee yoo itti amane yaadolee kanneen barsiisuuf itti gargaaramuu ni danda'a.

Gaaffii 1 fi 2 walqixxummaan eegamuu kan itti mirkanoeffatan naannoo isaaniitti Fakk-enyaaf Gandatti, sektera fayyaa keessatti, dhaabbilee barnootaa keessatti walqixxummaan (afaanii, saalaa, aadaa, qabeenya quodachuu, nageenya, walqixxummaa hawaasummaa keessatti kkf) itti fayyadamuu wal qixxummaa keessatti qabatamaan akka hubatan taasisuu.

Gaaffii 3 Heera mootummaa boqonnaa 3 keewwata 25-39 tti kan jiran yaada bu'uura walqixxummaan itti ifu sirreessuuf itti fayyadamuu ni danda'ama. (Heerri mootummaa yeroo ammaa manneen barnootaa keessatti ni argama jedhameeti yaadama).

Mirgoota Walqixxummaa

Garaagarummaa amantaa, afaan, jirenya, saala, kkf waliin walqabsiisuun wal-qixxummaa mirgootaa argisiisuun ni danda'ama. Daree keessatti barattoota gidduutti garaagarummaa mul'atan agarsiisuun yaad-rimee walqixxummaa fakkeenya qabatamaatiin ibsuun ni barbaachsa. Sirna dimokiraasi heerri mootummaa fi dimokiraatawaan bu'uura irraa kan barbaachiseef keessaa inni tokko mirgoota walqixxummaa lammilee waan kabachiisuufi dha. Haala kanaan biyya keenya keesatti tarkaanfiwwan mirga walqixxummaa mirkan-eessuuf jiran ibsuun ni danda'ama.

3 WALQIXXUMMAA

3.1.1 Mirgoota Walqixxummaa fi Walqixxummaan Fayyadamuu Sabootaa, sab-Lammoottaa fi Ummattootaa

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Naannoo keessanitti walqixxummaa lammilee gochaawwan mul'isan caqasa.
- Duraan kan hubatan irraa ka'uun yaada isaanii dabareen akka kennan taasisuu.
- Gaaffiin akka naannootti adda adda ta'uu ni danda'a.
- Yaadolee kennaman gara barnootaatti seenuuf akka gargaarutti kallattii qabsiisuun ni danda'ama.

Gocha

- Gilgaala isaa maatii waliin mari'atanii akka hojetan haa ta'u. Gaaffi ka'aniif yaadolee kana ilaaluu ni danda'u.
1. Dhaabbilee hawaasummaa, bu'uura misoomaa, dhiyeessaafi goodiinsa humnaa agar-siisuu mirgi ofin of bulchan kabajamuu, amantaa fi aadaa ofitti fayyadamuu fi kkf ibsuu ni barbaachisa.
 2. Unka irratti hundaa'uun deebii isaan kennan akka qabatama naannootti sirreffama kenu. Tajaajilli hin guutamiin yoo jiraatan guutuudhaan barattootaaf kallattii hubachuu danda'aniin sirreffamni itti haa kennamu. Gara fuula duraattis barataa tokko tokko irraa maal akka eegamu bifa hubachiisuun sirreffamni itti haa kennamu.

Mirgoota Walqixxummaa fi Walqixxummaan Fayyadamuu Sabootaa, Sab-lammoottaa fi Ummattootaa

Walqixxummaa yommuu jedhu haalaa fi dhimma kamitti gonkumaa walqixxee ta'uu kan ibsu miti. Haa ta'u malee walqixxummaan gochaawwan wal madaalee hordofuu fi mirgoota bu'uuraa fi faayidaa eegsisuu dha.

Walqixxummaan mirgoota bu'uuraa lammilee kan akka saalaa, amantaa, afaanii fi kkf of keessatti hammata. Kunis ta'ee mirga walqixa fayyadamuu dhimmoonni mul'isan hundi yeroo gabaabaa sadarkaa guddina keessa jiruu fi rakkoo walxaxaa hidda gadi fageeffatee ture irraa kan ka'e yeroo tokkotti iddo hunda waliin ga'uu hin danda'amu. Keessumaa naannoo tokko tokkotti dhaabilee mootummaa tajaajila kennan barnoota gaarii mirkaneessuu irratii hedduu hojjechuu gaafata. Haata'u malee yeroo ammaa mirga walqixa fayyadamuu sabootaa, sablammoottaa fi ummatoota kabajamuu ilaachisee yaalii jiru fakkeenyaa qabatamaa caqasuun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf amantaa fi ayyaanni amantaa kam iyyuu garaagarummaa tokko malee kabajamuu, mirga dubartootaa mirkaneessuuuf tarkaanfiwwan fudhatamaa jiran, ijoolleen dhiiraa fi dubaraa walqixa ittiin barachuu, sagantaan raadiyoo afaan sabaaf sablammii darbuu, bu'uura misoomaa naannoolee keessatti ijaaramaa jiran walqixxeessuuuf yaalii jiru fi kkf dha.

3.1.2 Dhaabbilee Hawaasni Naannoo Tokko Jiraatu Waliin Itti Fayyadamu

Seensa

Gaaffiilee Ka'umsaa

- Naannoo keessanitti dhaabbilee misoomaa ummataaf faayidaa kennaajiran eeraa.
- Dhaabbileen kunniin osoo jiraachuu baatanii rakkoleen ummata qunnamuu danda'an maali?
- Barattooniyaada isaani dabareen akka ibsan haa ta'u.
- Yaadolee ka'aniif sirreffama kennuuf yaadolee kanneen ilaaluun ni danda'ama.

Dhaabbilee misoomaa ummataa kan jedhaman ummata waliin kan itti fayyadamu (dhaabbilee hawaasummaa fi bulchiinsaa) of keessatti hammata.

- Waajjirri poolisii fi manni murtii osoo hin jiraanne rakkoo attamiitu mudata ture? Faayidaa Gandi, dhaabbileen fayyaa fi manni barumsaa kennu hubachiisuun gara gocha itti aanuutti seenuun ni danda'ama.

Gocha

- Naannoo Ummattoota Benishaangul Gumuz' barreffama jedhu bu'uura godhachuun akka hojjetaniif hojiin manaa haa kennamuuf. Deebii barattootaa sirreessuuf yaadolee kana ilaaluun ni danda'ama.
1. Haala dubbisa isaatiin dhaabbilee caqasaman adda baasanii agarsiisuun ni danda'ama.
 2. Walkabajuu, mirga isa tokkoo dhiibuu dhiisuu, hojimaata dhaabbilee beekuun heeraaf seera beekuun kabajuu, loogii hambisuu fi kkf dha.
 3. Walqixxa fayyadamuu irratti rakkoon yoo jiraate haala inni itti sirraa'u diriirsuu barbaachisa.
 - Hanqinni dhaabbilee yoo jiraatan hirmaanna hawaasaatiin babal'isu.
 - Hanqinni ogeessaa yommuu mudatu haala itti hiikamu agarsiisu,
 - Farri naamusaa, loogiin, fira fi maallaqaan hojjechuu fi kkf yoo jiraatan qaama mootummaa ilaalutti beeksisuun akka sirraa'u taasisuun akka danda'amu yaada kennuu.
 4. Bulchiinsa Naannoo (Ganda, Aanaa, Zoonii kan jiran qaama seeraa, bulchiinsa, nageenya fi kkf) adda baasuun misoomaa saffisiisuuf ga'oo isaan qaban guddaa ta'uun beeksisuu.

Dhaabbilee Hawaasni Naannoo Tokko Jiraatu Waliin Itti Fayyadamu

Tajaajila adda addaa akka kennaniif qabeenya moottummaa fi ummataan dhaabbileen ijaaraman walqixxummaan lammilee kan mirkaneessan ta'uun qabu. Dhaabbileen kun bal'inaan hawaasummaa, misoomaa, nageenya fi bulchiinsa gaarii hojii irra oolchuuf dhaabbilee moottummaa hundeffaman agarsiisa. Dhaabbilee kanas kan to'atuu fi kan bulchu moottummaa dha. Moottummaan dimokiraataawaa dhaabbileen kun lammii biyyattii hunda garaagarummaa tokko malee akka itti fayyadaman mirkaneessuu dha. Dhaabbileen

3 WALQIXXUMMAA

kunis tajaajila isaaniitiin lammiin hundi mirga wal qixxa fayyadamuu isaanii kan kabachiisan ta'uu qabu.

3.1.3 Faayidaa Kabajamuu wal-qixxummaa fi wal-qixxummaan Fayyadamuu

- Faayidaa mirgoota walqixxummaa fi walqixxa fayyadamuuun kabajamuun argamsiisu akka ibsan gochuu.
- Yaadolee ka'an irratti mormii fi deggersa gaafachuu
- Gara mareetti akka galchuu danda'utti yaada kaasuun guduunfuu.

Gocha

- Hubannoo hanga yoonaatti argatan irratti hundaa'uun gilgaalicha irratti akka mari'atan taasisuu. Qabxiilee sirreffamaaf qophaa'anii irratti hundaa'uun sirreffama kennuu. Kanaafis:

1. Dhimmoota qabatamaan naannooti mul'atan (mana barumsaa, daree keessatti) fakkeenya caqasuu
2. Walqixxummaan yoo kabajamuu baate rakkoo inni fidu daraan kan barataniin sirreffama kennuu. Walqixxummaan akka biyyaatti yoo kabajamuu baate rakkoo umamuu danda'u fakkeenya Sumaalee fi biyyoota biroo caqasuu hubachiisuun ni baraachisa.

Faayidaa Kabajamuu Wal-qixxummaa fi Wal-qixxummaan Fayyadamuu

Mirgoota wal-qixxummaa fi wal-qixa fayyadamuuun kabajamuu mirkaneessuuf yaaliin godhamu mirgoota dhuunfaa fi ummataa kabachiisuuf faayidaa guddaa qaba. Kabajamuu mirgoota wal-qixxummaa fi walqixa fayyadamuu mirkaneessuuf tarkaanfiwwan fudhatamu faayidaa adda addaa ni qabu. Kunis miira lammummaa ni guddisu. Namooti abbaa qabeenya ta'an qabeenya isaaniitii investimentii babal'isuu guddina biyyaa ni saffisiisa. Kana malees sirni dimokiraasii kan ittiin ibsamu waan ta'eef ijaarsa sirna dimokiraasii ni cimsa.

Ummati waljalalaa fi waldanda'ee akka jiraatu taasisuuf gargaara. Misooma biyyaa ni saffisiisa.

Hirmaanna ummataa, abbummaa ummataa, miira itti gaafatamummaa cimsuun misoomaa fi guddina saffisiisa. Seenaaf aadaa beekuu fi kunuunsuuf gargaara. Dhaabbileen hawa-asummaa iddo hundatti bifa wal-madaaleen mootummaatiin akka babal'atu taasisa. Haa ta'u malee beekamuu kan qabu sabooti, sab-lamootii fi ummati biyya keenyaa guddina sadarkaa tokko irra jiraachuu dhabuu isaaniiti. Kanaaf, kanaan dura kan dagatamanii fi warra kaanii waliin yommuu madaalamu ummattoota boodatti hafaniif deggersa taasifamu yeroof walqixa taasisuuf tarkaanfii fudhatamu malee itti fayyadama wal qixxummaa kan mormu fi gocha loogii akka hin taane beekuun ni barbaachisa.

3 WALQIXXUMMAA

Guduunfaa

- Kaayyoo guddaa kutaa barnooa kanaa yaadotaa bifa gaaffiitiin kaasuun barattooti beekumsaa fi hubannoo barbaadamu argachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Qabxiilee ijoo barnootichaa itti fufani jiran keessatti qaawwi yoo mul'ate gara mata-duree birooti osoo hin ce'iin irra deebii taasisuun ni barbaachisa.

Kunis

- Faayidaa mirgooti walqixxummaa fi walqixxummaan fayyadamuu saboota, sab-lammoottaa fi ummattoota kabajamuu hubachuu isaanii
- Hawaasi naannoo isaanii dhaabbileetti wal-qixa fayyadamuu isaanii mirkaneeffachuu.
- Faayidaa mirgoota walqixxatti fayyadamuun qabu hubachuu isaanii.

3.2 Haalawwan Wal-qixxummaan Ittiin Ibsamu (*Wayitii 2*)

Qophii daree : Meeshaalee barnootaa

Heera mootummaa (Keessumaa Heera Mootummaa Federaalaa)

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Naannoo keessanii mul'istoota walqixxummaa kan ta'an sadii ibsaa.
- Walqixxummaan ummataa kabajamuun faayidaa maal akka qabu ibsaa.
- Hubannoo duraan argatan irratti hundaa'uun gaaffii filatan tokko irratti yaada akka kennan taasisaa.
- Yaadolee kennaman barsiisaan erga sirreeffamni itti kennamee booda gara ijoo barnootaati seenaa.

3.2.1 Haalawwan Walqixxummaan Sabootaa, Sab-lammoottaa fi Ummatootaa Ittiin Ibsamu

Seensa

- Heera mootummaa itti fufee jiru dubbisuun yaada keessaa hubattan ibsaa.
- Yaadicha irratti gareen ta'anii akka mari'atan taasisa.
- Waliigaltee irra gahan dabareen akka ibsan taasisaa.
- Yaadolee kennaman sirreessuuf qabxiilee kana fayyadamuun ni danda'ama.
- Afaan dhalootaan fayyadamuu, mirga baruu fi barreessuu mirkaneessuu.
- Seenaa isaa kunuunsuu, kabajuu, meeshaalee aadaa fi uffata aadaa, goda abmaa, iddo seena qabeessa ta'an, sirna gammachuu fi sirna gaddaa fi kkf caqasuun ni dand'ama.

3 WALQIXXUMMAA

a) Walqixxummaa Afaanii

Gaaffilee ka'umsaa

- Biyya keenya keessatti afaan guddaa yookaan afaan xiqqaan ni jrraa? Maaliif?
- Yaada isaanii haala armaan gadiitiin ilaaluun ni danda'ama
- Ummattooti afaan walfakkaatu tokko qabaachuu akka hin danda'amne ni beekama. Afaan namni hedduunis ta'e xiqqaan kan dubbatu yoo ta'e iyyuu afaan afaanummaa isaaniitiin hundumtuu waqixa ta'uu hubachiisuun ni barbaachisa.

Biyya keenya keessatt. afaaota 80 oli akka jiran fi afaanonni kun hunduu dubbatoota isaaniif walii galtee fi hojiif kan tajaajilan ta'uu ibsuufin barbaachisaa dha.

b) Walqixxummaa saalaa

Gaaffii ka'umsaa

- Walqixxummaan saalaa akka kabajamu ni amantu?
- Barattooti gaaffii kana irraa ka'uun yaadi kennan guutummaa guutuutti dhalli namaa (dhiira ykn dubara hin jedhiin) wal qixa ta'uu kan mul'isani mirkaneeffachuu barbaachisa.
- Barattooti dubartoonni dhiiraa waliin mirgoota walqixa akka qaban akka hubatan taasisuun gara ibsa ijootti seenuu.

Gocha

- Gilgaala isaa maatii waliin mari'atani akka hojjetan haa taasifamu. Barsiisaan gaaffilee sirreessuuf qabxiilee kana fayyadamuu ni danda'a.

1. **Waa'ee Afaanii:** Yaada duraan kennname ilaaluun ni barbaachisa.
2. Dubartoota gara tokkoo (walakkaa) hawaasaa ta'an karaa misoomaa fi ijaarsa sirna dimokiraasii keessatti hirmaachisuun dhabuun miidhaa guddaa ni fida. Biyya tokko boodatti hafummaa fi iyyummaa keessaa baasuu kan danda'amu dubartoota hunda keessatti kallattii hundaan dammaqinaan hirmaachisuun yoo danda'ame dha. Harka tokko qofaan hojjechuun guddina amansiisaa fiduun gonkuma hin dnada'amu. Walumaa galatti misooma biyyaa saffisiisuu kandanda'amu lammuin hundi dhiiraaf dubara osoo hin jedhiin walqixa hojjeteet fayydamuuf yoo murteessee fi faydamaa ta'uu danda'e ta'uu ibsuun ni barbaachisa.

Mul'istoota Walqixxummaa sabootaa, Sab-lammoontaa fi Ummattootaa

Dhimmi mirgoota walqixxummaa daandii mul'istoota sirna dimokiraasii waan ta'eef yaad-rimee isaa ijaarsa sirna dimokiraasii waliin wal-qabsiisuun ni dnada'ama. Mul'istoota kaajamootaa fi ummatootaa kan ta'an keessaa kanneen itti aanan caqasuun ni danda'ama.

- Amantaa fi Amantiin ofii tarkaanfachiisuu, ofiin of bulchuu, aadaa fi dudha ofii guddisuu, dhaabbilee mootummaa fi dhuunfaatti wal qixxa tajaajilamu, mana marii federaalaa fi naannootti bakka bu'ummaa argachuu, misooma kamiyyuu fi sosochii

3 WALQIXXUMMAA

hawaasaa keessatti walqixxa hirmaachuu fi faayidaa barbaachisu argachuu, fi kkf kaasuun ni danda'ama.

Hirmaannaan Dubartootaa Misoomaa fi Guddina Biyyaatiif

- Dubartoonni dhiiraan qixa akka hirmaatan gochuun faayidaan guddina biyyaaf argamsiisu maal akka ta'e ibsaa.
- Barattoot muraasni yaada akka kennan carraa kennaafii..
- Haala kanaan kan haadha isaanii kan obboleettii isaanii dubartoota cimoo naannoo isaanii jiran milkaa'ina isaanii argatani fi qooda isaan guddina biyyaa keessatti qaban akka yaadatanii fi ilaalan godhaa.

Yaadolee kennaman irratti mare taasisuun gara gochaatti haa seenamu. Yaadolee kennamaniif gocha 5 Lakk. 2 irratti yaadolee caqafaman ilaala. Itti dabalaanis fooyya'iinsa maatii isaaniitiif, mirkaneeffannaan guddina biyyaatiif beektoti dubartootaa fi dubartoota gocha gaarii fi milkaa'ina hojii isaaniitii beekuun qabatamaan gumaacha isaan taaasisaa jiran ragaaf dhiyeessuun cimsuu.

Gocha

- Dubartootaa fi Turiizimii' dubbisa jedhu bu'uura godhachuun gilgaala mana isaaniitti akka hojjetan taasisaa. Sirreessuuf yaadolee kanneen haa fayyadaman.
1. Haala dubbisa isaatiin hojii Itaggee Xaayituu yaadachuu.
 2. Dubatrtooti akkuma dhiiraa namoota waan ta'aniif mirgi isaanii kabajamuufi qaba. Dubartiin cimtuun maatii, mana barumsaa keessatti barattoota dubaraa fakkeenyta'an, olla isaanii keessaa fi kkf osoo caqasuu danda'anii, Barsiisaanis kan beeku keessaa akka fakkeenyati caqasuu dhiyeessuun gaarii dha.
 3. Gocha 5 fi armaan olitti gaaffilee ka'umsaa keessatti yaadolee caqasaman ilaaluun ni danda'ama.

Gocha (Unka)

- Daree keessatti waliin mari'atanii akka hojjetan haa ta'u. Qabxiilee kana sirreessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama.
1. Haala unka kennameen qabxiin ittiin sirreessan haa qophaa'u
 2. Gochaalee adda addaa raawwacuun rakkoo isaa furuun ni danda'ama. Fakkeenyaf hirmaanna lammilee guddisan.
 3. Hubanno hawaasaa guddisuun, bu'uura misoomaa fi ijaasa dhaabbilee hawaasaa barbaachisuu.
 4. Haala qabatama naannoo isaanii irraa ka'uun hirmaanna barnootaa dubaraa adda baasuun rakkoo naannoo isaaniiti mul'atu hiikuuf maal akka hjechuu qaban hubachiisuun gaarii dha.

3 WALQIXXUMMAA

Hirmaanaa Dubartootaa Misoomaa fi Guddina Biyyaatiif

Barattooti waa'ee walqixxummaa saalaa hubannon isaannii akka cimuu gochuu keessatti manneetiin barnootaa ga'oo guddaa qabu. Mana barumsaa keessatti mirgi barattoota dubaraa akka kabajamu taasisuuf hawaasa mana barumsa hundi ga'oo guddaa qaba.

Hirmaanaa durbatoota fooyya'iinsaa biyyaaf, hawaasa hundaaf bu'aa inni buusu ol-aanaa ta'uun beeksisuu barbaachisa. Haaluma kanaan umurii ijoollummaa irraa eegalee barattooti dubaraa barattoota dhiiraa waliin mirga walqixxa akka qaban ifatti akka itti amanan taasisuuf hojjechuun barbaachisaa dha. Kanaaf kaayyoo barnootaa irratti hundaa'uun barattooti walqixxummaa saalaatti lammii amanan ta'uun akka danda'an mata-duree kana irratti yaada akka wal jijiirani fi mari"atan taasisuun ni barbaachisa.

Guduunfaa

- Yaadolee gurguddoo kutaa barnoota kanaa bifa gaaffiitiin kaasuudhaan barattoota hubannoo barbaadamuu fi beekumsa argachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Yaadolee ijoon kanaa gadii ilaachisee hubannoona jiru yoo laafaa ta'e irra deebi'uun cimsuun ni barbaachisa.
- Walqixxummaa sabootaa, sab-lammoottaa fi ummatootaa haala qabatama naannoo isaanii waliin mirkaneeffachuun isaanii madaaluu.
- Mirkaneeffanna walqixxummaa sabootaa, sab-lammoottaa fi ummattotoaa ibsuu danda'uun isaanii.
- Walqixxummaan saalaa maal akka ta'e ibsuu danda'uun isaanii
- Misooma biyyaa fi nageenya amansiisaa taasisuuf keessatti faayidaa hirmaanaa dubartootaa qabu sadarkaa sadarkaan ibsuu danda'uun isaanii madaaluun mirkaneeffachuun ni barbaachisa.

3.3 Mirga Namoonni Hir'ina Qaamaa Qaban Kabajamuufi Qabu

Qophii Daree: Meeshaalee barnootaa

- Heera mootummaa
- Barruulee fi barreeffamoota Waldaa Qaama Miidhamtoota Itoophiyaa

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- "3.3" keessaa fakkiawan taa'an maal ibsuuf akka ta'e kan itti dhaga'ame akka ibsan godhaa.
- Yaadotaa ibsan qaama miidhamtoota waliin walitti qabanii haa ilaalan.
- Hir'inni qaamaa sababa adda addaatiin dhufuu akka danda'an kallattiin qabsiisuu.

Gocha

- Dubbisa "Haliimaa fi Eerikkoo" jedhamu irratti hundaa'uun gilgaala mana isaanitti akka hojetan taasisaa. Sirreessuuf qabxiilee itti fufanii jiran ilaaluun ni danda'ama.

3 WALQIXXUMMAA

Lakk. 1 fi 2 dubbisa keessaa yaada ittiin sirreessan qopheessuun osoo danda'amee. Dhaabbileen mootummaa mana barumsaa dabalee qaama miidhamtootaaf mirga tajaajilamuu kan mirkaneessuu haala mijeessuu qabu.

Lakk. 3 Qaama miidhamtooti rakkoo maalii akka qaban yoo ibsan. Rakkoo isaanii furuuf mana barumsaa fi naannoo hundatti hojii hojjetamuu qabu haa ibsamuuf. Barattoota humama isaaniitiin qaama miidhamtootaaf gochuu kan qaban agarsiisuu (Fkn. Kallattii agarsiisuu, meeshaa guuruufi (humnaan deggeruu) erga isaan mallattoon dabarsan hubachuuf obsa qabaachuu akka qaban ibsuu barbaacisa).

Gocha

- Gilgaala akka mana ofiitti hojjetan haa taasifamu. Qabxiilee kanneen sirreessuuf itti fayyadamaa.
1. Heera mootummaa keewwata 41/5 irratti yaada caqafame ilaaluu. Mootummaa fi Hawwasni maalgochuu akka qaban (ga'oo isaanii) akka beekan gochuu. Barattootis hanga umna isaanii deggeruu akka qaban hubachiisuu.
 2. Mana barumsa isaaniitti qaama miidhamtootaaf deggersi godhamuu qabu akka jiru hubachuu. (Daandii sirreessuu, iddoo barumsaa fi teessummaa mijeessuu fi kkf).

Mirga Namoonni Hir'ina Qamaa Qaban Qabaachuu Qaban

- Hir'inni qaamaa umamaan, dhukkubaan (poliyoo, dhibee ijaan fi kkf), hojii namee fi balaa uumamaan.(konkolaataa, bishaan, calaqqe aduu, kufaatii guddaa, dawwa, lilmoo kkf) tiin balaa uumamuu dha. Miidhamni qaamaa nama irraa gara namaatti kan darbu ykn dheekkamsa Waaqaatiin rakkoo dhufu miti. Qaama miidhamtooni lammiiwan ta'aniif mirgi isaanii kabamuu qaba. Biyya keenyattis ta'e Addunyaar irratti mirgi qaama miidhamtootaa kan eegisu seeronni adda addaa kan bahan yommuu ta'u dhaabbileen mirga isaanii kabachiisuuuf hojjetan ni jiru. Haala kanaan biyya keenyattis mirgi qaama miidhamtootaa xiyyeffannoo waan argateef heera mootummaa keessatti mirgooti kabajamuufi qaban caqasamaniiru. Wanti ijoo fi gabbachuu qabu deggersi barbaachisaa ta'e qaama miidhamtootaaf yoo taasifame lammii omishuu danda'u ta'uua isaaniiti. Kanaaf namootas ta'e dhaabbileen deggersa barbaachisaa gochuufi qabu.

Guduunfaa

- Barattooti yaadolee bu'uraa itti fufanii jiran haala gaariin hubachuu isaanii gaaffii fi deebiitiin mirkaneeffachuu barbaachisa. Haaluma kanaan barattooti kutaa barnoota kanaa keessaa
- Qaama miidhamtooti mirgi qabbachuu qaban maal akka ta'e hubachuu isaanii mirkaneeffachuu
- Mirga Qaama miidhamtootaa kabachiisuuuf mana barumsaati deggersa taasifamuu fi qabu ibsuu danda'u mirkaneeffachuu.

3.4 Barbaachisummaa Kabajamuu Walqixxummaa Amantii

Qophii daree: Meeshaalee deggrsa barnootaa

Heera Mootummaa Federaalaa

Seensa

- Barbaachisummaa walqixxummaan amantii kabajamuu maal akka ta'e ibsaa.
- Kanaan dura kan caqafaman yaada bu'uuraa walqixxummaa irratti hundaa'uun waa'ee walqixxummaa Amantii akka ibsan haa ta'u.
- Yaadolee ka'an cimsuuf ibsa armaan gadii fayyadamuu ni danda'u.

Gocha

- Gilgaalicha gareetiin daree keessatti akka hoijetan taasisaa. Gareen murtaa'an akka dhiyeessan carraa kennaafi. Kanneen itti fufan sirreessuu fayyadamuu ni danda'ama.
 1. Lakk. 3.2 Mul'istoota wal qixxummaa keessatti yaada guduunfaaa ilaala.
 2. Amantaan ofii akka kabajamuuf akkuma fedhu amantaa biros kabajuu.
Amantii biro ameessuu fi tuffachuu irraa of quachuu.
Walqixxummaan amantaa kabajamuun nageenyaaf bulchiinsa gaariif, misoomaaf, waliin jiraachuuf wal jaallachuuf kkf. faayidaa guddaa akka qabu hubachuun barbaachisa.

Barbaachisummaa Kabajamuu Walqixxummaa Amantii

Akkuma kabajamuun saalaa fi afaanii barbaachisu wal qixxummaan amantaas kabajuun barbaachisaadha. Jireenyi afuuraa namoota kan hundeffamu (bu'uureffatu) dhuunfaa irratti ta'uu kabajuunni barbaachisa. lammuin kamiyyuu amantii barbaadu hordofuuf mirga qaba. Haaluma kanaan eenyumtuu aamantaa fi amantii eenuu ammeesuu akkasumas gufachiisuu hin qabu. Namni tokko amantaa nama biroo bifa miidhuun hin dandeenyee fi hin dhiibneen amantaa mataa isaa tarkaanfachiisuu qaba. Amantaa fedhu hordofuu fi amanuuun mirgoota lammilee mirkanoeffachuun keessaanisa tokko dha. Amantaa fi amantiin adda addaa walqixa akka ilaalaman eeyyamuun sirni dimokiraasii kan ittiin ibsamudha.

Guduunfaa

Kutaa barnootaa kana yaadolee ijoo bifa salphaa ta'een kaasuun hubannoo fi beekumsa gahaa argachuun isaanii mirkanoeffachuun barbaachisaa dha. Tarii kutaa barnootaa kana keessaan yaada ijoo yoo hin hubanne ta'e irra deebii taasisuun ni barbaachisa.

- Dhuma irratti barbaachisummaa walqixxummaan amantaa kabajamuu hubachuun isaanii madaaluun ni barbaachisa.

Deebii Gaaffilee

I. “Dhugaa” ykn “Soba”

1. Soba 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba

II. Walitti Firoomsaa

1. D 2. A 3. C 4. B

III. Iddoo Duwwaa Guutaa

1. Nama, Ummata, Hawaasa
2. Barnoota irraa kan fagaatan, Giddu-galeessa biyyaa irraa fagaatanii kan jiran, Dubartoota naannoo daangaa biyyaa kan jiran kkf.
3. Mirga

IV. Filannoo

1. D 2, B 3. B 4. B 5. D

VI. Deebii Gabaabaa

- Gaaffileen lamaan deebii adda addaa baay’ee itti kennamuu waan danda’uuf kitaaba barataa, hubannoo barsiisaa fi madda ragaalee adda addaa bu’uureffachuun sirree-famni haa kennamuuf.

Iddattoo Karoora Barnootaa

3.4 Barbaachisummaa Kabajamuu walqixxummaa Amantaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <p>Barnoota eegaluun duree gaaffilee ka'umsaa "Barbaachisummaa walqixxummaa amantaa ibsaa "gaaffii jedhuuf deebii kennname keessaa yaadolee ijoo cimsuun gara barnootaatti seenuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Yaadolee gaaffii ka'umsaa irratti ka'e bu'uureffachuun walqixxummaa amantaa barbaachisuu isaa, yaad-rimee walqixxummaa waliin ilaaluun yaada kennuu. Yaadolee kennaman dhaggeeffachuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barbaachisummaa walqixxummaa amantaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa keessa yaadolee ta'an bu'uureffachuun barbaachisummaa isaa irratti yaada kennuu (mari'achuu). Gareen qoodamuun gilgaala 10 daree keessatti akka hojjetan gochuu. Deebii kennname irratti mari'achuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu yaadaan dhaggeeffachuu Kan hin galiniif gaafachuu Ibsa kitaaba barataa keessatti kennname dubbisuu Hojii daree kennname hojjechuu Gaaffilee ka'aniif deebii kennuu.
10'	<p>Cimsuu</p> <ul style="list-style-type: none"> Walqixxummaa Amantaa ilaalchisee yaadolee ka'anii fi ka'uu qaban qabxiilee ijoo walitti qabuun yaadachiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Qabxiilee cimsuu danda'an yaadachiisuu Kan hubatan kanneen biro ibsuu.
10'	<p>Guduunfaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Boqonnaan walqixxummaa barannoo kana keessatti waan guduunfamuuf barattooti yaadolee ijoo boqonnaa kana keessatti ka'an akka yaadataniif carraa kennuu. Guduunfaa gilgaalichaa akka hojjetaniif hojii manaa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaadolee (qabxiilee) guduunfaa boqonnaa kana irratti yaada kennuu. Barsiisaa fi kanneen birootiin yaadolee guduunfaa calaqqisan yaadaan (xiyyeefannoona) hubachuu.

BOQONNAA AFUR

HAQUMMAA

(Wayitii 9)

Kaayyoo Baroota kana erga xumuranii booda

- Saboota, sab-lammii fi ummattoota Itoophiyaa mirgoota walqixxummaa fi walqixxa fayyadamuu ni hubatu.
- Dubartooti misoomaa fi ijaarsa biyyaa keessatti hirmaanna qaban ni beeku.
- Qaama miidhamtoonni mana barumsaa keessatti mirgoota qabaachuu qaban ni hubatu.

Lakk	Barannoo	Kaayyoo	Meeshaalee Deggarsaa
1	Mirgoota walqixxummaa	<ul style="list-style-type: none">• Mirgoota walqixxummaa fi walqi-xxa fayyadamuu sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa ni ibsu.• Mirgooti walqixxummaa fi walqixa fayyadamuu kabajamuun bu'aa inni buusu ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poostaroota, suura.
2	Mul'istoota walqixxummaa	<ul style="list-style-type: none">• Aadaan sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa walqixa akka kabajamuuf gocha raawwatamuu qaban ibsaa.	<ul style="list-style-type: none">• Heera Mootummaa federaalaa fi Naannoo• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poosteroota, suura.
3	Walqixxummaa saalaa	<ul style="list-style-type: none">• Faayidaa hirmaannaan dubartootaa misoomaa fi ijaarsa biyyaa keessatti qabu ibsuu.• Mana barumsa isaanii keessatti walqixxummaa dubartootaa ni kabaju.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa federaalaa fi Naannoo• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poosteroota, suura.
4	Mirgoota qaama miidhamtoonni qabaachuu qaban	<ul style="list-style-type: none">• Mirgoota qaama miidhamtootni qabaachuu qaban ibsuu.• Mirga qaama miidhamtootaa ni ibsu.• Qaama miidhamtootaaf deggesa barbaachisaa ni taasisu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera mootummaa federaalaa fi Naannoo• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poosteroota, suura.
5	Barbaachisummaa kabajamu wal qixxummaa amantaa	<ul style="list-style-type: none">• Walqixxummaa amantaa ni kabaju	<ul style="list-style-type: none">• Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo• Mul'istoota walqixxummaa kan ta'an poosteroota suura.

4.1 Hojimaataawwan Loogii Qaban (Wayitii 2)**Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaan dhimma loogii ibsu irratti barruulee maxxanfaman, poosterootaa fi suura.

4.1.1. Gochaalee Hojimaataa Loogii Adda Addaa Naannootti Argaman**Seensa****Gaaffiilee Ka'umsaa**

- Hojimaata loogii qabu jechuun maal jechuu dha?
- Barattooti gaaffiilee ka'umsaa gareen akka hojjetaan qindeessaa.
- Yaada itti waliigalan akka ibsan garee muraasaaf carraa kennaa.
- Yaadolee ka'an irratti maree taasisaa. Yaadolee ka'an ijoo barnootaa waliin bifa wal-qabsisuun danda'amuun yaada sirreeffamaa kenuun gara gocha itti aanutti seena. Yaadoleen ka'an loogii qabaachuuf dhabuu kessaa kan irratti walii galan akka dhiyeessan kan jedhu sirreessuuf yaadolee kana hubanna keessa galchaa.
- Tarii gochalee 5 keessaa lakk. 2 irratti yaadi jiru loogii qaba moo hin qabu kan jedhu nama falmisiisuu dhanda'a. Garaagarummaan ilaalamuu qaba. Kan barbaadamus kana waan ta'eef. Sababiin isaas amala namaa umamaan jiruu waliin murtoo itti kenuuf kan nama rakkisu akka jiraatu beeksisuun gaarii dha.

Tarii yaaliin dhala isaanii ogummaa isaanii jala yoo tahe hoo? Ykn kallattiin hojii isaanii waliin kan wal hin quunnamne garuu, iddo itti hojjetaa jiran yoo tahe hoo? Dhuguma mucaan isaanii dhukkubsatee osoo jiruu dhukkubsataa biraa haalaan keessummeessu ni danda'u? Qabxiilee jedhan kaasuun yaadolee hedduu wal falmsiisan kaasuun ni danda'ama. Yoo kana hin taane akkanumaan waliigaltee irra gahuun nama rakkisa. Kanaaf yeroo tokko tokko dhimmoota kana fakkaatan loogii dha yookaan loogii miti jechuun murteessuun rakkisaa akka ta'e hubannoo kenuun gara gocha itti aanutti seenaa.

Gocha

- Kutaa tokko "Nilseen Maandeellaa" dubbisa jedhu dubbisanii hojii manaa akka hojjetaan kennaaifi. Deebii kennaman sirreessuuf yaadolee kanneen fayyadamuun ni danda'ama.
1. Dubbisa keessaa deebii qopheessuu
 2. Murtoo sirrii dha jedhu irra gahuu. Sababii isaas gocha loogii qabu mormuun itti gaafatamummaa fi dirqama lammii tokkoo waan ta'eef.
 3. Gochi Maandeellaa fakkeenyaa gaarii ta'u hubachiisuu.

Kana irraa barachuu kan danda'anis kan arganiif kan isaan mudatu hojimaata loogii qabu mormuuf ilaalchaa fi ejjennoo cimaa kan qabaatan akka ta'aniifidha.

4. Tarkaanfii suukkanneessaa fudhachuun haaloo ba'uun qabu kanneen jedhan jiraachuu ni danda'u. Haa ta'u malee hojimaati loogii qabu sirreeffamuu kan qabu haaloo ba'uun osoo

hin taane karaa nagaa fi barsiisuu danda'uun tarkaanfii sirreffamaa fudhachuun ta'uu hubachiisuun barbaachisaadha. Inni kun hunde qabeessaa fi nageenya mirkaneessuuf bu'uura ta'uu hubachiisuu.

Gocha

- Gilgaala irratti maatii waliin akka hojjetaniif hojii manaa kenniif. Deebii kenaman sirreessuuf yaadolee kanneen fayyadamuu ni danda'ama.
 - 1. Hojimaata loogii qaban sirreessuuf (hambisuuf) tarkaanfii adda addaa fudhachuun ni barbaachisa. Rakkoo ilaachaa fi hojimaata boodatti hafootiin uumaman ummata barsiisuttiin suuta suuta hambisuun ni danda'ama. Barnoota ammayyaa babal'isuutiinis dhaloota loogii jibbu uumuun ni danda'ama.
 - Loigidhaan lammii fi ummata namoota miidhaan seeratti dhiyeessuun akka adabaman gochuu.
 - Hojimaati loogii qabu yoo isa qunname isumatti qaama raawwate iddo seera qabeessa ta'etti saaxiluu qaba. Ummati hojimaata loogii qabuuf qarshii fi kanneen biroo kenuutiin waliigaltee uumuu hin qabu.
1. Naannoo isaaniitti hojimaati loogii qabu yoo jiraate akka irraa baramuuf haa caqasan.
 2. Hojimaati loogii qabu kallattii adda addaatiin ogummaa adda addaatiin akka jiru, mana barumsaa keessatti, hayyuu daree ta'uun itti gaafatatummaan kan itti hin dhaga'amneen raawwatamu akka danda'u tilmaamuun ni barbaachisa. Haala kanaan dhaabbilee mootummaa keessatti hojimaata loogii qaban akka fakkeenyatti dhiyeessuu.

Mul'istoota Gochaalee Hojimaata Loogii Adda Addaa Naannootti Argaman

Hojimaati loogii qabu kallattii adda addaatiin raawwatamu. Sababa aadaatiin gochi loogii raawwatamu ni jiru. Qarshiin, firoomaan, wal beekumsaan kkf tiin gochi loogii raawwataman ni jiru. Mul'istoota hojimaata loogii kan ta'an keessaa waldhabdee fi walitti bu'iinsaan murtoon kennaman baay'achuu isaaniiti. Qabeenya biyyatti namooni murtaa'an qofti akka itti fayyadaman tarkaanfin taasisan saala, amantaa, afaan, sablammii kkf kan bu'uureffatan tokko tokko irraa kan adda baasnaii fi wal caalchisan ni jiru.

Guduunfaa

- Dhhaabbilee adda addaa fi gocha namoota dhuunfaatiin raawwataman loogii dha moo miti kan jedhu dandeettii madaaluu danda'u horachuu akka danda'an taasisuu barbaachisa. Ijoon kutaa barnoota kanaa barattoot mul'isstoota hojimaata gochaawan loogii akka adda baafatan dandeessisu dha. Kaayyoon inni biroo hijimaata loogii qabu mormuu akka danda'an hubannoo fi humna itti horuu dha. Haala kanaan deemsa gochaawan loogii qaban hambisuun ga'oo lammummaa humna itti bahan asumaa achi itti horuu fi suuta suutaan cimsuun ni barbaachisa.

4 HAQUMMAA

Kutaa barnoota kana keessaa beekumsa barbaadamu argachuuf dhabuu isaanii gaaffii gaafachuun galma ga'iinsa kaayyoo kanaa mirkaneeffachuun gaarii dha. Kutaa barnootaa kana keessatti kanneen barattooti yaada gahaa itti kennuu qaban:-

- Naannoo keenyatti mul'istoota hojimaata loogii qaban adda baasuuf hubannoonaanisaanii gabbachuu mirkaneeffachuu dha.

4.2 Dhaabbilee Hawaasummaa (*Wayitii 2*)

Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Suura ykn fakkii mana barumsaa, Waajjira Fayyaa ykn dhaabbilee biroo

4.2.1 Haqummaa Hojimaata Dhaabbilee Hawaasummaa Naannooti Argaman

Gaaffilee ka'umsaa

- Naannoo keessanitti mana barnootaa gaariidha kan jedhamu isa kami? Maaliin mana barnoota kun gaarii jedhame?
- Dhaabbileen hawaasaa naannoo keessanitti argaman keessaa dhaabbata tajaajila gaarii kenna jettan addaan baasuun qabxiilee dhaabbaticha gaariidha jechisiisan trreessaa.
- Barattooti manni barumsaa walfakkaatu naanoo isaanii yoo jiraatan sadarkaa qulqullina isaanii sababaa waliin haa ibsan.
- Yaadolee kennan keessaa yaadi sirrii hin taane yoo jiraate barattooti biroo akka yaada itti kennan taasisaa.
- Dhuma irratti barnoota itti aanu bifa eegalsisuun yaadi itti kennamee kallattii qabsiisuu. Asi irratti mana barumsaa mana barumsaa waliin, dhaabbilee dhaabbilee waliin dorgomsiisuu. Ceephoon hin barbaachifne akka hin uumamane of-eeggannoo gochuun ni barbaachisa. Kanaafis ulaagaalee qabatamaa qopheessuun itti fayyadamuu barbaachisa.

Hojii Gree 1

Miseensota 4-5 qabate hudneessaa. Haaluma qajeelfama dhiyaateen gabaasi garee guyyaa sadii keessatti akka dhiyeessan taasisaa. Kaayyoon hojii garee dhaabbileen hawaasummaa tajaajila haqa qabeessaa fi sirrii ta'e kennuu fi dhiisuu isaanii adda baasuuf ulaagaa qabatmaa ta'een dandeetii madaaluu akka gabbifatan taasisuu dha. Kanaaf miiraan gaggeeffamuu irraa akka fagaatan taasisuu barbaachisa.

Hojii Garee 2

- Hanga ammaatti hojii gare kan hin dhiyeessine akka dhiyeessan dabaree qopheessaa. Yaadi ijoo biyya isaanii iyyuma keessaa baasuuf amala gaarii akka horataniifi dha. Haala kanaan tokkoon tokkoon barataa gara fuula duraatti naanoo kiyyaaf, ummata kiyyaaf fi biyya kiyyaaf dhaabbilee kanaan hojjedha ykn hojjechiisa kan jedhu xiiqii fi quuqama akkasuams kaka'umsaa keessatti dagaagsuudha. Haa tau malee humnaa oli hawwii fi fedhii hin taane keessaa akka hin seene of eeggachuun gaariidha.

Haqummaa Hojimaata Dhaabbilee Hawaasummaa Naannooti Argaman ilaalchsiee

Kallattiin kanaan kitaba barataa fi qajeelcha barisisaa irratti gaaffilee ka'aniif ibsi kenname gahaa dha. Ibsa kenname bu'uureffachuu fi muuxannoo dhuunfaa itti ida'uun barnooticha golabuu.

Guduunfaa

- Ijoo barnoota kutaa kanaa hubachuu isaanii yaadolee bifaa salphaa ta'een kaasuudhaan mirkaneeffachuu. Tarii haala barbaadamuu yoo hin hubanne ta'ee gara barnoota itti aanutti osoo hin seeniin irra deebi'uun hubachiisuu ni barbaachisa.

4.3 Sababoota Sarbamuu Mirgootaafi Hir'ina Haqummaa

Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

Dhaabbilee haqqaa jechuun waajjiira poolisii, Mana murtii fi dhaabbilee naannoo haqaa irratti ka hojjetan, poosteroota fi suura.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Namoonni maalif namoota kan biroo irratti loogii hojjetu? Qabxiilee hojii loogiitiif sababa ta'an jettan tarreessaa.
- Sadarkaa isaaniitti raawwatamuu kan danda'an akka ibsaniiif barattoota muraasaaf carraa kenna.
- Yaada kennamu irratti barattooti biroo akka yaada kennan carraa kennaafi.
- Barnoota itti aanu eegalsiisuu bifaa danda'uun yaada walitti qabuun kallattiin qabsiisuu.

Gocha

- "Obbo Nugusuu Kantiibaa Magaalaa" dubbisa jedhu bu'uureffachuun gilgaala manatti waliin akka hojjetaniif hojii manaa kennaafi. Haala armaan gadiitiin qabxiileen sirreeffamaa qophaa'uu ni danda'au.
- Gaaffii lakk. 1 fi 4 tiif haala dubbisaatiin yaadi sirreeffamaa haa qophaa'uuf.
- Gaaffii lakk. 2 ilaalcha barattootaa dhuunfaati kan madaalu dha. Hojimaati isaa sirrii miti jedhanii kan amanan ta'uun qaba. Rakkoo isaan irra gahe qaamolee seeraati beeksisuun yaadaa fi gorsa kan kennan ta'anii ibsuu qabu. Hojimaatii loogii qabu mataa isaanii fi kan biroo irra yommuu ga'u mormuu akka danda'aniif bu'uura isaa asumaa cimsaa deemuun ni barbaachisa.
- Gaaffii lakk. 3 Dhimmicha irratti itti gaafatamummaan guddaa kan itti kenname koree dha. Gochi fafeen (badaan) yommuu raawwatamu callisanii ilaaluun miseensa koree hunda kan itti gaafachiisu ta'uun hubachiisuun sirreeffama barbaachisaa kennuun gaariidha.

Gocha

- Gareen 7 ykn 8 ijaaramee gilgaalicha daree keessatti irratti haa mar'iatan. Gareen tokko gaaffii tokko qofa haa hojjetu. Gabaasa isaa gareen murtaa'e qofti haa dhiyeessan. Hanga danda'ametti gaaffiin hundi osoo dhiyaatee gaariidha. Barsiisaan gaaffilee kennaman sirreessuuf yaadolee kanneen fayyadamuu ni danda'a.
1. Miidhaan lammiilee irratti raawwatamu qaama adda addaatiin, abbaa aangoo mootummaatiin, nama dhuunfaa fi hojjetaa mootummaatiin raawwatamuu ni danda'a. Miidhaan cimaan yeroo baay'ee lammiilee irratti karaa abbaa aangoo dhaabbilee mootummaa fi hojeettootaan ta'u isaa hubachiisuu ni danda'ama. Mana barumsaa keessattiis miidhaan raawwataman haa caqasaman.
 2. Dhuunfaatiin kan arganii fi kan dhaga'an akka ibsan haa ta'u.
 3. Jechichatti waliigalla yaada jedhu irra geessisuu barbaachisa. Jechi cimaa fi gaarii ta'e kun barattooti umurii kana irraa kaasee gocha mataa isaanii irratti akka raawwatamu hin barbaanne tokko kanneen biroo irratti akka hin raawwanneef of eeggannoo akka godhan isaan taasisa.
 4. Lakk. 1 irratti kan tarreffaman hunda irratti jechuun ibsuu ni danda'u.

Haata'u malee kanneen tarreffaman sadarkaan itti gaafatamummaa isaanii adda adda ta'u ni danda'a. Qaamoleen mootummaa fi hojjetoonni mootummaa nama kam caalaatti seera kabajuu fi kabachisiisuuf itti gaafatamummaa guddaa akka qaban hubchiisuu barbaachisa. Haala kanaan dhaabbileen mootummaa, hoggantootii fi hojjetooti mirga lammiilee kabajuu fi kabachisiisuuf itti gaafatamummaa guddaati itti kennamee jira. Sadarkaa mana barumsaatti yommuu ilaalu hooggnaan mana barumsaa, barsiisotii fi hojjetooti mana barumsaa hunda caalaa itti gaafatamummaa qabu. Haaluma kanaan sadarkaadhumaan mirga kabajuu fi kabachisiisuu irratti barattootis itti gaafatamummaa akka qaban huabciisuu barbaachisa.

Guduunfaa

Barattooti yaadolee bu'uura akanaa haalaan hubachuu isaanii gaaffii fi deebiitiin mirkanoeffachuu barbaachisa. Haala kanaan barattooti kutaa kana keessaa:-

- Mirgooti lammiilee kabajamuu dhabuu
- Aangoo kennameefitti seeraan ala fayyadamuu fi
- Lammiilee ija walqixaan keessummeessuu dhabuun rakkoo geessisan huabcuu isaanii mirkanoeffachuu barbaachisa.

4.4 Barbaachisummaa Jiraachuu Haqummaa (*Wayitii 2*)**Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Heera mootummaa, Danbii, Qajeelfama, seera ittiin bulmaata mana barumsaa
- Walitti bu'iinsa naannoo kan ittiin dhorkan fakkii, suura, poosteroota

Seensa**Gaaffilee Ka'usaa**

- Mana barnootaa fi daree keessatti haqummaan maaliif akka jiraatu barbaachise?
- Namni haqummaa dhabee mirgi isaa sarbame maal gochuu qaba?
- Barattoot yaada duraan irratti maree gaggeessanirraa ka'uun yaada akka itti kennan taasisaa.
- Yaadolee ka'an irratti maree gaggeessaa.
- Mata-duree waliin wal qabsiisuun yaadolee ka'umsaa kaasuu.
- Kutaa lama ”Nelsen Maandeellaa” dubbisa jedhu bu'uureffachuun gilgaalicha manatti haa hojjetan.

Barsiisaan sirreessuuf yaadolee kana fayyadamuu ni danda'a.

1. Haala dubbisaattii qabxii ittiin sirreessan qopheeffachuu.
2. Sirna dimokiraasii fi dhaabbilee haqummaa jajjabeessuun lammilee irratti miidhaa (loogii) kan raawwatan akkaataa badii isaaniitiin tarkaanfii walmadaale fudhachiisuu. Hubannoo lammilee cimsuu. Ilaalcha boodatti hafummaa keessaa baasuu
3. Barbaachisummaa haqummaa, faayidaa kabajamuu mirgoota sabaa, mirgoota dimokiraasii, guddinaa fi dagaagina sirna dimokiraasii waliin wal qabsiisuun hubachiisuu ni danda'ama.
4. Haqummaa diriirsuuf dhimmoota barbaachisan yaaodlee ibsamani waliin wal qabsiisuun yaada sirreffamaa kennuu. Fakkeenyaaaf mul'istoota sirna dimokiraasii keessaa tokko hojimaata haqummaa diriirsuuf babal'isuudha. Kanaaf hojimaati haqummaa akka mirkanaa'uuf sirni dimokiraasii cimuu qaba.

Naamusi hojimaati haqummaa kan ittiin babal'atu meeshaa isa birooti. Fudhatama kan qabuu fi mirga nama tokkoo iyyuu kan hin miine fi hojii bu'a qabeessa hojjechuun kan danda'amu naamusa gaarii yoo qabaatanidha. Yaadoleen tuqaman kallattiin walitti dhufeneya ni qabu.

Gocha

- Gilgaalchia maatii waliin mari'atanii manatti akka hojjetan haa ta'u. Deebii kennan keessaa haqummaa mirkaneessuuf gocha hanga yoonaatti raawwatan yoo jiraate haa ibsan (Manatti, maan barumsaatti kkf muuxannoo gaarii kan qaban) warra kaaniif haa ibsan. Yoo danda'ame barsiisaanis muuxannoo isaa haa ibsuuf.

Haqummaan Jiraachuuf Haalawwan Barbaachisan

Hawaasa tokko keessa haqummaan akka jiraatu hojiwwan adda addaa hojjechuun ni baraachisa. Inni jalqabaa Mootummaa fi lammuin biyyattii seera biyyattiin sirriitti kabajuu qabu. Heeraa fi seera biyyattii kabajuun, hojimaati loogii qabu akka sirraa'u yaada kennuu lammii biyyaa irraa kan eegamuu fi tooftaa ittiin haqummaan baballatu dha. Mirgoota namoota biroo kabajuu fi loogii irratti raawwachuu dhiisuun kkf caqasuun ni danda'ama.

4 HAQUMMAA

Haa ta'u malee yeroo hunda haqummaan diriiree argama jedhanii yaaduun barbaachisaa miti. Haqumaa namoonni osoo beekaniis ta'e osoo hin beekiin cabsuu ni danda'u. Haa ta'u malee loogii raawwatame sirreessuu kan danda'amu loogii (miidhaa) wal fakkaatu raawwachuun ykn haalloodhaan ta'uu hin qaba. Haalli akkasii kun haqummaan akka quucaru taasisa. Hawaasa keessatti hojimaati haqummaa kan dagaagu loogii raawwatmaan karaa haqaa fi seera qabeessa ta'een hambisuun yoo gabbate ta'uun beekamuu qab. Haala sirrii kan raawwatanii waliin maree taasisuun furmaata barbaaduun walii galuun daandii haqummaan itti dagaagu keessaa isa tokko dha.

Deemsi kun yoo baasuu dide yakkaa fi miidhaa raawwatame qaamolee seeraa isaani ilaallatutti dhiyeessuun ni barbaachisa. Fakkeenyaaaf yeroo tokko tokko yakki ulfaataan nama yakka sana raawwate waliin fuula fulattu maree gaggeessuun hiikuu kan hin danda'amnee fi seeraan kan hin deggeramne ta'uu ni danda'a. Dhimmoota akkasii kana kallattiin qaama seeraa fi nageenyaa ilaallatutti beeksisuun ni barbaachisa.

Guduunfaa

- Yaada ijoo kutaa barnoota kanaa bifa gaaffitiin kaasuudhan barattoot hubannoo fi beekumsa barbaadame argachuun isaanii mirkaneeffachuun ni barbaachisa. Yaadolee ijoo armaan gadii ilaachisee hubannoo gahaa hin arganne yoo ta'e osoo bira hin darbiin irra deebi'uun barsiisuun barbaachisaa dha.
- Hojimaata haqummaa hojii irra oolchuu
- Qaamoleen seeraa naannoo jiran seera irratti hundaa'uun aangoo kennameef qofaan hojjechuu
- Lammileen mirga isaaniitti fayyadamuun haqummaan gargaaramuu
- Mirga kabachisiisuufi haqummaa argachuuf miirri kaka'umsaa jiraachuu faayidaa inni haqummaa mirkaneessuuf qabu ibsuu danda'uun isaanii mirkaneessuu.

4.5 Gibira (*Wayitii 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Mujuloota, poosteroota, waajjiraalee gibira sassaaban
- Kaarnii (Ragaa) Gibira itti sassaaban

4.5.1 Gibirri Attamii fi Yoom Eegalame?

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Mootummaan dhimmoota faayidaa waliinii lammileef oolan guutu kan danda'u qarshii eessa argatuuni dha?
- Barattoot yaada kana irratti hanga hubannoo qaban akka ibsaniif carraa kennaafi.
- Yaadolee ka'an irratti sirreffama kenuun gara barnoota ijotti seenaa.

Gocha

- Gilgaalicha daree keessatti barattooti lamaa fi sadii ta'uun akka hojjetan taasisaa. Sirreeffama yaada ka'eef qabxiilee kana fayyadamaa.
- 1. Mootummaan ummataaf Gochaawwan addaa raawachuuf itti gaafatamummaa qaba. Nagaaf tasgabbii hawaasaa ni kabachisiisa. Miindaa hojjetootaa ni kaffala. Ijaarsa ni taasisa.
- 2. Gilgaala 2 fi 3 tiif haala kitaaba barataatiin sirreeffamni haa kennamuuf.

Gocha

- Gilgaala kana dhuunfaatiin daree keessatti haa hojjetan. Kanneen murtaa'an akka dhiyeessan carraa kennaafii. Yaada sirreeffamnaa ilaalchisee "Gabaasa Kadijaaafaa ffaa kutaa lammaffaa" ilaaluun haa fayyadaman.

4.5.2 Akaakuu Galii Gibirri Irraa Funaanamu

Gaaffilee ka'umsaa

- Bara durii gosa gibiraan namooti mootummaaf kaffalaa turan ibsaa.
- Dabareen akka yaada kennan jajjabeessaa
- Yaada dhiyaate irratti yeroo gabaabaaf haa mir'atan yaada sirreeffamnaa kenuun gara barnoota itti aanutti ce'uun ni danda'ama.

Gocha

- Gilgaala maatii isaanii waliin maria'tanii akka hojjetaniif hojiin manaa haa kennamuuf. Yaadolee itti fufan deebi kennaman sirreessuuuf itti fayyadamu ni danda'au.

Biyyoota keessatti maddi galii argaman, gosti galii fi hangi gibira kaffalamuu tokko hin ta'u. Gosti gibira fi hangi kaffalamu akkuma guddinaa sadrkaa fi dinagdee biyyotaatti garaagarummaa ni qabaata. Fakkeenyaaaf Itoophiyaan qonnaa fi horsiisa horii irraa galii hedduu sassaabuu ni dadneessi Biyyi Sudaan garuu albuuda boba'aa irraa galii sassaabdu hedduu ta'uun ni danda'a.

Biyyuma tokko keessatti maddi galii fi baay'inni yeroodhaa gara yerootti jijiiramuu ni danda'a. Fakkeenyaaaf biyyi keenya gara fuuladuraatti abbaa zayitii boba'aa yoo taate madda galii haaraa ta'a jechuu dha. Barattooti maatii isaanii gaafachuun madda galii kanneen biroo akka ibsan taasisaa. Maanguddoota seeraan gibira akka hin kaffalle eeyyamamef irraa kan hafe lammii hundi gibira kaffaluuf dirqama akka qabu beeksisuun ni barbaachisa.

Akaakuu Galii Gibirri Irraa Funaanamu

Kitaaba barataa keessatti ibsi gilgaalotaaf kenname maalummaa gibiraafi gosa gibiraan ilaalchisee yaada bu'uuraa qabaachuu fi mata-duree hubachuuf gahaa fakkaata.

4.5.3 Gibira Haqummaan Kaffaluun Dirqama Lammummaati

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Gibira kaffaluun maaliif dirqama lammummaa ta'e?
- Lammuin biyya tokkoo gibira kafaluuf naamusa akkamii qabaachuu qaba?
- Gibira gabbaruun mirgaaf dirqama akkasumas naamusa gaarii waliin walitti qabuun kan itti dhagahame akka ibsan carraa kennaaifi.
- Yaadolee ka'an irratti mareen haa gaggeeffamu. Mata-duree ijoo eegalsiisuu bifa danda'uun yaadi sirreeffamaa itti kennamee haa ibsamu.

Gocha

- Gilgaalicha irratti daree keessatti haa mari'atan. Yaadolee kanneen sirreessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama.
1. Gibirri yoo kaffalamuu baate misooma, nageenya, dhaabbilee hawaasummaa irratti rakkoo ga'uu danda'u agarsiisuu.
 2. Gabaasa Kadijjaafaa kutaa sadii bu'uureffachuun ibsa dabalataa itti kennaa.

Gibira Haqummaan Kaffaluun Dirqama Lammummaati

Mootummaan dhaabbata waliinii hawaasaa akka ta'e ni amanama. Mootummaan tajaajila adda addaa hawaasaaf kennuuf dhaabbilee hawaasni waliin itti fayyadamu ijaara. Hojii misooma bu'uraa hojjeta. Hojiilee misoomaa kana hojjechuuf qarshii barbaachisa. Baasii kana haguuguuf lammileen galii argatan irraa mootummaaf gibira kaffaluu qabu.

Gibira kaffaluun dirqama osoo ta'uu baatee namoonni tokko tokko gibira kaffaluu malan kaffaluu dhiisuu danda'u.

Kanaaf gibirri dirqama ta'uun lammileen gibira irratti murtaa'e yoo hin kaffaliin hafan yakka akka raawwatanitti waan fudhatamaniif seeraan gaafatamu. Kanaaf gibira kaffaluun dirqama kan ta'u. Lammileenis gibira irraa barbaadamu haqummaan yeroo isaa eeganii kaffaluuti irraa eegama. Gibira kaffaluu dhiisuun, waliin dhahuu fi gowwoomsuu, seeraan kan gaafachiisuu fi naamusaa ala dha.

Guduunfaa

Kutaa barnootichaa keessaa beekumsaa fi hubannoo barbaadamu argachuu fi dhaabuu isaanii fi kaayyoon barnootichaa galma ga'uu gaaffilee dhiyeessuun mirkaneeffachuun ni barbaachisa. Kutaa barumsichaa keessaa xiyyeefannoон itti kennamuu kan qabuu fi barattooti yaada itti kennuu kan qaban:

- Gibirri yoomii fi attamitti akka eegalame hubachuu isaanii
- Gibirri kan itti kaffalamu gosa gibira tarreessuu danda'uun isaanii
- Gibira haqumaan kaffaluun dirqama lammummaa hubachuu isaanii ta'u.

Deebii Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

II. Walitti Firoomsaa

1. c 2. e 3. f 4. d 5. b

III. Iddoo Duwwaa

1. Gibira 2. Haqummaa

IV. Filannoo

1. a 2. d 3. d 4. d 5. D

V. Deebii Ibsa Gabaabaa

- Gaafileen lamaan deebii adda addaa baay'ina qabu kennamuufi waan dadna'uuf kitaaba barataa, hubannoo barisisaa fi madda ragaa adda addaa bu'uureffachuun qabxiilee adda baasuun sirreffama sirrii ta'e itti kennuu.

Karoora Barnootaa

Gibirri Yoomi fi Attamitti Eegalame?

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattooti kutaa barnoota kanaaf kan dhiyaate gaaffilee ka'umsaa mootummaan lammileef faayidaa waliinii guutuu kan danda'au qarshii eessaa argameen dha, kan jedhu irratti yaada akka waljijiran taasisuu. Qabxiilee bu'uuraa caqasuun ijoo barumsichaa haala cimsuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Seensa irratti yaada ka'umsaa kennname irratti hirmaachuu Garee xiqqaa ykn dhuunfaatiin deebpii kennamu irratti maree gaggeessuu. Barattooti dareetiif yaada isaanii ibsuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Waa'ee kutaa barnootichaa ibsa kennuu Maree fi ibsa kennamu irratti barattoota hirmachisuu Gocha 7 daree keessatti akka hojjetan taasisuu Deebpii gilgaalaaf kennname irratti maree gggeessuu Gilgaala 8 hojii manaa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa dhuunfaan dubbisuu Gilgaala lakk. 7 dhuunfaan (Gareen) mana yokaan daree keessatti ni hojjetu. Dhimmoota ifa hin taaneef gaafachuu Yaad-rimee isaa irratti yaad kennuin hirmaachuu Kitaaba barata irratti ibsa kennname dubbisuu.
5'	<ul style="list-style-type: none"> Gibirri yoomii fi attamitti akka eegale seenaa dhufa mootummaa waliin wal qabsiisuun yaadolee cimsan yaadachuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa isaa yaadaan dhaggeeffachuu Ibsa dabalataa kennuu gaaffii yoo qabaatan gaafachuu
5'	<p>Guduunfaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Kaayyoon barnootichaa galama ga'uu fi dhiisuu isaa gaaffiin mirkaneeffachuu Kutaa barnoota itti fufuuf kallattii agarsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada guduunfaaa ni dhaggeeffatu, Barnoota guyyaa yaada ijoo isaa gabaabinaan ni ibsu.

BOQONNAA SHAN

JAALALA BIYYAA

(Wayitii 9)

Kaayyoo Booqnnichaa: Barattoti boqonaa kana erga xumuranii booda

- Mul'istoota jaalaala biyyaa ni hubatu
- Seena biyyaa beekuun faayidaa inni jaalala biyyaaf qabu ni huabtu.
- Kaayyoo kenna tajaajila tolaa ni hubatu
- Karaa lammummaan ittiin argamu ni beekkattu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoo Barnootaa	Meeshaalee Deggersaa
1	Jaalala Biyyaa	<ul style="list-style-type: none"> • Haalawwan jaalala biyyaaf barbaachisan ni tarreessu. • Seena biyyaa fi ummata isaanii beekuuf ni fedhu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Jaalala biyyaa kan ibsan fakkiwwan adda addaa
2	Gochaawan diigoo fi miidhaa ta'an	<ul style="list-style-type: none"> • Qabeenya mana barumsaatiif kunuunsa ni taasisu. • Balfa iddo barbaachisaa ta'etti walitti qabuun ni gubu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Gochaawan diigoo ta'an suura, poosterootaafi miidhan qaamaa kan agarsiisan gochaawwaan
3	Amaal gaarii	<ul style="list-style-type: none"> • Amalli gaarii kan ittiin ibsamu ni tarreessu. • Amaal gaarii mana barumsaa fi naanoo isaanii irraa eegamu ni gabbifatu. • Mana barumsa isaanii keessatti tajaajila tolaa kan barbaadan ni tarre-essu. • Mana barumsaa keessatti tajaajila tolaatti ni hrimalatu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Tajaajila tolaa kan mul'isu fakkii, surura, qaamaan kan mul'atu.
4	Iyyummaa dhabasmsiisuu	<ul style="list-style-type: none"> • Iyyummaa dhabamsiisuuuf barbaachisummaa heeraa fi tooftaalee isaa ni ibsu 	<ul style="list-style-type: none"> • Tooftaa ragaa misooma adda addaa, baruulee • Naannooti kan mul'atan gochaawan misoomaa (Misooma bu'uuraa daandii, bilbilaa sanyii flatamaa kkf. • Investimenti, Barnoota, Fayyaa babal'isuu.
5	Lammummaa	<ul style="list-style-type: none"> • Kallattii lammummaan ittiin argamu ni tarreessu. • Hiika alaabaa fi asxaa ni ibsu 	<ul style="list-style-type: none"> • Heera mootummaa federaalaa

5 JAALALA BIYYAA

5.1 Jaalala Biyyaa (*Wayitii 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa jaalala biyyaa kan ibsan Fakkiiwwan adda addaa, baruulee, Jechoota, Ibsa gabaaboo baruulee irraa, Gaazexaa fi kkf.

5.1.1 Haalawwan Jaalala Biyyaa Cimsuuf Barbaachisoo Ta'an

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Walaloowwan kitaaba keessatti dhyaatan qabiyyee maalii akka qaban ibsaa.
- Walaloo keessatti hawaasummaan kan ibsame attamitti dha?
- Walaloo dhuunfaan dubbisuutiin jaalalli biyyaa cimuu yaadotaa ibsan akka caqasan taasisuu.
- Yaadolee kennaman irratti maree taasisuufi sirreffama barbaachisaa kenuun gara gocha itti aanutti darbuu.

Biyya keenya saboota, sabaaf sablammooti fi ummatooni baay'atanii tokkummaatiin jiraachuun miidhagina ta'u hubachiisuu, Naanna'ee naanna'ee biyya isaaniitiif gumaacha akka taasisaniifi kaka'umsa akka qabaatan ibsuun ni barbaachisa.

Gocha

- "Falmii barattootaa" barreffama jedhu bu'uureffachuun gilgaalicha gareetiin daree keessatti akka hoijetan taasisaa.
- Deebii gareetiin kenneme ka'umsa maree taasisuun sirreffama itti kenuu. Jaalalli biyyaa kan gabbatu kallattii adda addatiin ta'u ibsuu. Garee sadaniif qabxiin wal falmii fi ibsi hundi jaalala biyyaa gabbisuuf qabxiilee bu'uraa ta'u beeksisuu. Tokko tokko caalchisuun rakkisaa ta'u ibsuu. Gaaffii lakk. 1 Bitsi'aatii fi Hayeloom "Jaalala biyyaa gabbisuuf mirgoota dhuunfaa fi garee kabajamuu qaba" kan jedhu dirriirsanii boqonaa tokko irratti waa'ee mul'istoota walqixxummaa dimokiraasiif fi namummaa yaadachiisuun yaadolee amansiisaa ta'an akka tarreessan caqasuun haaluma sanaan sirreffama kenuu.

Gocha

- Barattoonnii gilgaala irratti daree keessatti akka irratti mari'atan taasisuu. Qabxiilee kana sirreffama deebiitiif fayyadamuu ni danda'u.
1. Jaalalli biyyaa kan ittiin ibsamu akkanumaan bal'ina lafaa, bishaan, gaareen, diriirina lafa ishee, mukeenii fi bosona kkf dinqisiifachuun osoo hin taane uummataaf jaalalaaf kabaja barbaachisu kenuun ta'u hubachiisuu ni barbaachisa. Mirgoota walqixxummaaf ilaalcha kenuun guddina hawaasa umamaatiif deggersa barbaachisu taasisuuf kutannoo fi kaka'umsa qabaachuun mul'istoota jaalala biyyaa ta'u ibsuudha. Qabeenyi umamaa fi daangaan ishee ilmaan namootaaf faayida qabeessaa fi barbaachisoo waan ta'aniif hubachuun jaalachuu nu barbaachisa. Haa ta'u malee kabajamuu mirgoota lammilee,

5 JAALALA BIYYAA

kabajaa fi jaalala lammilee caalanii kan mul'atani hin ta'an jechuun sirreessuuun barbaachisaadha.

2. Barsiisa, kutaa 5ffaa fi 6ffaa boqonnaa afur irratti yaadolee caqasaman ilaala.

- Miirri jaalala biyyaa dhibuu
- Waraana wali-walii, jeequmsa, diigamuu biyyaa kkf ibsamuu ni danda'u.

3. Gaaffii kana ilaalcissee barattooty yaadolee garaagaraa burqisiisuu ni danda'u. Lammileen daangaa umurii isaanii keessa jiran gocha hojjetan ta'uu agarsiisuu.

- Cimanii qu'achuu, barachuu, maanguddoota gargaaruu
- Qabeenyaa fi meeshaalee naannoo fi mana barumsaa kunuunsuu
- Maatii hanga humna ofii gargaaruu
- Mirga namootaa kabajuu
- Seeraa fi dambii mana barumsaaf bitamaa ta'uu kkf dha.

Haalawwan Jaalala Biyyaa Cimsuuf Barbaachisoo Ta'an

Jaalala biyyaa karaan itti cimsan baay'ee fi garaagara dha. Haala kanaan kan wal cimsan waan hedduu caqasuun ni danda'ama. Kana keessaa tokko kabajamuu mirogoota walqixummaa dha. Sirni dimokiraasii sona gaarii fakkeenyaaf aadaa waldanda'u, wal dhaggeefffachuu, wal mari'achuu, kkf gabbifachuun dhimmoota miirri jaalala biyyaa cimuutiif bu'uura ta'ani dha. Kanneen biroos caqasuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf:

- Qabeenyaa biyyaattii walqixa fayyadamaa ta'uu
- Gosaan, amantaan, bifaan, afaaniin, aadaatiin kkf kan taasifaman hojimaata loogi qaban hambisuu kan jedhaman caqasamuun ni danda'u.

Haala kanaan lammileen ijoollummaa isaaniitii eegalanii dhimma biyya isaanii irratti miira abbummaa fi quuqamni kan itti dhagahamu mirga dhala nاما kabajamuuf kan falman ta'uu qabu.

Guduunfaa

Ijoo kutaa barnoota kanaa bifa salphaa ta'een kaasuudhaan hubannoo gahaa argachuuisaanii mirkaneeffachuuun barbaachisaa dha. Tarii hubannoo gahaa yoo hin arganne gara mata duree itti aanutti osoo hin seeniin irra deeb'iun hubachiisuun barbaachisaa ta'a.

Kana booda:

- Jaalala biyyaa cimuudhaaf haalawwan barbaachisan tarreessuu danda'uun isaanii
- Seenaa naannoo beekuun jaalala biyyaa waliin yommuu ilaalamu faayidaa maal akka qabu hubachuu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa.

5.2 Gocha Miidhaa Qabuu fi Badaa Ta'e (Wayitii 2)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Gocha badaa kan mul'isan suuraa fi poosteroota,

5.2.1 Qabeenyaa Tajaajila Waleetiif Kunuuンsa Gochuu Dhiisuu

Gaaffilee Ka'umsaa

- Qabeenyaa tajaajila walee kanneen jedhaman kam fa'i?
- Yaada barattoot i kennan gabatee gurraacha irratti barreessaa
- Yaadolee ka'an rratti mareen haa taasifamu.
- Yaada barbachisaa fi walitti qabame itti kenuun sirreessuutiin gocha itti fufutti seenaa.

Gocha

- "Gocha fakkeenyummaa qabu" barreeffama jedhu bu'uureffachuun gilgaala manatti akka hoijetan hojiin manaa haa kennamuuf.

Fakkii dhiyaate irraa hubachuun kan danda'amu maal nadhibdeedhaan, miira maaltu nagalcheetiin mana barumsaa keessatti gochaawan raawwataman miidhaa kan qaban ta'u fi barumsaaf akka ta'u kan dhiyaate ta'u hubachiisuu barbaachisa. Barattoti qabeenyaa mana barumsaa kunuunsuu fi itti fayyadama qabeenyaa irratti itti gaafatamummaa qaban madaaluun ibsuu bifa danda'aniin sirreeffamni deebiif haa kennamu.

Hojii Garee

Barattoota 4-5 tti kan qabate garee lama ijaaraa. "Gumii Jaalala biyyaa" Gocha barsiisaan raawwate irraa maal akka baratan qabeenyaa mana barumsaa attamiin akka kunuunsan kan ibsu barreeffaa fuula tokko hin caalle bifa gabaasaatiin dareef haa dhiyeessan. Gabaasi dhiyaate haala qabatamaa mana barumsatiin ta'u mareen irratti haa gaggeeffamu. Sirreeffamni barbaachisaa ta'e gareef haa kennamu.

Qabeenyaa Tajaajila Waleetiif Kunuuンsa Gochuu

Tajaajila walee kan jedhaman baay'inaan lammiiin hundi ykn hawaasi naannoo tokko waliin jiraate dhaabbilee waliin itti fayyadaman fi qabeenyaa keessa jiru dha.

Fakkeenyaaaf dhaabbilee mana barumsaa, gandaa fi qabeenyaa baayyinaan baadiyyaa keessa kan jirani bosona, iddo dheediinsa horii, bishaan dhugaatii, iddo bashannanaa, daandii, kkf tajaajila waleef kan oolani fi qabeenyaa waliinii ta'u huabciisuu dha. Dhaabbilee kanaa fi iddoowwan kana qabeenyaa keessa isaanii jiru waliin haalaan qabamuu fi kunuunfamuun barbaachisaa dha. Dargaggooni qabeenyaa waliini kana haalaan beekanii kunuunsa barbaachisaa taasisuu amaleeffachuu akka gabbifatan hubachiisuun barbaachisaadha. Qabeenyaa waliinii miidhaa fi manca'u irraa ittisuun faayidaa itti fufiinsa qabu akka kennan taasisuun lammileen biyya isaanii jaalatani itti gaafatamummaa isaanii dha.

5.2.2 Balfa Iddoo Adda Addaatti Gatuu, Mana Fincaaniitti Seeran Fayyadamuu Dhabuu

Gaaffilee Ka'umsaa

- Mana Fincaaniitti sirnaan fayyadamuu dhabuu fi balfa bakka adda addaatti gatuun rakkoo attamii fiduu danda'a?

5 JAALALA BIYYAA

- Waan beekan dabareen akka ibsan taasisuu
- Haala qabatama naannootiin rakkoo fayyaa mul'atu jechuun dhibee daddarbaa, qufaa, bishaan dhugaatii qulqullina hin qabneen kan dhufu dhibee gara kaasaa ibsuun yaada akka kennan taasisaa. Naannoo kanatti fakkeenya kan ta'an kaasuutiin ibsa itti kenuun gara ijoo barumsati seenuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf dhibee Sadaasaa iddo tokko tokkotti baatii Sadaasaa keessa balfa walitti qabuun gubuu "Sadaasa aarsuu" jechuun yaadanno gocha baatii kanaa bara 1920 kan dhufuu fi lubbu namoota hedduu kan balleessee fi balfa waliin wal qabatee kan dhufee fi yeroo sana irraa eegalee aadaan balfa qulqulleessuu waan barame ta'uun caqasuuun ni danda'ama.

Gocha

- "Iskaawutii ijoollee Mandara Qulqulluu" barreeffama jedhu bu'uureffachuun gilgaala akka hojjetan hojji manaa kennaafii.

Gaaffii lakk. 3 naannoo isaaniitti gocha walfakkaatu irratti kan bobba'an yoo jiraatan akka ibsan haa ta'u. Gaaffiin gilgaalichaa barreeffamaan haaluma dhiyaateen qabxiilee sirreeffamaa kennaafii.

Fakkii 5.4 fi 5.5 irraa barttooti maal akka hubatn akka ibsan osoo ta'e.

Gocha

- Gilgaalicha garee xiqlaatiin akka hojjetan haa ta'u. Gareen murtaa'an deebii irra gahan keessaa tokko qofa akka dhiyeessan haa ta'u. Deebii kenname irratti mari'achuun dhuma irratti sirreeffama barbaachisu kennuu.
1. Kitaaba barataa irratti yaada kaa'ame ilaaluun ni danda'ama.
 2. Naannoo mana jirenyaa fi mana barumsaa kan jiru haala qulqullinaa ilaalcissee yaadisaan kennan sirrii ta'uun mirkaneeffachuu.
 3. Naannoo qulqulleessuun itti gaafatamummaa lammii hunda ta'uun bifa hubachiisuu danda'uun cimsuu. Barattooti naannoo qulqulleessuun, akka hin xureessineefis ga'oo isaanii ba'uun amaleeffachuu akka hubatan taasisuu dha. Haala kanaan qulqullina yommuu jedhamu qulqullina naannoo qofa osoo hin taane qulqullina dhuunfaas eeguun kanneen qulqullina eeguun itti mul'atan keessaa isa tokko dha. Qulqullina eeguun kan eegalu qulqullina dhuunfaa eeguu, qulqullina mana jirenyaa fi mooraa qulqulleessuu irraa ta'uun fakkeenya kaasuun hubachiisuu barbaachisa.

Balfa Iddoo Adda Addaatti Gatuu, Mana Fincaaniitti Seeraan Fayyadamuu Dhabuu

Barattooti umurii ammaa irraa eegalee naannoo isaanii fi mana barumsaatti gocha fafee rakkoo fayyaa fidan raawwachuu irraa akka of eegan kan tattaafatan ta'uun qabu.

Rakkoon fayyaa fi lubbuu namoota baay'ee baduuf sababa kan ta'u keessaa tokko balfa haala sirrii ta'een quqlulleessuu dhabuu dha. Balfa qulqulleessuun itti gaafatamummaa eenyutti? Kan jedhu kaasuu ni danda'ama. Deebiin isaa itti gaafatamummaa lammii

5 JAALALA BIYYAA

hundaatti. Haala kanaan Barattooti umurii kana irraa eegalee aadaa balfaa qulqulleessuu fi naannoo qulqulleessuu irratti itti gaafatamummaa akka qaban,, irra caalaa mana barumsaa fi daree barnootaa qulqulleessuun barattoota irraa kan eegamu naamusa gaarii ta'uu beekuu qabu.

Guduunfaa

Barattooti yaadolee bu'uuraa haala gaariin hubachuu isaanii gaaffii fi deebiitiin mirkanneffachuu barbaachisa. Haala kanaan barattooti kutaa barnoota kana keessaa mana barumsaa keessatti meeshaalee waliin itti fayyadamanifiif kunuunsa gaarii gochuu dhabuun:-

- Balfaa idoo hundatti gatuu
- Mana fincaaniitti seeraan fayyadamuu dhabuu
- Jaalala biyyaa dhabuun miidhaa inni geessisu hubachuu isaanii mirkanneffachuun gara mata-duree itti aanutti darbaa

5.3 Amaloota Gaarii (*Wayitii 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Fakkii namoota gocha gaarii irratti bobba'an seenaa jirenyaa isaanii fi fakkeenya ta'an.

5.3.1 Gocha Badaa Kamiyyuu Mormuu

Gaaffilee Ka'umsaa

”Fayyummaa fi jireenyi jiraates dhibes ameenya irra gaarummaan wayyuu hin dhabu”

Kan jedhu walaloon hawaasaa amaal gaarii akka gabifamu maal nu barsiisaa?

- Barattooti walaloo keessa yaada itti dhaga'ame dabareen akka ibsan taasisuu.
- Yaadolee ibsaman irratti maree akka gaggeessan yaada gaafachuu.
- Deebisee irraa nan fayyadama jechuu osoo hin taane haala kam keessatti waan qajeelaa fi sirrii ta'e gochuun waan gaarii akka ta'e yaada ka'umsaa kennuun gocha itti aanu hojjechiisuu. Gocha gaarii raawwachuun ijoollummaa irraa eegaluu akka qabu hubachiisuu dha.

Gocha

- ”Saree Amanamaa” barreffama jedhu bu'uureffachuu gilgaala akka hojjetan hojji manaa kennuu.

Deebii kenname sirreessuuf qabxiilee kanneen ilaaluun ni danda'ama.

1. ”Gocha gaarii” waliin bifa wal simeen akka hubatan taasisuu.
2. Haala danda'ameen gocha gaarii raawwachuuf yaalii taasisuun barbaachisaa akka ta'e hiriyyaatti maatiif, biyyaaf kkf amanamaa ta'uun barbaachisaa akka ta'e, itti gaafatamummaa ofii eeggannoobahuu, Rakkoo mudatu ciminaan keessa bahuu amaleeffachuu akka barbaachisuu fi akka fayyadu hubachisuu barbaachisa.
3. Murtoo tokko irra ga'uun duraa fi tarkaanfii fudhachuun dura ragaa qaama biroo irraa argame, dhugaa fi soba ta'uu qulqulleeffachuu barbaachisaa dha. Obsis akka barbachisu hubachiisuudha.

5 JAALALA BIYYAA

4. Gocha miidhaa qabuu fi badaa ta'e qaama ilaalutti saaxiluu, gocha fafee kan raawwatan yoo mudatan gocha isaanii irraa akka of qusataniif gorsuu fi dheekkamuu akka barbaachisu hubachiisuu barbaachisa.

Gocha

- Gilgaala kana barattooti daree keessatti akka hojjetan haa ta'u. Akkaataa fakkeenya isaatiin iddo duwwaa haa guutan. Barattooti umuriitiin, sadarkaa barumsaatiin amala gabbifachuu qaban waliin wal bira qabuun madaaluun deebii kenname irrati sirreffama taasisuu.

Gocha Diigaa Kamiyuu Mormuu

Fedhii dhuunfaa guuttachuuf gochoota qaama biroo miidhan irraa of qusachuu fi gargaarsa gochuu dha. Kanaafuu, namoonni addunyaa kana irra jiraatan fedhii fi haala mijaaawaa dhuunfaa isaanii qofa eegsisuu (kabajchiisuu) osoo hin taane qaamota biroofis gargaarsa barbaachisu gochuun. Haaluma kanaaf namonni beekumsa, qabeenyaa lubbuu fi yeroo isaanii namoota biroof aarsaa godhan jiru. Kunis gocha kabajamaa fi olaanaa dha. Gocha eebbifamaa kanas yoo raawwachuu baannes gochoota nama biroo miidhanii fi fudhatama hin qabne irraa of qusachuun barbaachisaa dha.

Tarii dirqamni osoo hin jirre gochoota gaarii tokko tokko fedhii fi kaka'umsa mataa ofiitiin kan raawwatan jiru. Fakkeenyaaf qaama miidhamtootaa fi namoota humna hin qabne gargaaruu, hojimaata loogii qabu fudhachuu dhiisuu, hattuu saaxiluu fi kkf dha. Gama birootiin gochoota diigaa ta'an raawwachuu dhiisunun akka hojii gaariitti lakkaawamuu danda'a. Gochoota diigaa namoonni biro raawwatanis mormuu fi saaxiluun gocha gaariin ibsama.

Guduunfaa

Barnoota kana keessa barattooni beekumsa addaan baafachuuf gaaffilee tokko tokko kaasuun mirkanoefffachuun ni danda'ama. Barnoota kana keessatti qabxiilee armaan gadii irratti barattooni yaada gahaa kennuu qabu. Isaanis,

- Gochoota diigaa naannoo isaaniitti raawwatanmanii fi argan hunda maaliif mormuun akka barbaachise tarreessuu danda'uu isaanii beekuu
- Amaloota gaarii mana barumsaa fi naannoo isaaniitti gabbisuu qaban hubachuu danda'uu isaanii beekuuun barbaachisaa dha.

5.4 Hiyyummaa Dhabamsiisuu (*Wayitii 2*)

Qophii Wayitii Barnootaa Keessatti Meeshaalee Deggarsa Barnootaa:

- Imaammatootaa fi tarsiimoowwan misoomaa waajjiroota mootummaa adda addaan qophaa'an
- Sanadootaa fi barruulee adda addaa misoomaa fi bulchiinsa gaarii irratti mootummaan qophaa'an

5 JAALALA BIYYAA

5.4.1 Hiyyummaa Dhabamsiisuuf Baraachisummaa Imaamamttootaa fi Tarsiimoowwanii

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Fakkii tokko isa biroo waliin walbira qabuun erga maal akka dabarsan hiriyoota isaanii waliin haa maria'tan.
- Fakkiwwan ilaaluunyaada isaanii akka ibsan haa ta'u
- Yaadotaa ka'an irratti yaada mata-mataa isaanii akka kennan carraa kennuufii
- Dhuma irrattis yaadni sirreeffamaa kennamee hojii itti aanutti cee'uudha.
- Yaadotaa kennaman cimsuuf akka tolu yaada armaan gadii laachuun ni danda'ama.

Karaan hiyyummaa keessaa ittiin bahan hojii ta'uun isaa beeksisuu. Namni kamiyyuu ijoollummaa isaa irraa jalqabee yoo cimee hojjete, rakkooft, kadhaa fi hiyyummaaf akka hin saaxilamne hubachiisuun barbaachisaa dha. Haala kanaan barattoonni mana barumsa isaaniitti, naannoo maatii isaaniitti, magaalaa jiraatanitti fi kkf keessatti hojii isaan raawwatchuu qaban itti agarsiisuun barbaachisaa dha. Ammumarraa yoo cimanii baratan meeshaa jirenya isaanii kan fuula duraa mijaawaa (fooya'aa) gochuuf isaan gargaaru ta'uun isaa hubachuu. Dabalataan boqonnaa torbaa fi saddeeti ilaala.

Gocha

Mata duree barreeffama (dubbisa) "Ijoollee Ganda Iffooyitaa" jedhu irratti hundaa'uun gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan haa godhamu. Akka sirreessuuf isin gargaaru qabxiwwan armaan gadii ilaala.

1. Barreeffamicha keessaa qabxiileen ittiin sirreessan haa qophaa'an.
2. Jiruu fi jirenya dargaggoota hojii dhabeeyyii fi gocha gadhee irratti bobba'an jijiiruuhojii hojjachuu danda'an akka adda baasan gochuu. Iddoo kamittuu namni hojjannaan hojiin akka hin dhibne (hin dhabamne) hubachiisuun dha.
3. Gaaffiin kun barattootatti cimuu danda'a. Yoo dnada'ame haala armaan gadiin osoo ilaalamee. Barsiisaan./tuun hiika imaammataa fi tarsiimoo jedhu jecha salphaan haa ibsan.

Imaammata: Seera waliigalatti kan kallattii agarsiisu, karoora yeroo dheeraa keessatti raawwatamuu danda'uun fi kallattii barsisu ta'uun isaa

Tarsiimoo: Tarsiimoo (strategy) jechuun qajeelfama imaammanni ittiin raawwatamuu fi tooftaa tarreffama raawwii karoora ykn meeshaa imaammanni ittiin raawwatuu jechuun ibsuun ni danda'ama.

Biyya keenya keessatti imaammatooni adda addaa mootummaan qophaa'an jiraachuu isaanii beeksisuu, (Imaammatootaa fi tarsiimowwan diinagdee, hawaasummaa, siyaasa, qunnamtii biyya alaa, aadaa, barnoota, fayyaa fi kkf tuquun ibsuufiin barbaachisaadha.

Imaammatoonnii fi tarsiimoowwan misooma saffisiisuuf biyyattii keenya hiyyummaa fi duubatti haftummaa keessaa baasuuf kan qophaa'an ta'uun beeksisuun barbaachisaa dha.

Gocha

- Gaafilee qajeelaa kanaa hojii manaa kennuu. Yaadotaa armaan gadii sirreessuuf itti fayyadamuu ni dandeessu.
- 1. Hiyyummaan karaa adda addaan akka ibsamu itti agarsiisuu (Boqonnaa 7 keessatti « Aadaa Hojii Cimaa » jedhu ilaala).

Hiyyummaa jechuun :

- **Sadarkaa maatiitti** waan nyaatanii fi dhugaan dhabuu, uffata dhabuu fi barnoota barbaachisu barachuu danda'uu dhabuu, namoota irratti irkatanii jirachuu duutii haadolee fi daa'immanii dabaluu, araada adda addaan booji'amuu, dubartiin mana bunaatti galuu, jirenya karaa irraaf saaxilamuu fi kkf ibsama.
 - **Sadarkaa naannootti :** Rakkoo fayyaa,babal'ina saamichaa fi hanna, naannoo jirenyaa qulqullina hin qabne jiraachuu fi kkf ibsama.
 - **Sadarkaa biyyaatti :** Duubatti hafummaa, hiyyummaa diinagdee, biyyoota adda addaa gargaarsa kadhachuun jiraachu, hojii dhabdummaa, barnootaa fi fayyaa qulqullina hin qabne argachu, bishaan dhugaatii qulqullina qabu dhabuu fi rakkowwan tajaajila hawaasummaa adda addaa jiraachuun ibsama.
2. Hiyyummaa keessa buhuuf tattaaffii godhuun barbaachisaadha. Qabeenyaa fi beekumsa qindeessuun misooma adda addaarratti hirmaachu, sirna dimokiraasii cimsuu fi kkf hojjachuun aadaa hojii duubatti hafaa jijiiruun aadaa hojii cimaa ofitti fudhacuun barbaachisaadha.

Barnoota kana keessatti hiyyummaa haala biyyaatiin akka ilaalan gochuun barbaachisaadha. Haala kanaan imaammattootaa fi tarsiimoowwan biyyattii keenya hiyyummaa keessaa baasuuf dandeessisan akka barbaachisan beeksisuudha. Imaammatoonnii fi tarsiimoowwan misoomaa kan ta'an kan akka barnootaa, fayyaa, qonnaa, industrii, qunnamtii biyya alaa, hirmaannaa dubaraa fi kkf biyaattii keenya hiyyummaa keessaa baasuuf meeshaa guddaa dha. Lammuin biyyattii hundi imaa-mmattootaa fi tarsiimoowwan misoomaa keenya beekee fi fudhatee hojiirra oolmaa isaaniif hirmaannaa hoo'aa gochuun qaba.

5.4.2 Mana Jirenyaa Fi Mana Barumsaa Keessatti Tajaahila Gocha Gaarii Raw-wachuu

Gaaffii ka'umsaa

Fakkiwwan dhaamsa maal dabarsu ?

- Fakkiwwan 5.7 irratti ka'an ilaaluun wanta hubatan akka ibsan carraa kennaafii
- Yaadotaa dhihaatan irratii marii gaggeessuu
- Sirreeffama barbaachisaa kennuu gara barnootaatti galuun ni dand'ama.

5 JAALALA BIYYAA

Dhimmi ijoon gaaffii ka'umsaa, ijoolleen miira ka'ka'umsa mataasaanii of keessatti uumuun akka dandeettii (humna) isaaniitti gochoota gaggaarii adda addaa raawwachuu dandeessisuu ta'uun isaa hubachuun sirreffama kennuufiidha.

Gocha

- Barattoota daree keessaa 5-6 ta'an gare gareen quoduu
- Gareen tokko tokko gaaffii tokko qofa akka hojjatu adda baasanii kennuufii
- Wayitii barnootaa itti aanu ggabaasa fuula tokko hincaalle gareewwan akka dhiheessan gochuu

Hojii gareetiif kallattii itti agarsiisuuf qabxiilee armaan gadii ibsaafii.

1. Hojiilee gocha gaarii keessatti dhuunfaan yoo hirmaatan miira hojii isaan keessatti uumaniifi faayidaa argamuu danda'u irratti hundaa'uun gareen gabaasicha isaanii akka qindeessan gochuudha.
2. Biyya keenya keessatti namoonni hojii gocha gaarii irratti hirmaatan akka jiran beeksisu qabna. Fakkeenyaaaf, Adde Abbabach Goobanaa, Dooktar Jambar, Mistar Kaarl Henz fi kkf tuquun ni danda'ama. Gocha gaarii namoota kanneen itti muldhisuun gabaasni isaanii seenaa namoota kanaa irraa maal barachuu akka danda'an kan ibsu ta'uun akka qabu gochuu.

Hojii gocha gaarii irratti hirmaachuun misoomaa fi guddina biyyatiif shoora olaanaa qaba. Haala kanaan duudhaa gocha gaarii lammii keenya keessatti ijaaruun faayidaa olaanaa qaba. Adeemsa gabbisuu amala (duudhaa) hojii gocha gaarii keessatti faayidaa manneen barnootaa qaban olaanaa akka ta'e ni amanama.

Barattooni naannoo mana jirenyaa isaanii fi mana barumsaa keessatti haala dandeettii isaaniitiin wanti hojii gocha gaarii raawwachuu danda'an akka jiran ni beekama. Haala kanaan barattooni kaka'umsa mataa isaanii uumuufii ta'e namootas qindeessuun qulqullina mana barumsa isaanii fi daree isaanii eeguu qabu. Mooraa mana barumsaa keessatti biqiltuu mukaa dhaabuu irratti barattooni hirmaannaa cimaa taasisuutu irraa eegama. Akkasuma qaama miidhamtoota gargaaruu, akka dandeettii fi humni isaanii eeyyameen gargaarsa gaafatamaniif deebii kennuun barbaachisaa dha.

Guduunfaa

Gaaffilee ijoon kutaa barnootaa kanaa kaasuun, barattooni sirriitti barachuu fi hubanno argachuu isaanii mirkanoeffachuun barbaachisaa dha. Yaadotaa gurguddoo armaan gadii irratti hubanno sirriitti hin argamne ta'e osoo kutaa barnootaa ittiaanutti hin darbine irra deebi'anii barsiisuun barbaachisaa dha.

- Hiyyummamaa dhabamsiisuuf faayidaa imaammattoonnii fi tarsiimoowwan qaban hubachuu danda'uun isaanii irratti

- Faayidaa barattooni mana jirenyaa, naannoo isaanii fi mana barumsaa keessatti fedhii isaaniin gocha gaarii gumaachuu qaban tarreessuu danda'uu isaanii irratti mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.

5.5 Lammummaa (*Wayitii*)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaa deggarsa barnootaa

- Heera Federaalawaa, Dimokiraatawaa Rippabliika Itiyoophiyaa

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Lammummaa jechuun maal jechuudha? Dursitanii wanta barattan yaadachuun lammummaa ilaachisee hiriyyoota keessaniif ibsaa.
- Lammummaa jechuun maal akka ta'e hanga hubatan akka ibsuu danda'an carraa kennaafii.
- Yaadota ka'an irratti hundaa'uun haala gara mata duree barnootaatti galchuun daqiqaa muraasaaf marii godhuudha.

Gocha

Barattooni gilgaalicha dhuunfaa isaaniitiin erga hojjatanii booda deebii kennan irratti barattoota cinaa isaanii taa'u wajjin walii akka sirreessan gochuu. Barattooni muraasni deebii kennan ijoollee daree keessa jiraniif haa dubbisan. Deebii dubbifneef irratti barattooni yaada akka kennan haata'u. Deebii kenname irratti sirreeffama kennuf qabxiileen armaan gadii ni tajaajilu.

1. Yaada kitaaba barataa keessatti ibsame (5.5) heera biyyattii (keewwata 6) ilaaluun tooftaalee lammummaan ittiargamu qabachiisuu.
2. Namni lammii Itiyoophiyaa irraa dhalate kamiyyuu Itiyoophiyaa keessa jiraataa lammummaa Itiyoophiyaa hin barbaadu jechuun, dirqama lammummaas hin bahu jechuun gonkumaa hin danda'amu. Yoo jiraates seenaan kan ittigaafatamu ta'a.

5.5.1 Karaawan Lammummaan Ittiargamu

Biyya keenyatti lammummaan karaawan lamaan argama. Isaanis karaa dhalootaanii fi karaa seeraatiin. Namni tokko lammii biyya tokkooti yeroo jedhamu miseensa ykn ittifayyadamaa biyya sanaa ta'eera jechuudha.

Kanarraa ka'uun dirqama lammummaa bahuu fi lammummaa isaatiin faayidaa argachuu qabu argachuuf mirga qaba. Haaluma kanaan, mirga qabeenya biyyattii walqixxummaan ittifayyadamuu qaba jechuudha. Mirga lammummaa nama tokkoo kabajamuu qofa osoo hin taane, dirqama (ittigaatamummaa) lammii tokko irraa eegamu bahuun gaaffii lammummaa wajjin walqabateedha. Lammummaan bu'uura jaalala biyya tokkoti. Dhimmi lammummaa argachuu heera biyyattii keessatti bahuun isaa kan agarsiisu kabajni lammummaaf kenname baay'ee guddaa ta'uun isaa agarsiisa.

5 JAALALA BIYYAA

5.6 Alaabaa Biyyooleessa (Wayitii)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaan deggarsaa

- Alaabota Federaalawaa Dimookiraatawaa Riippaabiliika Itiyoophiyaa (FDRI) fi naannolee
- Asxaa FDRI
- Alaabota biyyoota alaa

5.6.1 Hiika Alaabaafi asxaa Biyyooleessa

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Barattoonni asxaawwanii fi halluun isaanii alaabaa FDRI fi naannolee irra jiran maal akka ta'an haa ibsan.
- Yaadota ka'an bu'uura gochuun gara mata duree barnootichaatti haa galamu.

Gocha

- Walaloo mata duree “Alaabaa Tuni” jedhu irratti hundaa’uun daree keessatti akka dhiheessan carraa kennaafii.

Yaada walalichaa caalmaatti ibsuu fi qabxiilee sirreffamaa qopheessuuf tarii barsiisota afaanii mariisisuun ni danda’ama.

- Waa’ee alaabaa ilaachisee hubannoo kanaan dura argatan irratti hundaa’uun gilgaalicha kutaa keessatti akka hojjatan haa godhamu. Gaaffilee sadeenuu gilgaala keessa jiran soroorsuuf ibsa kitaaba barataa keessa jiru dubbisuun faayidaa guddaa qaba.

Hiika Alaabaa fi Asxaa FDRI

Weerara Xaaliyaan waggaa shanii malee Itiyophiyaan biyyoota Afrikaa keessa gita bittaa Faranjootaa jalatti osoo hin kufne biyya hafteedha. Kanaaf Itiyophiyaan fakkeenyaa bilisummaa ummattoota gurraachaa fi ka’umsa halluu alaabaa biyyoota Afrikaa tokko tokko taateetti. Lammummaan walqabatee kan yeroo hunda ka’u alaabaa biyyattiiti. Alaabaan eenyummaa biyya tokkoo fi lammii tokkooti. Kanaafuu, lammii tokko duraan dursee alaabaa, asxaa fi faaruu alaabaa biyya isaa beekuuf dirqama qaba. Miirri biyyummaa fi jaalalli biyyaa lammii gaarii tokkoo kan ittiin ibsamu alaabaa biyya isaa, asxaa fi faaruu biyyooleessa yoo kabajeedha. Alaabaan biyya keenyaa fi faaruun biyyooleessa eenyummaa keenya kan ibsu waan ta’eef, xiyyeffanna fi kabaja barbaachisu argachuu qaba.

Guduunfaa

Barattoonni yaadota bu'uura ta'an kan armaan gaditti barreefameen qabachuu (hubachuu) isaanii barattoota dandeettiin adda adda ta'an gaafachuun mirkanoeffachuu barbaachisaadha. Haaluma kanaan barattoonni wayitii barnootaa lamaan kana keessatti

- Karaawan lammummaan itti argaman tarreessuu isaanii;
- Hiika alaabaa fi faaruu biyyooleessa haala quubsaan hubachuu isaanii mirakneessuun barbaachisaadha.

Deebii Gaaffiiwwanii

I. “Dhugaa” yookiin “Soba”

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba 4. Soba

II. Walitti Firoomsuu

1. E 4. H 7. I
2. G 5. F 6. B

III. Iddoo Duwwaa Guutuu

1. Lammummaa 2. Malaammaltummaa

IV. 1. D 2. C 3. D 4. C 5. C 6. C

V. Ibsa Deebii Gabaabinaan

- Gaaffiwan lamaaniifuu deebii adda addaa kenuufii waan danda’amuuf burqaa ragaawwan kitaaba barataa, hubannoo barsiisichaa fi kkf irratti hundaa’een yaadota sirreeffamaa hubannoo keessa galchuun qopheessuun barbaachisaadha.

BOQONNA JAHA

MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

(Wayitii 10)

Kaayyoowwan Boqonnichaa: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda,

- Lammiiwan hundi ittigaafatamummaa isaanii yeroon, amantummaa fi gahumsaan bahuuf dirqama akka qaban ni hubatu.
- Qabeenya uummataa fi hambaalee seenaa biyyattii balaa adda addaa irraa eeguun dirqama lammii hundaa ta'uu isaa ni hubatu.

Lakk.	Kutaa Barnootaa	Kaayyoo Barnootaa	Burqaa Meeshaalee Deggarsaa
1	Waadaa	Gosoota waadaa maatii isaanii irraa eegan ni tarreessu.	Poostaroota waadaa ittiin galan
2	• Amanamummaa • Dhugummaa (haqummaa)	<ul style="list-style-type: none">• Ittigaafatamummaa qajeelummaa amanamaa fi dhugummaan bahuu ibsu.	Fakkiwwanii fi sochii gocha itti gaafatamummaa muldhisu.
3	Qabeenya uumamaa fi hambaa seenaa qabeessa.	<ul style="list-style-type: none">• Qabeenya uumamaa fi hambaa seena-qabeessa kunuunsuu fi faayidaa isaanii ni tarreessu.• Akka dandeettiisaaniitti qabeenya uumamaa fi hambaa seena-qabeessa naannoo isaanii badii irraa eegu.	<ul style="list-style-type: none">• Barruulee poostarootaa fi kkf waajjira eegumsa hambaaleetiin maxxanfaman• Hambaalee seena-qabeessa adda addaa (muuziyamii) fi iddo tuurstiif hawataa ta'an.• Naannoo hawataa ta'an ilaaluu poostarootaa fi suuraa ilaaluu.
4	HIV/AIDS	<ul style="list-style-type: none">• Karaawan HIV/AIDS ittiin darbu ni ibsu.• Miidhaa HIV/AIDS maatii fi biyyarraan gahaa jiru tarreessuu.• Sadarkaa isaaniitti HIV/AIDS irraa of eeguu.• Namoota HIV/AIDSii qabaman haala humni isaanii eeyyamuun gargaarsa gochuu.	<ul style="list-style-type: none">• Asxaawan, pootaroota, suraawwanii fi kkf. dhimma HIV/AIDS irratti maxxanfaman.

6.1 Waadaa

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggersa barnootaa

- Fakkiwwan, suuraawwanii fi poostaroota abbootiin seeraa fi ogeeyyiin fayyaa waadaa ittigalan
- Sanadoota fuudhaa-heerumaa fi waadaa ittigalan
- Waadaa sabaani, sablammoonni fi ummattoonni Itiyoophiyaa heera biyyattii keessatti ittiin galan
- Waadaa Pirezidaantii FDRI ittiin waadaa galan kan heera biyyattii irra jiru.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

Dargaggo fi shamarran ogeessa fayyaa fakkii irratti argaman maal gochaa jiru?

Waadaa galuu jechuun maal jechuudha?

- Fakkicha hubachuu fi gaaffilee deebisuuf yeroo isaan gahu kennuufii.
- Wanta hubatan akka ibsan carraa kennuufi. Yaadota ka'an irrattii hundaa'uun marii gochuu. Haala barumsichaa kan itti aanu jalqabsiisutti mariin guduunfuu.

Yaadota armaan gadii sirreffama gaaffilee ka'umsatiif fayyadamaa.

- Dubbiin ijoo fakkichi ibsu ogeessonni fayyaa yeroo eebbfaman waadaa galuu isaaniiti. Waadaan isaan galan kuni wagga 40f dhaloota Iyyasuus Kiristoosiin dura Hippo kiraatis, faalaasfaa fi ogeessa beekumaa fayyaa biyya Giriik turaniin kan qophaa'ee fi hanga hardhaa ogeessonni fayyaa kan waadaa ittigalaniidha. Ka'umsi waadaa ittiin galan kuni ogeessonni fayyaa yeroo nama yaalan loogii akka hin hojjanne ilmaan namaa osoo addaan hin baafne beekumsa isaanii akka hojii irra oolchaniiif jecha kan waadaa ittiin galan qophaa'uu isaatiin beekkama. Hanga ammaa kan waadaa ittiin galan kana kan dorgomu hin jiru. Waadaalee qaamoni biroo ittifayyadamanifiis ka'umsa ta'ee tajaajilaa jira.
- Ka'umsi 2ffaa gaaffii kanaa wanta tokko raawwachuuf waadaa galuu fi wanta waadaa galaniif sanas raawwachuuf kutannoo agarsiisuu akka barbaachisu ibsuufi.

Gocha

- Barreffama (dubbisa) mata duree “Goota Amayyaa” jedhu dubbisanii gilgaala isaa hojii manaatiin akka hojjatan godhaa. Barsiisaan qabxiilee sirreffamaa ta'an haala armaan gadiin qopheessuu ni danda'u.

Gaaffii 1^{ffaaf} barreffamicha irraa qindeesuu

Gaaffii 2 fi 3^{ffaaf} Goota jechuun kan dirree waraanaatti aarsaa guddaa baase qofaa akka hin taane hubachiisuun barbaachisaadha. Bu'uruma kanaan namni kamiyyuu rakkoo isa qunnamu, qormaataa fi danqaraa gara kuteenyaan keessa bahee yoo moo'ate jechuunis, hojii

6 MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

irratti hirmaate sana qabxii olaanaa yoo galmeessise ykn yoo galmeesse, wanta waadaa gale sana gara kuteenyaan yoo hojiirra oolchee fi kan amantaan irratti gatamu yoo ta'e, goota jedhamee waamuu kan danda'u ta'uu isaa yaadachiisuu. Abarraanis "Goota Ammayyaa" jedhamee kan waamameef kanumarraa ka'uun ta'uu isaa hubachiisuu dha. Barattoonis barumsa isaanii ciminaan hordofanii qabxii gaarii galmeessisuun sadarkaa guddaa irra gahuuf yoo dhama'an gotha goota raawwachuu isaanii ibsaafii.

Gocha

Gilgaalicha maatii isaanii gaafatanii akka hojjatan hojji manaa kennaaifi. Yaadrimee waadaa jedhu haala barattooni itti hubatutti gocha qabatamaa wajjin ibsuufii. Namni hawaasa waliin jiraatu keessatti waadaa galeen turu kabajaa fi amantaa guddaa kan argatuu fi iddo ittigaafatamummaan hojjatuufis akka kaadhimamu taasisa, faayidaalee adda addaas namaaf argamsiisa. Faallaa kanaatiin namni waldaa gale hin eegne, gocha isaatti kan saalfatu, kan amantaan hin kennamnee fi kan tuffatamu ta'uu isaa barattooni beekuu qabu.

Waadaa

Waadaan haala adda addaa fi iddo addaatti ni raawwatama. Fakk. Fuudhaa-heeruma, dameewwan ogummaa adda addaatti, filatamtoota siyaasaa olaanaatti, sanadoota waliigaltee irrattii fi kkf.

Aadaan gocha tokko kutannoo fi dhamaatii guddaan raawwachuu fi galma eegamu ykn sadarkaa barbaadame irraan gahuu danda'u isaa ibsa. Waadan gocha waliigaltee namoota gidduu jiru eeganii (kabajanii) raawwachuus ni ibsa. Waadaa galan eeguun ibsa amala gaariiti jennee fudhachuu dandeenya. Yeroo tokko tokko namoonni ofuma isaaniitiif waadaa ni galu. Amaloota hin barbaachifne irraa fagaachuuf ta'uu danda'a. Rakkoolee isaan mudatan hunda keessa bahanii dhamaatii guddaa booda bu'ee fooyya'aa fiduufis ta'uu danda'a. Waadaa hiriyyaa isaaniif galan eeguuf qofa maatiin kamuu fuuldura isaanii dhaabbatus kutannoon cabsanii keessa darbuun kan waadaa galan eeganis jiru. Garuu yeroo hunda waadaa yeroo galan of eegganno gochuun barbaachisaadha. Wanta waadaa galuu barbaadan sana keessa bahuu danda'u isaanii dursanii mirkanoeffachuu qabu. Kunis ofirrattis ta'ee namoota irratti rakkoon akka hin uumamne nama dandeessisa. Dandeettii fi ogummaa qaban osoo hin madaalle waadaa galuun sirrii miti. Wanti akkanaa yoo raawwate nama saalfachiisuu irra darbee kabaja eenyummaa nama xureessa. Fudhatama namoota biroo biratti qabnu nu dhabsiisa. Amanamummaa dhabna. Kanaafuu, yeroo hunda yeroo waadaa gallu ofeegganno godhuudha.

Guduunfaa

- Yaadota ijoo mata duree barnooticha kanaa jechoota salphaan dhiheessuun dhuma irratti barattooni hubannoo fi dandeettii gahaa argachuu isaanii mirkanoeffachuu barbaachisaadha. Tarii naannoo yaadota gurguddoo barnootichaa hordofuu irratti

6 MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

hubannoonaanisaanii yoo hin cimne, gara mata duree haarawaa osoo hin galle irra deebi'anii ibsuufiin barbaachisaadha.

- Mana isaanii keessatti fi sadarkaa isaaniitti waadota galuu fi kabajuu qaban tarreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha.\

6.2 Qajeelummaa, Amanamummaa fi Dhugummaa (*Wayitii 3*)

Qophii waqtii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Seera-bu'uurota (Piriinsipiloota) 12n hojjattoota mootummaa
- Seenaa namoota hojii qajeelummaanii fi ittigaafatamummaa isaanii bahuun galateeffaman.
- Wantoota hojii gaarii ibsan kan akka oduu, hibboo fi kkf.

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

Amanamummaa fi dhugummaan attamitti ibsama?

- Gareen goodamuun gaaffilee ka'umsaa irratti akka mari'atan godhaa.
- Naannoo yaadrimee irratti mari'achuun wantoota hubatan irratti akka yaada kennaan ijoolee muraasaaf carraa kennuu.
- Yaadota dhiyaataniif ibsa sirreeffama gabaabaa kennun gara barumsichaa qabuudha.
- Tarreeffama yaadrimootaatiif ibsa kennamu irraa yaada argachuun ni danda'ama.

Gocha

- Barreeffama mata duree "Gimbanyaa Amanamaa" bu'uura gochuun garee xixiqaatti quoduun gilgaalicha kutaa keessatti haa hojjatan. Gareewan muraasni wanta hojjatan akka dhiheessan haa godhamu. Gaaffile gilgaalicha soroorsuuf yaada waliigalaa armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama.

Namni tokko gocha dhugummaa (haqummaa) qabu wanta raawwateef faayidaalee adda addaa ni argata. Namoota biratti kabaja (ulfina), galata, maqaa gaarii fi kkf argata. Guddina mindaa argachuun jirenya fooyya'aatti ce'a. Gimbanichis hojii faayidaa guddaa qabu kan argachuun itti danda'e gocha gaarii raawwateeni. Haqa-qabeessa ta'uun dursaan inni guddaan mataa ofiitiif ta'uu isaa hojii gimbanyichaa irraa hubachuun akka danda'amu beeksisuuf akka fakkeenyaaatti kan dhihaatee dha. Kanaaf gochi akkanaa faayidaa qabeenyaa fi ittiquufiinsa kan argamsiisu ta'uun isaa barattooni akka hubatan godhuun gaariidha.

Gocha

Gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan taasisaa. Gaaffilee soroorsuuf yaada waliigalaa armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

Hojiin waliiniinii fi gamtaan kan hojjatamuu fi gocha walharkaa fuudhuu fi dabarsuun kan raawwatamu waan ta'eef amala gamtaa kan qabu ta'uun isaa beeksisuun barbaachisaadha. Hojii tokko bu'a qabeessaa fi sadarkaa barbaadame tokkoon ga'uuf gumaacha qaamota adda addaa akka barbaachisu beeksisu. Hojii murtaa'e tokko raawwatuuf waliin dhama'uu. Wal gargaaruu, gamtaan hojjachuu fi waliigalteen akka barbaachisu ibsuufiidha. Kanaaf tokkoon tokkoo isaa gahee hojii qabu irratti itti gaafatamummaa isaa qajeelummaan, amanamummaanii fi haqummaan raawwachuu akka qaban ibsuu barbaachisa.

Qajeelummaa, Haqa-qabeessummaa fi Amanamummaa

Dargaggoonni amala gaarii gabbifachuu qaban keessaa qajeelummaa, amanamummaa fi haqa-qabeessummaa duudhaa (sona) bu'uura ta'aniidha. Haala kanaan amala barattootaa ijaaruu keessatti duudhaawan bu'uuraa sadeen armaan olii haala armaan gadiitti ibsamuu danda'u.

Qajeelummaa

Qajeelummaa jechuun sansaakaa guutuu, amantaa cimaa, ittigaafatamummaa fudhachuu fi bahuu ibsa. Bu'uura kanaan qajeelummaa fi ijannoo gaariin karaan itti ibsaman keessaa yaadota armaan gadii ibsuun ni danda'ama.

Maatii keessatti, hiriyyaa gidduuttii fi hojiirratti walkabajuun, walgargaaruun, waljalachuun, waliigaluun deebii qajeelaa kennuun barbaachisaadha. Dandeettii fi ogummaa ofiitti amanuun yaada hirkattummaa dhabamsiisuu, of bulchuu, amala nama loluu fi sobuu irraa of quachuu, kaayyoo qaban galmaan gahuuf carraaquu fi kkf tarreessuun ni danda'ama.

Amanamummaa

Amanamummaa jechuun fedhii fi faayidaa namootaa, dhaabbilee, mana hojii, jaalallee ofii eeguu fi kabajuuf ittigaafatamummaa fudhachuu kan ilaaluudha. Maatii irraa, barsiisaa irraa, hiriyyaa fi kkf irraa amantaa argachuu, maatii, hiriyyaa fi mana barumsaaf amanamaa ta'u, hojii itti kennname yeroo jedhame keessatti raawwachuu, danbii fi naamusa eeguu qabu beekuun safartuuwan amanamummaa keessaa tokkodha. Hojii nurraa eegamu ciminaan raawwachuu, dirqama isaanii seeraa fi yeroon raawwachuu, amantaa waliin hojjachuu argachuu, qormata osoo namarraa hin garagalchin hojjachuu, heeraa fi seeraaf amanamaa ta'u fi kkf wantoota amanamummaa nuuf mirkaneessaniidha.

Haqa-qabeessummaa (Dhugummaa)

Haqa-qabeessummaa jechuun ragaa beekanii fi dhugummaa isaa mirkaneeffatan qofa dabarsanii kennuu jechuudha. Ni ta'a jedhanii, ragaa loogii fi gara guduunfaa dogongoraatti nama geessu irraa fagaachuu jechuudha. Haqa-qabeessummaa jechuun sobuu dhiisuu, qabeenya keenya hintaane eyyama abbaa malee itti bu'uu (tuquu) dhiisuu, dogoggorsiisuu

6 MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

dhiisuu, qabeenya mana barumsaa keessatti badee argame abbaa qabeenyaatiif deebisuu ykn mana barumsatii kennuu, kashlabbummaa fi amaloota gadhee irraa bilisa ta'uu, akkasuma wanta waadaa galan kabajuun gocha biyya miidhu irraa fagaachuu jechuudha.

Guduunfaa

Barattooni yaadota bu'uuraa armaan gaditti tarreffaman sirriitti hubachuun isaanii barattoota dandeettii adda addaa qaban gaafachuun mirkaneeffachuu ni barbaachisa.

Bu'uuruma kanaan barattooni barumsa kana keessatti;

- Qajeelummaa, amanamummaa fi haqa-qabeessummaan maal akka ta'an ibsuu danda'uu isaanii,
- Itigaafatummaan, qajeelummaan, amanamummaanii fi haqummaan raawwatuun faayidaa qabaachuu fi dhiisuu isaa mirkaneeffachuu barbaachisaadha.

6.3 Qabeenya Uumamaafi Dabareewwan (Wayitii 2)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggersa barnootaa

- Suuraawan iddoowwan adda addaa seenaqabeessa ta'an agarsiisan, poostaroota, gaazexoota, barruulee, kitaabilee fi kkf.
- Iddoowwan uumamaa fi seena qabeessa ta'an kan akka gaarotaa, holqaa, laggeenii fi kkf.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

Gamoon Harar naannoo fi magaalaa kamitti argama?

- Fakkiwwan irratti hundaa'uun wanta hubatan akka tarreessan taasisaa.
- Yaadota kennaman dhimma qabeenya uumamaa fi hambaalee seena qabeessaan walqabatan (walitti dhufeenyaa qaban) ta'uu isaa mirkaneessuu. Yoo walitti dhufeenyaa hin qabne haaluma kanaan sirreessuun gocha itti aanutti galuudha.

Gamoon Harar, Magaalaa Harariitti kan argamu yoo ta'u, kan ijaarames jaarraa 16ffaa keessa Ummanni Hararii weerara alaa isaan irratti raawwatamaa ture irraa of ittisuuf kan yaadame ta'uu isaa ni dubbatama. Gamoon kun hambaawan seena qabeessa biyya keenyatti argamu keessaa tokko ta'uu isaa fi tursiistota baay'een kan daawwatamaa jiru ta'uu isaa haa ibsamu. Fakkiin 2ffaan Naannoo Saba, Sablammootaa fi Ummattoota Kibbaa keessatti biyyeen lolaan akka hin fudhatamne ittisuuf gaarota daagaa irratti Uummata Konsootiin hojjatame turistootaan daawwatamaa jiraachuu isaa fi Yuuneskoon (UNECON) hambaalee keessatti galmeessuu isaa beekumsa waliigalaa keessatti ibsuun ni danda'ama.

Gocha

Barreffama mata duree "muuziyeemota lagoota" jedhu dubbisanii gilgaalicha akka hojjatan hojji manaa kennaafii. Deebiwwan kennamaniif yaadota sirreffamaa armaan gaditti taa'an itti fayyadamuun ni danda'ama.

6 MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

1. Iddoo biqiltoonnii fi beeyladoonni kunuunsa itti argatan ta'uu isaa,
2. Gaarri Raas Daashani Kaaba Itiyoophiyaatti Naannoo Mootummaa Amaaraa Gondar Kaabaatti Goondaritti kan argamu ta'uu isaa,
3. Barreeffamicha (Dubbifamicha) keessaa kan argamuu danda'u Paarkii Gaarota Baalee ta'uu isaa,
4. Hanga danda'ametti kunuunsi haa godhamuuf malee rakkoleen qubiinsaan, gubiinsa bosonaan, seeraan ala dhadhoola (adamoo) bineensotaa gaggeessuun jiraachuu isaa haala salphaan akka isaan hubatan taasisaa. Isaan booda rakkolee kana ittisuuf gumaachi isaanii maal akka ta'uu danda'u fakkeenyaaaf maatii barsiisun, gorsuun, matummaan isaanii qabeenya uumamaa fi hambaa seena qabeessa irratti miidhaa akka hin geessine akka of qusatan ibsuufiin barbaachisaadha.

Gocha

Gilgaalicha maatii isaanii waliin maria'tanii mana isaanii keessatti akka hojjatan haa godhamu. Deebiwwan kennamaniif qabxiilee sirreffamaa armaan gadii ilaala.

1. Ummattoota walitti fida, walbarsiisa, waljijiirraa aadaa, afaanii fi dandeettii gabbisa; burqaa galii ta'uun tajaajila; dhaloonni dhufu hojii dhaloota durii sirriitti akka beeku godha. Madda ragaa qo'annaa fi qoranna ta'uun tajaajila.
2. Damee hojiilee adda addaa banuun carraa hojii uuma (Qabeenya uumamaa kunuunsuu, daawwattoota keessummeessuu, hoteelonni akka babaldhatan) godhuun.

Hiyyummaanii fi beelli akka babal'atan wantoota godhan keessaa naannoo mancaasuu dha. Osoo bosonni eegamee, qabeenyonni uumamaa kunuunfamanii haalli qilleensa naannoo waan eegamuuf qonna irraa callaa gahaa argachuu dnadeenya; qabeenya uumamaa irraayis nyaata adda addaa argachuu waan dandeenyuuf, beellii fi hiyyummaan akka hir'atu godha.

3. Tuurizimii

Namoonni uumama hawataa, seenaa fi aadaa ummataa ilaaluuf, hojii qo'annaa gaggeessuu fi qoranna fi kkf iddoodhaa iddootti socho'u. Sagantaan sochii ummataa iddo jireenya isaanii irraa fagaatanii doowwii adda adaa gaggeessuun tuurizimii jedhama.

Qabeenya Uumamaa fi Hambaa Seenaqabeessaa

Warri qabeenya uumamaa jedhaman dandeettii fi kalaqni namaa osoo itti hin dabalamne uumamaan hawataa adda ta'uun kan arganiidha. Sanis ta'ee kana wantoonni lubbuu qabanii fi hin qabnee fi naannoo sanatti argaman hundi xiyyeffannaa fi kunuunsa argachuu qabu.

Barattoonis qabeenya uumamaa dinqisiifachuu fi kunuunsuu qabu. Karaa mana isaanii irraa mana barumsa isaaniitti deddeebi'an irratti haala taa'umsa lafaa naannawa isaanii,

6 MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

laggeenii fi bosona argan hundi qabeenya uumamaa ta'uu isaanii beekuun kunuunsuu qabu.

Karaa biraatiin hambaaleen seena qabeessa jedhaman meeshaalee ykn gochaalee ilmaan namsaa guddina, qaroominaa fi dandeettii isaanii fayyadamuun kalaqan jechuudha. Fakkeenya isaanii naannoo jirtanii fi hambaalee akka biyyaatti argaman fudhachuun ibsuun ni danda'ama.

Guduunfaa

- Faayidaa qabeenyi uumamaa fi hambaaleen seena qabeessa ta'an qaban hubachuu isaanii
- Qabeenyi uumamaa fi hambaaleen seena qabeessa akka hin mancaane kan kunuunsuuf itti gaafatamummaa qabu eenu akka ta'e hubachuu isaanii mirkaneessuudha.

6.4 HIV/AIDS (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- HIV/AIDS ilaalcissee poostaroota, asxaawwan, ibsa adda addaa maxxanfaman

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Karaan HIV/AIDSn namsaa namatti darbu maal maal fa'a?
- Tamsa'inna HIV/AIDS dhaabuuf ykn hirisuuf tarkaanfiin fudhatamaa jiru maal fa'a?
- Barattooni karaa HIV/AIDSn namsaa namatti darbuu fi tamsa'ina isaas dhaabuuf hojiin raawwatamaa jiru burqaalee adda addaa irraa akka ibsan carraa kennaafii.
- Yaadota tarreessan irratti marii taasisuu godhamu.
- Haala barumsa itti aanutti galchuun yaadota kennaman irratti sirreffama kennuu.

Gocha Barreffama Gabaabduu

- Mata duree "Abdii Ganda Haarawaa" jedhu dubbisuun gilgaalicha kutaa keessatti dhuunfaan akka hojjatan godhaa. Yaada armaan gadiitti fayyadamuun sirreffama kennuu ni danda'ama.
1. Barreffamicha irratti hundaa'uun kan ittiin sirreessan qopheessuu
 1. Gochi barsiiftuu fakkeenya guddaa gocha gaarii ta'uu isaa beeksisu
 2. Namoonni jireenya isaanii keessatti ofuma isaaniif kan yaadanii fi kan hojjatan qofa osoo hin taane, warra biroos irkisuu fi deggaruuf dirqama akka qaban beeksisu.

Gocha

Giglaalicha kutaa keessatti akka dhuunfaan hojjatan godhaa. Barattooni muraasni gilgaala hojjatan kutaa keessatti akka dhiyeessan taasisaa. Soroorsuuf yaadota armaan gadiitti fayyadamuu ni dandeessu.

6 MIIRA ITTIGAAFATAMMUMMAA

1. Ibsa kitaaba barataa irratti hundaa'uun qabxii sirreeffamaa qopheessaa.
2. Dhiveen kun maatii fi hawaasa irratti miidhaa guddaa geessisa. Jirenya maatii balleessa; maatii bittinneessa; daa'imman haadhaa fi abbaa malee hambisa. Jiruun fula duraa ijoolee ni dukkanaawa; manguddooni (jaarsolii fi jaartoliin) nama isaan sooru ni dhabu.

Barattootaaf yeroo ibsamu haala sammuu isaanii hin dhifneen ibsuufii ni barbaachisa. Ibsi kitaaba barataa keessa jiru ghaaa waan ta'eef, isumatti fayyadamuu barbaachisa. Barsiisichis mudannoo mataa isaanii haala barattootaa fi barnootaa wal-simsiisuun dhiheessuu ni danda'u.

Guduunfaa

Yaadota ijoo barnooticha kanaa haala gaaffiitiin kaasuudhaan hubannoo fi dandeettii barbaachisu argachuu isaanii mirkaneeffachuun ni barbaachisa. Yaadota gurguddoo barnootichaa armaan gadii irratti yoo hubannoo gahaa hin arganne ta'ee, osoo barnoota ittiaanutti hin ceene irra deebi'anii ibsuufiidha.

- Miidhaa dhiveen HIV/AIDS geessisu tarreessuu danda'uun isaanii mirkaneeffachuu.

Deebii Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Dhugaa 5. Dhugaa

II. Walitti Firoomsi

1. B 2. F 3. G 4. E
5. C 6. D 7. A

III. Iddoo Duwwaaw Guutuu

1. Ittigaafatamummaa bahuu
2. Albuuda (Qabeenya uumamaa), meeshaa namaan hojjatame (hambaalee seena qabeessa)
3. Ittigaafatamummaa bahuu dhabuu, hiyyummaa, aadaa hojii duubatti hafaa fi kkf.

IV. Filannoo

1. C 2. D 3. C 4. A 5. C

V. Deebii ibsa gabaabaa

- Gaaffileef deebii adda addaa waan kennuu danda'aniif, kitaaba barataa, hubanoo barsiisichaa fi ragaa burqaa adda addaa irraa argamurratti hundaa'uun sirreffama kennamuudha.

Iddatoo Karoora Barnootaa**6.1 Waadaa**

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	Seensa <ul style="list-style-type: none"> Wayitii barnootichaa jalqabuuuf gaaffilee ka'umsaaf dhihaatan irratti barattoonni yaada qaban akka dhiheessan godhoo. Gara mata dure barnooticha guyyaatti galuuf yaada dandeessisu fi kallattii agrsiisu kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gaaffilee ka'umsaaf Seensa keessatti dhihaatan irratti yaada kennuu hirmaachuu Garee xixiqqaan ykn dhuunfaan yaadota deebiin ittikennamu irratti naamusaan deebii kennuu.
20'	Ibsa <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha irratti ibsa dhiheessuu. Waadaa jechuun maal jechuu akka ta'ee fi karaa waadaan itti raawwatamuu ibsuu. Adeemsa ibsa marii irratti barattoota hirmaachisuu. Barreeffama "Goota Hammayyaa" jedhu bu'uureffachuun gilgaala ykn gocha"1" kutaa keessatti akka irratti mari'atan godhoo. Naannoo deebii gilgaalichaaf kennaman irratti marii godhoo. Barnooticha yeroo itti aanu baratan dubbisanii akka dhufan ajaja kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsoota kennaman dhuunfaan dubbisuu Gilgaala lakkofsa 1 dhuunfaan ykn garee xixiqqaan kutaa keessatti hojjachuu. Dhimmota ifa hin taaneef gaafachuu. Yaadrimoota irratti yaada kennuu hirmaachuu. Ibsa kitaaba isaanii keessa jiru dubbisuu.
5'	Cimsuu <ul style="list-style-type: none"> Yaadota bu'uura amanamummaa fi faayidaa waadaan qabu yaadachiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu sirriitti dhaggeeffachuu. Ibsa dabalataa kennuu. Gaaffii yoo qabaatan gaafachuu.
5'	Guduunfaa <ul style="list-style-type: none"> Kaayyoon barnootichaa milkaa'uun fi dhiisuu isaa gaaffiin mirkaneesuu Barnooa ittiaansee dhihaatu irratti gabaabinaan ibsa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Guduunfaa kennamu dhaggeeffachuu fi yaada ijoo barnootichaa gabaabinaan ibsuu.

BOQONNAA TORBA

AADAA HOJII CIMAA

(Wayitii 8)

Kaayyoo Boqonnichaa: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda

- Kabaja hojiin qabu hubatu.
- Faayidaa jabaatanii hojjachuu fi yeroo hojii sirnaan hojiirra oolchuu hubatu.
- Heera F.D.R.I keessatti labsii kaayyoolee misoomaa diinagdee ilaachisee bahan ni beeku.

Lakk.	Barannootaa	Kaayyoolee	Meeshaalee deggersa barnootaa
1	Aadaa hojii cimaa	<ul style="list-style-type: none">• Jabaatanii hojjachuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu.• Faayidaa yeroo seeraan itti fayyadamuu isa ani ibsu.• Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjanne nyaatuun misoomaa irratti miidhaa inni fidu ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Suuraa fi poostaroota yeroo barattoonni qo'atan, waliin yoo mari'atan, hoomaan waraanaa, qonnaan bulaan, dafqaan bulaan ciminaan yeroo isaan hojjatan argisiisu.
2	Osso hin hojjanne nyaatuu	<ul style="list-style-type: none">• Osso hin hojjanne nyaatuun sadarkaa maatiitti miidhaa inni qabu ni ibsu• Osso hin hojjanne nyaatuu ni jibbu.	<ul style="list-style-type: none">• Poostarootaa fi suura namoota kadhaa irratti hirmaatan argisiisu.
3	Dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa	<ul style="list-style-type: none">• Dandeetii ogummaa fi naamusa ogummaa ni ibsu.• Hir'ina naamusa ogummaatiin kan ka'e rakkoo lammii irra gahu ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Poostaroota, fiilmotaa fi suuraa lammiiwan biyyattii hojii adda addaa irratti hirmaatan argisiisu.
4	Aadaa hojii cimaa	<ul style="list-style-type: none">• Kaayyolee misoomaa heera F.D.R.I. ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Heera F.D.R.I., imamaammatoota misoomaa fi sanadoota istiraateejii, poostarootaa fi suuraa.

7.1 Maalummaa Aadaa Hojii Cimaa (Wayitii 2)

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa:

- Poostaroota, fiilmota, suuraa fi kkf irratti yeroo barattooni qo'atan, waliin yoo mari'atan, hoomaan waraanaa, qonnaan buaanii fi dafqaan buaan yeroo cimanii hojjatan agarsiisu.

7.1.1 Jabaatanii Hojjachuu

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Cimanii hojjachuu yeroo jedhamu maal jechuudha?
- Ciminaan hojjachuu irraa faayidaan argamu maali?
- Gaaffilee ka'umsaa dhihaatan irratti yaada qaban waraqaa irratti akka barreessan gaafachuu.
- Deebii isaanii barataa isaan cinaa taa'e waliin akka ilaalan gochuu.
- Yaadota isaanii akka ibsan jajjabeessuu.
- Yaadota kennaman irratti marii gochuu.
- Barnooticha itti aanu jalqabsiisuuf dandeessisuu irratti mariisisuun sirreefama barbaachisaa godhuu.

Gocha

1. Barreeffama "Hojiif Hidhadhaa" jedhu garee xixiqqaan kutaa keessatti dubbisuun haa mari'atan. Deebiilee kennaman sirreessuuf isaan armaan gadiitti fayyadamaa. Gaaffii lakkofsa 1 fi 2 ilaalcissee tarri walaloo keessaa yoo deebiin dhabame ibsa kennamee fi hubannoo qabdan irraa ka'uun deebii barbaachisu barbaaduufiin ni danda'ama.
2. Gaaffii 3ffaa keessatti walaloo mata duree, aadaa hojii, fedhii hojii, maalummaa fi faayidaa aadaa hojii ibsuuf barattootaan qophaa'an keessaa kan fooyee qabu kutaa keessatti barattootaaf akka dubbisan godhaa.

Gocha

- Gilgaalicha maatii isaanii gaafatanii akka hojjatan hojii manaa kennaafii. Qabxiileen armaan gadii gaaffilee sirreessuuf tajaajiluu danda'u.
1. Gaafficha akka haala qabatamaa naannoo isaaniitti ilaaluu danda'u. Akkuma haala qabatamaa naannoo adda addaatti hojiin adda addaa ni jira. Yeroo baay'ee hojiin hin jiru yaadni jedhu fudhatama akka hin qabne beeksisuu.
 2. Kitaaba barataa keessatti wantoota barumsicha kana ibsuuf tarreffaman sirreeffamaaf ilaala.

Maalummaa Aadaa Hojii Cimaa

Cimanii hojjachuun karaa adda addaatiin ibsama. Cimanii hojjachuun jechuun hojii nutti kennameef dammaqinaa fi si'aayinaan hojjachuun jechuudha. Hojii boruuf bulchuu, guyyaa biraatiif nuuf haa taa'u jechurra yeroo fi guyyaa isaatti xumuruun barbaachisaadha. Barbaachisummaan aadaa hojii cimaa hubachuuf faayidaa hojiin argamsiisu iaaluun ni barbaachisa. Cimanii hojjachuun jiruu fi jirenya dhuunfaa fooyessuun guddina biyyaa ariifachiisuudha. Jiruu fi jirenyi dhuunfaa ni fooyya'a yeroo jennu, namni cimee hojjate hundi karaa hundumaa jirenya fooyya'aa jiraachuu danda'a jechuudha. Haala kanaanis fedhii meeshaalee fi sammuu (yaadaa) guuttachuu ni danda'a jechuudha.

Jirenyi ilmaan namaa kan fooyya'uu fi sadarkaa gaarii irra kan ga'uu danda'u, hojii irratti bobba'an hunda osoo hin nuffin cimanii yoo hojjatan qofaadha. Sadarkaa biyyooleessaatti biyya duubatti hafummaa fi hiyyummaa irraa bilisa taate uumuuf, lammaan biyyattii hundi aadaa hojii cimaa yoo qabaataniidha. Tokkoon tokkoon lammii aadaa hojii cimaa yoo gabbifate ummata hiyyummaa irraa bilisa ta'e uumuuf akka danda'amu ni amanama. Abbaa aadaa hojii cimaa ta'uun ykn hojjataa cimaa ta'uun sammuu dhuunfaaf ittiquufiinsa kenna. Namoota biratti kabajaa fi ulfina argata. Hojjataan cimaan itti gaafatamummaa hojii fooyyee qabuuf kaadhimama; ni filatama.

Sadarkaa barattootaatti karaan aadaa hojii cimaa ittiin ibsamuu danda'u baay'eedha. Barattoota ilaachisee, karaawwan aadaan hojii cimaa itti ibsamu keessaa akka humna isaaniitti maatii gargaaruu, barnoota seeraan hordofuu fi hojii kutaa keessaa fi manaa isaaniif kennaman yeroon hojjachuu fi kkf kan caqafamaniidha.

Daldalaan, hojjataan mootummaa, qonnaan fi kkf hundi hojii irratti bobba'an hunda bu'a qabeessummaan raawwachuuun aadaa hojii cimaa ibsa. Aadaa hojii cimaa ijoollummaa irraa eegalee ofitti fudhachuuun dhuunfachuun gabbataa deemuu akka qabu beekamuu qaba.

7.1.2 Hojii Tuffachuu Dhiisuu

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Fakkii irraa maal hubattani?
- Namoonni naannoo keessan jiraatan hojii maal maal hojjatu?
- Hojii tuffachuu dhabuu jechuun maal jechuudha?
- Fakkiwwan ilaalanii hubachuuf yeroon kennaafii.
- Wanta fakkiwwan irraa ilaalanii hubatan dabaree dabareen akka ibsan carraa kennaafii.
- Gaaffilee ka'umsaa irratti barattoota carraa hin arganne deebii afaaniitiin akka deebisan taasisaa.
- Deebilee fi yaadota kennaman soroorsuuf qabxiilee armaan gadiitti gargaaramaa.

7 AADAA HOJII CIMAA

Fakkiiwwan wanti ibsuu barbaadan yaadni guddaan, hojii jechuun namoonni gochoota adda addaa faayidaa qaban sochii ittiin raawwatan ta'uu isaa beeksisuudha. Namoonni hojii osoo hin tuffatiin dameewwan hojii adda addaa keessatti hirmaatuun hojii dandeettii fi humni isaa eeyyamu hojjatuu qaba. Namoonni hojii yoo hojjatuu baatan hiyyummaan dabaree dabareen itti darbaa hiyyummaan olaantummaa argata, hiyyummaan maxxantuu namaa ta'ee jiraata. Ba'aa mootummaa fi hawaasaa ta'uu irra darbee gocha salphinaa kan akka horii nmaa saamuu, hanna, mana dhugaatii keessatti qaama gurguratanii buluu fi kkf akka saaxilu ibsuun gara mata duree barnoota guyyaa sanaatti galuun ni danda'ama.

Gocha

Barreeffama (dubbisa) mata duree "mucaa cimaa" jedhu dubbisaniigilgaala isaa hojii manaat kennaafii. Yaadota armaan gadiitiin deebiwwan kennaman ittiin sirreessuuf fayyadamuu ni danda'ama.

Gaaffii lakk. 1. ilaalchisee wanta barreeffamicha keessa jiru irraa ibsuudha.

Gaaffii lakk. 2 fakkeenyota muuxannoowwan gaggaarii dhihaatan adda baasuun
barattoota hafaniif akka dhiheessan godhuu.

Gaaffii lakk. 3. namoonni hojii irratti hirmaatan ciminaan yoo raawwatan jiruu gaarii jiraachuu akka danda'an beeksisu. Jiruun kan fooyya'uu danda'u, tasaan ykn carraan akka hin taane akka hubatan gochuudha. Seena Badiruu irraa wanti hubatamuu danda'u jaalala hojii osoo hin tuffatiin hojjachuun sadarkaa fooyya'aa irraan nama ga'uudha.

Gocha

Gilgaalicha gareedhaan kutaa keessatti akka hojjatan godhuu. Qabxiilee armaan gadii soroorsuuf ittifayyadamuu ni dandeessu.

Kabajni hojiif kennamuu qabu karaa adda addaan ibsamuu danda'a. Isaan keessaa hojii osoo hin tuffanne hojjachu, kaka'umsa hojii hojjachu qabaachuu, yeroo hojii hojiif qofa fayyadamuu, nama hojiif tattaafatu jajjabeessuu fi sadarkaa guddaa irra kan nama dhaqqabsiisu hawwii qofaa osoo hin taane hojii osoo hin tuffatin hojjachuun ta'uu isaa hubachiisuun barbaachisaadha.

Hojii tuffachuu dhiisuu jechuun hojii kamiyyuu faayidaa dhuunfaaf ta'ee waliinii kan argamsiisu hunda hojjachu jechuudha. Hojiin tokko xiqqaa ykn gadi aanaadha osoo hin jenne, hojii haala adda addaan nu qunnamu fedhii, gammachuu fi kutannoon fudhatanii raawwachuu barbaachisa. Hojii kabajamaa ibsuuf, namoonni hojii kamiyyuu osoo hin tuffatin hojjatan mataa ofii danda'u irra darbanii namoota biraa akka gargaaran ibsuudha. Hojiin burqaa galii ta'uun riqicha sadarkaa jiruu fi jirenya fooyya'aatti nama ceesisu ta'uu isaa sirriitti hubachiisuun barbaachisaadha.

7.1.3 Yerootti seeraan fayadamuu

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Ittifayyadama yeroo keessanii hiriyyoota keessanitti himaa.
- Yeroo seeraan hojiirra oolchuu jechuun maal jechuudha.
- Gaaffilee dhihaatan irratti akka yaada burqisiisan yeroo xiqqoo kennuufii.
- Yaada sammuu isaanii keessatti naannessan akka ibsan carraa kennuufii.
- Deebiwwan kennamaniif qabxiilee armaan gadiitti fayyadamuu gocha itti aanutti galuudha.

Yeroon meeshaa hojiin ittiin raawwatamu ta'uun isaa hubachiisuudha. Faayidaa yeroo seeraan itti fayyadamuu isaan dandeessisuu hubachiisuun gara mata duree barumsicha guyyaatti galuun barbaachisaadha. Ibsi ktiaaba barataa keessatti baldhinaan waan jiruuf, asirratti akka seensaa yoo ta'e malee ibsi baldhaan hangas mara barbaachisaa miti.

Gocha

- Barreeffama "Haddaas, Loon Horsiiftuu" keessaa gilgaala dhihaate barattoonni kutaa keessatti gareen akka hojjatan godhu. Deebiwwan kennaman sirreessuuf qabxiwwan armaan gadiitti ibsaman ittifayyadamuu ni danda'ama.
1. Ittifayyadama yeroo Aadee Haddaasi ifaan ibsuu; Aadde Haddaas yeroo fi hojii walsimsiisuun ittifayyadamaa jiraachuu isaanii ibsuudha. Kanarraayis ka'uudhaan jirenya gaarijiraachuun hawaasa naannoo isheetiif akka fakkeinya gaariitti ilaalamuu ibsuun gaariidha. Dhuma irratti haadha qabeenyaa dhaabbata horsiisa loonii ta'uun isaanii akka ragaatti dhiheessuudha.
 2. Yeroo isaaniitti sirriitti waan fayyadamaniiif qarshii liqeeffatan hunda yeroon deebisuu isaanii ibsuu.
 3. Horii argachuunii fi abbaa qabeenyaa ta'uun, kabajaa fi fudhatama argachuuf, jiruu fooyya'aa jiraachuuf, ittigaafatamummaa fudhachuu danda'uu fi kkf dha.

Yeroo Seeraan Hojiirra Oolchuu

Yeroo seeraan hojiirra oolchuu jechuun, sa'aatii hojii gocha bu'a qabeessa ta'e raawwachuuf itti fayyadamuu danda'uu jechuudha. Gama biraatiin yeroo keenya gocha hin taane irratti ykn nama hin fayyadamee fi gochaalee miidhaa qaban irratti dabarsuu irraa of quachuuudha jedhamee ibsamuu danda'a. Sadarkaa barattootaatti yeroo seeraan ittifayyadamuu jechuun, sa'aatii keenya barumsarratti, maatii gargaaruurrattii fi boqonnaa gahaa fudhachuuif ittifayyadamuuudha jedhamee ibsuun ni danda'ama. Yeroo seeraan hojiirra oolchuu jirenya dhuunfaa keenya fooyyessuurra darbee guddina biyyattiif wanta faayidaa guddaa qabu hojjachuu ta'uun isaa ibsuun ni danda'ama.

7.1.4 Hojii Tuffachuu Dhiisuun Bu'aa Biyyaaf Qabu

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Yeroo seeraan ittifayyadamuu jechuun maal jechuudha?
- Jechi ykn mammaaksi yeroon walqabatee dhiyaate maal agarsiisuuf?
- Gaaffii ka'umsaarratti akka yaada kennan godhu. Yaadota kennaman sirreessuuf qabxiilee armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama. Haala kanaan hojiin kan raawwatamu yeroon ta'uu isaa beeksisuudha. Yeroon kan darbaa deemu malee kan deebi'ee hin dhufne ta'uu isaa ibsuudha. Yeroo hunda yeroo keenya seeraan ittifayyadamuudha. Waan hunda osoo hin nuffine yeroon hojjachuun akka barbaachisu ibsuudha.
- Yeroon meeshaa hojii ittiin raawwannuudha. Innis yeroo hunda kan jiraatu, garuu qabeenya dabruu fi kan ofii fi yeroo wantoota qabatmaa jirenya isaanii waliin walsimsiisuun gara mata duree barumsichaatti galuun ni danda'ama.

Gocha

- Mata duree barreeffama (dubbisa) "Warra Qurxummii Qabu" jedhu irratti hundaa'uun barattoonni kutaa keessatti gareen akka irratti mari'atan godhaa.

Gaaffii gilgaalaa 1 fi 2 barreeffamicha irratti hundaa'uun deebii barattoonni kennani qabxiilee soroorsuuf gargaaran adda baasaa. Gaaffii lakk. 3 keessatti ittifayyadamni yeroo isaanii maal akka fakkaatu akka hubatan gochuudha. Yeroo isaanii waanuma hin taane irratti akka hin dabarsine wanta faayidaa qabu kan akka mala qo'annaa irratti dabarsuu akka gabbifatan hubachiisuudha.

Hojii Tuffachuu Dhiisuu fi Seeraan Hojiirra Oolchuun Faayidaa Biyyaaf Qabu

Yeroo fi hojiin wantoota adda baatee hin qabne kan akka fuula lamaan saantima tokkooti. Hojiin kamiyyuu yeroo keessatti kan raawwatamuudha. Jechi "Dafanii dursanii yoo ittifayyadaman malee yeroon taaksii miti, dhaabbatee nama hin eegu," jedhu kanarrraa ka'uudhaani. "Namni Waxabajjiitti yoo facaase malee Sadaasa hin haammatu" akkuma jedhamutti, hojiin tokko yeroo murtaa'e keessatti raawwatamuuk akka qabu ibsa. Jirenya ofii fooyyessuuf barattoonni hojii manaa kennameef yeroo isaanii haala barbaachisuun hojiirra oolchuu, wanta qo'atamus taanaan yeroon qo'achuun fuula duraaf jiruu fooyya'aa jiraachuuf dhagaa bu'uuraati. Aadaan hojii cimaa kan ittiin ibsamus yeroo seeraan itti fayyadamuudhaani.

Guduunfaa

- Barattoonni yaadota bu'uuraa armaan gadii hubachuu isaanii mirkaneeffachuuuf gaaffii fi deebii barattoota dandeettii ykn beekumsa sadarkaa adda addaa qaban irraa hubachuuun ni barbaachisa. Haaluma kanaan barattoonni mata duree kanarratti hundaa'uun,

7 AADAA HOJII CIMAA

- Dhimmoota aadaa hojii cimaa ibsan tarreessuu danda'uu isaanii;
- Hojii osoo hin tuffatin yeroo seeraan hojiirra oolchuun faayidaa biyya isaaniitiif qabu hubachuu danda'uu isaanii mirkaneessuudha.

7.2 Osso Hin Hojjatiin Nyaachuu (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Suuraawwanii fi poostaroota namoota gocha kadhaa irratti bobba'an agarisisu.

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Kadhaan nama dhuunfaa irra darbee rakkoo hawaasummaa ta'uun maaliif?
- Namoonni kadhaatti akka hin bobbaane osoo maal godhanii wayya jettu?
- Barattooni yaadota qalbii isaanii kakaasan irratti yaada qaban dabtara isaanii irratti akka isaan barreessan godhu;
- Yaada barreessan dabaree dabareen haa ibsan;
- Yaadota kennaman sirreffama barbaachisaa dhiheessuu fi gocha itti aanutti cee'uuf yaadota armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama.

Namoonni kadhaa irratti bobba'an hundi waanuma rakkataniiif qofa ta'uu dhiisuu danda'a. Namoonni tokko tokko amala gadhee maxxantummaa fi osso hin hojjatiin nyaachuun xaxaman jiraachuu malu. Dhugumaan namoonni tokko rakkatanii jechuunis humna ittiin hojjatan dhabanii kadhachuu danda'u. Kadhaan dhiibbaa sammuu namootaa irra geessisuun kan ka'e namoonni wanta qaban irraa kennuuf dirqamu. Kadhaan jirenya lammilee biyyattii hunda irratti dhiibbaa waan fiduuf, akka rakkoo hawaasummaatti fudhatama.

Namoonni mataa ofii gargaaruu hin dandeenye jechuun kan humna hin qabnee fi dulooman gara hojii kadhaatti akka hin bobbaane naannoo isaaniitti akka gargaaraman gochuun ni danda'ama. Hawaasni, namoota osoo rakkoo fayyaa, umurii, qaamaa fi kkf osoo hin qabaatin hojjatanii of jiraachisuu danda'an, garuu kadhaa irratti bobba'an gargaarsa hin barbaachifne kennuu irraa of quisachuu qaba.

Gargaarsa hin barbaachifne kennuu aadaa kadhaa kan jajjabeessu ta'uu isaa beeksisuun barbaachisaa dha. Haala kanaan dogongoroota raawwataman hawaasni hubatee fakkeenyaa naannawa isaanii irraa ka'uun wantoota fooyya'u qaban irratti akka of fooyyessu huabnnoon kennamuufii qaba.

Lammilee fayya qabeessa ta'uu hojjatanii jiraachuu danda'an hundi hojii osoo hin tuffatin hojjatanii akka jiraatan jajjabeessuu, aadaa hojii qaama isaanii akka godhatan barsiisuu, dhaabbileen mootummaa fi miti mootummaa namoonni gara kadhaatti akka hin bobbaane

7 AADAA HOJII CIMAA

deggarsa barbaachisaa godhuu qabu. Gargaarsichi kan itti fufiinsaan mataa isaanii danda'anii of jiraachisan ta'uu qaba.

Gocha

- Barreeffama mata duree "Kadhaa Nagayatti" jedhu irratti hundaa'uun gaaffilee akka hojjatan hojiimanaa kennuufii. Sirreeffama barbaachisaa gochuuf yaada armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama.

Gaaffii lakk. 1 fi 3 barreeffamicha keessaa yaada sirreeffamaa qopheessuu fi gaaffii 12 lakk. 2tiif garuu ibsa gaaffilee ka'umsaaf kennamanitti fayyadamuun ni danda'ama.

Gocha

- Gilgaalicha irratti barattoonni kutaa keessatti gareen akka irratti mari'atan godhuu. Gaaffilee quoduun garee adda addaaf kennuu. Marii isaanii keessatti yaada irra gahan akka dhiheessan garee muraasaaf carraa kennuufii. Deebii kennaman sirreessuuf yaadota gargaaran:

1. Ijoolleen akka humna isaaniitti hojiilee adda addaatiin maatii isaanii kan akka kaalsii miiccuu, kophee haquu, akka humna isaaniitti hojii qonnaa fi horsiisa loonii irratti maatii gargaaruu, mana jireenyaa fi naannawa qulqulleessuun maatii akka gargaaruu qaban hubachiisuudha. Yeroo kana jennu seera "Koonveenshinii daa'immanii Afrikaa" jedhu keessatti taa'an osoo hin faallessin akka raawwatamu beekuu qabna. Daa'imman humna isaaniitiin ol hojii fayyummaa fi qaama isaanii irratti miidhaa geessisan hojjachiisuun gonkumaa dhoorkamaa fi kan seeraan nama gaafachiisu ta'uu isaa beeksisuun barbaachisaadha.
2. Jabaatanii hojjachuun, namoota biroos gargaaruu, hojii osoo hin tuffatiin hojjachuu, muuxannoo gaarii namoota hojii cimaa raawwachuun aadaa godhatan fudhachuu, hojii kutaa keessattii fi manatti aka hojjannu nuuf kennaman xiyyeffanna kennuun yeroo jedhame keessatti raawwachuu fi kkf gochaalee tuqamuu danda'aniidha.
3. Namoonni biroo yeroo hojii hojjatan nuyi harka keenna dachaafannee ilaaluu akka hin qabne beeksisuudha. Hojii hojjannuun bu'a qabeessa kan ta'uu dandeenyu fi jirenya fooyya'aa jiraachuurra dabarree lammii fi biyya kan fayyaduu dandeenyu hojii waliin walgargaarree yoo hojjachuun dandeenye ta'uu hubachiisuudha. Daa'imummaarraa jalqabee faayidaa hojii barsiisuu, hojii humni isaanii danda'u hojjachuun aadaa hojii cimaa akka gabbifatanii fi amala gaarii akka gonfatan gochuudha.

Osoo hin hojjatin nyaachuu jechuun namni tokko mataa isaatiif wanta silaa hojjachuuf qabu jechuun, humnaan, maallaqaanii fi beekumsaan hojjachuu qabu ykn hirmaachuuqabu osoo hin hojjatin ykn hin hirmaatin hafuu jechuudha. Qooda silaa bahuu qabu osoo hin bayin hafuuun, namoota biroo irratti maxxananii jiraachuun salphina ta'uu isaa hubatanii qalbii kaka'umsa mataa ofii of danda'u akka gabbifatan gochuun ni barbaachisa. Mana jirenya

7 AADAA HOJII CIMAA

isaaniitti goса hojii maaliitiin akka gargaarsa godhaа jiran akka of ilaalan yoo godhame, barumsa kennamu caalmaatti qabatamaa taasisa.

Guduunfaa

- Kaayyoon mata duree barnooticha kanaa osoо hin hojjanne nyaachuun salphina ta'uu isaa beeksisuudha. Lammii ilaachotaa fi yaadota maxxantummaa adda addaa hawaasa keessatti argaman jibban akka ta'an godhuudha. Waan tokko osoо hin gumaachinii fi osoо hin dhama'in fayyadamuu fi jiraachuf yaaluun akka seera hin taane beeksisuun barbaachisaadha. Gocha akkanaa kana akka fakkeenyaaatti dhiheessuuun, dhiibbaa inni namoota biroo irratti qabu ibsuun ni barbaachisa.

Barattooni qabxiilee barnootaa gurguddoorratti haala gaaffiitiin akka kaasan gochuun beekumsaa fi dandeettiin argachuu mirkaneeffachuu barbaachisaadha. Qabxiwwan gurguddoo mata duree barnootaa armaan gaditti barreeffaman irratti hubannoон gahaan yoo hin argamne ta'e, mata duree itti aanutti osoо hin darbin dura irra deebi'anii ibsuun ni barbaachisa.

- Osoо hin hojjatin nyaachuun miidhaа inni sadarkaa maatii irratti dhaqqabsiisu maal akka ta'e adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

7.3 Dandeettii Ogummaa fi Naamusa Ogummaa

Wayitii barnootaa kana keessatti meeshaaleen deggarsa barnootaa

- Suuraa fi poostaroota lammilee hojii adda addaa irratti hirmaatan agarsiisu
- Fiilmii fi televiizjinii aadaa hojii cimaa agarsiisu

7.3.4 Maalummaa dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Hojjataan tokko dandeettii ogummaa qaba yoo jedhamu maal jechuudha?
- Naamusa barataa ilaachisee naamusni barataa irraa eegamu maal maal fa'a?
- Yaadota barattoota kakaasan irratti qabxiilee adda addaa akka kaasan jajjabeessuu
- Yaadotaa ka'an irratti mariisisuu.
- Yaadota ka'an keessatti walitti hidhamiinsa cimaa akka sirriitti hubatan kallattii qabsiisuun, gara mata duree barnootichaatti cehuun ni danda'ama.

Gocha

- Gaaffilee gilgaalichaa barattooni garee xixiqqaan adda qoodamanii kutaa keessatti akka hojjatan godhu.
1. Gocha kamiyyuu seeraan raawwachuuf yeroо hunda naamusa ogummaan barbaadu hordofuun ni barbaachisa. Barsiisaa cimaa fi jaalatamaa ta'uuf ogummichaan dandeettii gahaan qabaachuu qofa osoо hin taane, naamusa gaarii barsiisaan tokko qabaachuu qabu argachuu barbaachisa. Yeroо hojii kabajuu, barattoota gargaaruу, barattoota irratti

7 AADAA HOJII CIMAA

miidhaa sammuus ta'ee qaamaa dhaqqabsiisuu irraa of eeguun, naamusa ogummaa barsiisaa tokko irraa eegamuudha. (Ebalu barsiisaa cimaadha kan jedhamu naamusa gaarii ykn sansakkaa guutuu yoo qabaateedha).

2. Ogunmaan kamiyyuu guddina biyyaatiif ga'ee mataa ofii qaba. Kan misooma ariifachiisuun danda'amu yoo ogummaan hundinuu ga'ee isaanii bahanidha. Keessumaayyuu ogeessonni dandeettii fi muuxannoo sadarkaa olaanaa qabaatanii dameewwan hojji adda addaatti hirmaatan faayidaan isaanii biyyattii guddisuuf hojjatan baay'ee olaanaadha.

Dandeettiin ogummaa fi naamusni ogummaa wantoota addaan baatee hin qabneef fuula lamaan saantima tokkooti. Dandeettiin ogummaa hojjataa tokkoo kan ittiin madaalamu ogummaa isaatiin dandeettii gahaa qabaachuu qofa osoo hin taane, yoo jaalala ogummaa qabaatee fi wanta ogummaan gaafateen naamusa ogummaa gonfatee dha. Ogeessi tokkoon tokkoon isaa meeshaan inni hawaasaaf bu'aa barbaachisu itti buusuu danda'uudha.

Kanaafuu, barattoonni dandeettii barnootaa gabbifachuu qofa osoo hin taane, abbaa amala fi ogummaa gaarii akka ta'uu qaban hubachiisuun ni barbaachisa.

7.3.5 Miidhaa Hanqinni Naamusa Ogummaa Lammilee Irran Ga'u

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Hanqinni naamusa ogummaa ogeessa tokkoo eenyuun miidha?
- Faayidaan dandeettii ogummaa qofaan isaa qabu maaliif gadi aanaadha jedhama?
- Naannoo yaadota kanaa irratti barattoonni hubannoo qaban waraqaa irratti akka barreessanii fi hiriyyoota isaanii cinaa taa'an waliin ilaalan godhaa.
- Yaada barreessan ijoolee kutaatiif akka ibsan carraa kennaafii.
- Haala mata duree barnoota itti aanutti galuu dandeessisuun yaadota walitti qabuun guduunfiudha.

Gocha

- Gilgaalicha maatii wajjin dubbachuudhaan akka hojjatan godhaa.

1. Hanqinni naamusa ogummaa dursaan ogeessicha miidha. "Ilmoon namaa biyya qabaan, amala waliin "mammaaksi jedhu dhugooma akka of keessaa qabu ibsuuifiin faayida qaba. Hanqinni naamusa ogummaa ogeessa tokkoo hawaasa tokko keessatti kabajaa fi amantummaa isa dhabsiisa. Ogunmaan isaas hawaasa keessatti akka hin kabajamnee fi gatii hin qabne isa godha. Hawaasnus faayidaa ogummicha irraa argachuu qabu akka dhabu godha. Fakkeenyaaaf, damee fayyaa keessatti ogeessi fayyaa tokko rakkoon ogummaa fayyaarratti yoo isa qunname, fedhii hawaasaa ogummaa fayyaa barbaaduu miidha. Biyya keenyatti fedhii hawaasni fayyaa argachuu qabu fooyessuu keessatti hojjatamu gufachiisa. Ogeessonni barnoota irratti bobba'an, yoo hanqinni naamusa ogummaa isaanii irratti muldhate humna nama baratee horatuuf nama rakkisa.

7 AADAA HOJII CIMAA

Walumaagalatti, haala kanaan yoo rakkoon naamusa ogummaa jiraate ogeessota gahaa ta'an kan amantaan kennamuuf , amala gaarii fi saansaka guutuu qaban argachuuf nama rakkisa. Naanna'ee naanna'ee misooma biyyattii miidha.

2. Ogummaanii fi naamusni ogummaa akka kabajamu, ogeessotaaf leenjii fi barnoontti gahaan kennamuufii qaba. Meeshaalee hojiif isaan barbaachisan guutamuufii qaba. Naannoo hojii isaanii hojiif mijawaa gochuu qabu. Hojii kennameef sirriitti akka raawwatan aangoon murteessummaa kennamuufii qaba. Hanga humni eeyyametti faayidaalee adda addaa kan akka tarkaanfii fooyya'iinsa mindaa fudhachuun naamusa ogummaa karaa eegsisan keessaa tokko ta'uun isaa beekuun, hojiira oolchuun barbaachisaadha. Ogeessis yoo ta'e hojii isaa jaalatee kan hojjatu malee mindaa qofa argachuuf jedhee kan hojjatu ta'uun akka hin qabne gochuun barbaachisaadha. Hojjataanis ogummaa isaa fooyyessuuf barachuu fi tattaafachuu qaba. Haaluma kanaan jiruu fi jirenya isaa fooyyessuu bira dabree biyya isaas akka fayyaduu qabu hubachiisuun barbaachisaa dha.
3. Wantoonni armaan olitti lakkofsa 1 fi 2 irratti akka yaada sirreffamaa jedhamanii ibsamani yoo guutamuu baatan, naamusni hojii hanqachuu danda'a. Sababii kanaan hawaasni tajaajila ogummaa namoota kana irraa argachuu qabu laafaa ta'a. Tajaajilu argachuu qabanis ni dhabu. Ogeessota abbootii seeraa irratti yoo rakkoon naamusa ogummaa jiraate, loogiin seeraa waan raawwatumuu mirgi lammilee ni sarbama. Ol-aantummaan seeraa laafaa waan deemuuf, hawaasni haqa dhugaa irratti hundaa'e argachuu hin danda'u. Kanarrraa kan ka'e, naamusnii fi nageenyi ummataa fi biyyaa boora'uu danda'a.

Rakkoo Hanqinni Naamusa Ogummaa Lammilee Irraan Gahu

Ogeessi tokko tajaajilaa fi faayidaa ogummaa isaatiin irraa eegamu kan hawaasaaf kennuu danda'u ogummaan isaa amalaa fi naamusa gaariin yoo gargaarameen qofaadha. Ogeessi tokko dandeettii barbaadame hunda yoo qabaatee fi hanguma fedhe gamna yoo ta'es, yoo naamusa gaarii hin qabaanne ta'e tajaajilli inni kenu guutuu ta'uun hin danda'u. Aadaa hojii cimaa uumuuf dhimmoonni barbaachsaa keessaa isaan duraa dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaati.

Dandeettii ogummaa yeroo jennu dandeettii fi gahumsa gahaa dameen ogummaa tokko gaafatu jiraachuu isaa kan ibsuudha. Haata'u malee, dandeettii fi beekumsi qofti kophaa isaanii hojii bu'a qabeessa ta'e raawwachuu fi tajaajila gahaa kennuuf akka nama hin dandeessifne ni amanama. Dandeettiin ogummaa naamusa ogummaa wajjin walitti hidhamuu qabu. Naamusa ogummaa yeroo jennu hojii tokko raawwachuu amaloota hordofuu qabnu jechuudha. Amaloota naamusa ogummaa seeraan eeguu fi hojiirra oolchuun meeshaa ogummaan tokko bu'aa eegamu argamsiisuu dandeessisu jechuudha.

7 AADAA HOJII CIMAA

Naamusni ogummaa yoo hin jiraanne hawaasa keessatti rakkoo guddaan uumamuu akka danda'u fakkeenyota ogeessota fayyaa, hoomaa waraanaa, ogeessota seeraa fi barsiisota fudhachuun, yoo naamusni ogummaa ogeessota kanaa hin eegamne rakkoo dhalachuu danda'u ibsuun ni danda'ama.

Guduunfaa

Yaadota gurguddoo mata duree barnootichaa kana keessaa jechoota salphaan dhiyeessuun barattoonibekumsaa fi dandeettii gahaa argachuu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisaadha. Tarii naannoo yaadota gurguddoo armaan gadii irratti hubannoон argatan hanga barbaadame yoo ta'u baate, mata duree barnoota itti aanutti osoo hin cee'in dura irra deebi'anii ibsuun barbaachisaadha.

- Hiikkaa fi walitti dhufeenya dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa gidduu jiru ibsuu danda'uun isaanii,
- Miidhaa hanqinni naamusa ogummaa lammilee irraan gahuu danda'u ibsa irratti kennuu danda'uun isaanii mirkaneeffachuu guduunfuun ni eegama.

7.4 Aadaa Hojii Cimaafi Misooma (*Wayitii 2*)

Wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Heera Federaalawa Dimookraatava Rippaablika Itiyoophiyaa (F.D.R.I)
- Imaammattootaa fi tarsiimoowwan misoomaa kan akka Misooma Baadiyyaa fa'a.

7.4.4 Kaayyoolee Misoomaa Heera Mootummaa F.D.R.I

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Kaayyoolee misooma diinagdee jedhaman eenyu fa'a?
- Kaayyoleen misooma diinagdee hojiira oolchuuf maal gochuu barbaachisa.
- Barattoota gareedhaan gurmeessuun yaadota ka'an irratti akka mari'atan godhaa.
- Yaada hubatan kutaa keessatti akka dhiheessan jajjabeessaa.

Jecha misooma diinagdee ilaachisee barsiisaan yaada gabaabaa ka'umsaa kennuun gara mata duree barumsicha guyyaatti galuun ni danda'ama. Dhugaadha, yaadonni ka'umsaaf dhihaatan barattoota baay'ee sadarkaa kana irra jiraniif itti ulfaatuun danda'a. Kanaafuu, yaada karoora jedhu karoora barnoota kutaa fi qormaataa wajjin walsimsiisuun muldhisuuf yaalaa.

Gocha

Gilgaalicha mana isaaniitti hojjatanii akka dhufan hojii manaa kennaafii. Yaadawwan armaan gadii deebii kennaman soroorsuuf tajaajiluu danda'u. Barsiisaan hubannoof jecha itti haa fayyadaman.

1. Sirni diinagdee gabaa bilisaa sirna falaasama (philosophy) olaanaa diinagdee fi siyaasa biyya keenyaatti. Sirna diinagdee kana keessatti ga'een mootummaa sochii diinagdee

kana keessatti qabu baay'ee xiqqaadha. Kana jechuun maal jechuudha? Adeemsa gabayaa keessatti mootummaan kallattiin gidduu hin galu. Kana jechuun maal jechuudha? Ga'een mootummaa sirni imaammata diinagdee fi daldala madaallii eegee akka hojjatu kallattii qabsiisuudha. Faallaan sirna diinagdee bilisaa sirna giddu galeessumma (centralized) jedhamuun beekama. Sirna diinagdee ajaja mootummaa giddugaleessaa keessatti, sochii diinagdee olaantummaan kan to'atu mootummaadha. Sirna kana keessatti mootummaan sochii diinagdee keessatti kallattiin gidduu galuun sochii daldala bu'uura ta'an ga'ee murteessaa qabata. Sirni diinagdee akkanaa sirna sooshaalizimii keessatti kan muldhatuudha. Fakkeenyaaaf biyya Sooviyeeti Yuunyenii durii, Chaayinaa, Kuubaa, Kooriyaa Kaabaa, sirna Dargii fi kkf. keessatti gaggeeffamee turee fi gaggeeffamaa jiru fudhachuun ni danda'ama.

2. Barattooni ga'ee adda addaa qabaachuu isaanii akka beekan godhuu. Barattooni sadarkaa kanatti kaayyoolee diinagdee biyyattii, qajeelfamootaa fi kkf ilaachisee faayidaalee isaanii haala salphaan akka hubatan godhuudha. Fuula duraaf qarshii fi beekumsa qabaniin dameewan diinagdee adda addaa keessatti hirmaachuun jirenya isaan fooyyessurra darbanii hojii biyya isaanii fayyadu raawwachuuuf akka yaadan gochuudha. Biyyaaf wanta gaarii gumaachuu kan danda'anu yeroo ammaa kana gochoota isaanii irraa eegamu xaarii guddaan raawwachuu ta'uu isaa marii keessatti ibsuu. Cimanii qo'achuu, akka humni isaanii eeyyameef maatii qarqaaruu, mataa ofii maxxantummaa (irkattummaa) irraa bilisa of gochuuf osoo hin nuffine hojjachuun fi kkf ta'uu isaa haala salphaan ibsuudha.
3. Kaayyoolee diinagdee kamyuu dursaan waraqaa irratti tarreeffamanii wixinamu. Kaayyooleen diinagdee kun sirriitti ibsamani karoraa tarreeffamu. Karorri, hojiwwan fuula duraaf attamitti, yoom, eenyuun, maaliif fi kkf akka hojjataman waraqaa irratti tarreeffamanii kan ibsamani fi kan wixineffamaniidha. Dubbiin ijoon kaayyoolee fi hojiilee hojjataman waraqaa gubbaa kaa'uu osoo hin taane gara hojiitti hiikuudha. Haala kanaan karoora diinagdee gara raawiitti jijiiruun faayidaalee argaman keessaa qabxiilee armaan gadii tuquun ni danda'ama.
 - Misooma biyyattii ni saffisiisa; hiyyummaa fi duubatti hafummaa irraa nama baasa.
 - Ijaarsa sirna dimookraasii fi bulchiinsa gaarii saffisiisa.
 - Haqa qabeessummaa qooddi dhaabbilee hawaasummaa fi qabeenyaa mirkaneessa.

Imaammatootaa fi Istraatejiiwwan Misoomaa

Naannoo dameewan misoomaa adda addaa kan akka barnoota, fayyaa, dhimma alaa, aadaa, qabeenyaa bishaanii, eegumsa qabeenyaa uumamaa, qusanna maatii fi kkf irratti jijiirama fiduu fi misooma biyya keenyaa saffisiisuuf karorri mootummaan qophaa'an bifa waliigalaan kaayyoolee misoomaa ykn imaammatoota misoomaa jedhamanii ibsamu. Kaayyooleen diinagdee sagantaawan yeroo gabaabaa fi dheeraa keessatti qaama

7 AADAA HOJII CIMAA

dameewwan industirii, daldala, qonna, horsiisa loonii ykn bu'uura misoomaa fi kkf maal hojjachuun akka barbaadame, sadarkaa kamirra ga'uu fi bu'aa maal argamsiisuuf akka ta'e kan argisiisaniiidha. Kaayyooleen diinagdee sagantaawwan adda addaa fi dhimmoota baay'ee of keessatti qabataniin ibsama. Kaayyooleen diinagdee guddina biyya tokkoo gara fooyee qabutti ceesisuuf xiyyeffatanii bocamaniidha. Kaayyooleen waliigalaa kun tooftaan gadi fageenyaan ittiin ibsamanii fi hojiirra oolan karaa tarsiimoowwanii fi sagantaawwaniitiin ta'a.

Walumaagalatti, kaayyooleen, imaammattoonnii fi tarsiimoowwan misoomaa diinagdee wixineeffaman kun hiyyummaa fi duubatti hafummaa keessa jiru keessaa meeshaa ittiin baanuu fi jiruu fi jirenya fooyya'aatti nu ceesisaniidha. Imaammattooni fi tarsiimoowwan misoomaa biyya keenyaa baay'inaan kan irratti xiyyeffatan bu'uura guddaa misoomaa biyya keenyaa kan ta'e qonaa fi misoomaa baadiyyaa irratti haa ta'u malee, sochii misoomaa diinagdee biyyattii hunda irratti hojjachuun guddina biyyattii fiduudha.

Guduunfaa

- Barattoonni yaadota bu'uuraa armaan gadii sirriitti hubachuu isaanii barattoota sadarkaa dandeettii adda addaa qaban madaaluun mirkanoeffachuun barbaachisaadha. Bu'uruma kanaan barattoonni barnooticha mata duree kana irratti
- Kaayyoolee misoomaa heera F.D.R.I jiru irratti hubannoo gabbifachuu isaanii beekuun barbaachisaadha.

Deebii Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Dhugaa

II. Walitti Firoomsuu

1. E 2. A 3. B 4. D 5. C

III. Iddoo Duwwaa Guutuu

- Hojii
- Maxxantummaa, kadhaa fi yaadota kanaan walfakkaatan
- Naamusa ogummaa

IV. Filannoo

1. E 2. A 3. B 4. D 5. C

V. Ibsa Gabaabaa Kennuu

- Gaaffilee sadeenifuu deebileen adda addaa baay'ina qaban kennamuu waan danda'aniif kitaaba barataa irraa, hubannoo barsiisaa fi burqaa ragaalee adda addaa irratti hundaayeen sirreeffamni haa godhamuufi.

Iddattoo Karoora Barnootaa

7.1 Maalummaa Aadaa Hojii Cimaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <p>1. Barumsichaan walbarsisuu</p> <p>2. Barumsicha jalqabuuf gaaffilee Ka'umsaaf dhihaatan irratti hundaa'uun, yaadota kennan karaa maalummaa aadaa hojii cimaa fi jabaatanii hojjachuutiin akka ilaalan gochuun kallattii mata duree barumsicha guyyaa itti eegaluu dandeessisu qabsiisuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Gaaffilee ka'umsaa Seensa irratti dhihaatan irratti yaada kennuu. • Yaadotaa dhuunfaanis ta'ee gareen deebiin kennamu irratti mari'achuu • Barattoota hiryyoota isaanii waliin yaada waliiqooduu.
20'	<p>Ibsa</p> <p>3. Ibsa qabiyyee mata duree barnootichaa dhiheessuu</p> <p>4. Adeemsa ibsaa fi marii keessatti barattoota hirmaachisuu.</p> <p>5. Barreeffama "Hojiif Hidhadha" jedhu irratti hundaa'uun gilgaala 1 kutaa keessatti akka hojjatan gochuu.</p> <p>6. Naannoo deebiwwan gilgaalichaa kennaman irratti mariisisuu</p> <p>7. Gilgaala 2 hojiimanaaf kennuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Ibsa kitaaba isaanii irra jiru ilaaluu. • Gilgaala 1 gareen ykn dhuunfaan kutaa keessatti hojjachuu. • Dhimmota ifa hin taane irratti gaaffii gaafachuu. • Yaadrimee yaadotaa irratti yaada kennuu hirmaachuu. • Hojii manaa fudhachuu fi hojjachuu
5`	<p>Cimsuu</p> <p>8. Maalummaa aadaa cimaa cimanii hojjachuu waliin walqabsiisuun mirkaneeffachuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Ibsa kennamu qalbiin dhaggeeffachuu. • Ibsa dabalataa kennuu. • Gaaffii yoo qabaatan gaafachuu.
5'	<p>Guduunfaa</p> <p>9. Gaaffilee kaayyoon barnootichaa galma ga'uu fi dhiisuu muldhisan gaafachuun mirkaneeffachuu.</p> <p>10. Mataduree barnootichaa itti aanuu beeksisuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Guduunfaa kennamu dhaggeeffachuu fi yaada ijoo barnooticha guyyaa sana gabaabinaan ibsuu.

BOQONNAA SADDEET

OFDANDA'UU

Kaayyoolee Boqonnichaa: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda,

- Maalummaa maxxantummaa hawaasummaa fi diinagdee ni hubatu.
- Barbaachisummaa amantaa cimaa dhuunfaa yaada namoota biroo wajjin walsimsiisuu ni hubatu.

Lakk.	Wayitii Barnootaa	Kaayyoolee Wayitii Barnootichaa	Burqaa Ragaalee Deggarsa Barnootaa
1	Faayidaa of Danda'u	<ul style="list-style-type: none">• Of danda'uun maaliif akka fayyadu ni ibsu	Poostaroota, fiilmootaa fi kkf lammilee hojiilee adda addaa irratti bobba'an agarsiisan.
2	Maxxantummaa	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa maxxantummaa hawaasummaa fi diinagdee ibsu.	Suuraawwan, poostaroota, fiilmotaa fi kkf kan daldala kontrobaandii agarsiisu.
3	Ofitti Amanuu	<ul style="list-style-type: none">• Amaloota ofitti amanuuun ittiin ibsaman tarreessu.• Sona ofitti amanamummaa horatu.• Yaadotaanamoota biroo seeraan keessummeessuu.	Ibsoota fakkii barattoonni yeroo kutaa keessatti baratan ykn qorataman agarsiisan.

8.1 Faayidaa of Danda'u (Wayitii 2)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Kitaabilee seenaa jirenya namoota dhuunfaa gaggabaaboo qabanii fi suuraa namoota dhuunfaa.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Wantoota mudannoo adda addaa irratti hundaa'uun hubattan irraa faayidaa of danda'uun ibsaa.
- Naannawa jiraattan keessatti namoota ofitti amanu jettan maqaadhaan caqasaa (ibsaa) Sababii ofirratti amantaa qabu jettaniif ibsaa.
- Gaaffilee dubbisaniif hanga hubataniif, yeroo kennaafii.
- Wanta beekanii fi wanta hubatan akka ibsan jajjabeessaa.
- Haala barumsicha guyyaatti galchuun danda'uun yaadota ka'an irratti marii godhuu.

Gocha

- Qabiyyee walaloo mata duree "Of Danda'e" jedhu irratti garee xixiqqaatti qoodamanii akka mari"atan godhaa. Mariin isaanii barumsicha waliin akka walqabatu kallattii qabsiisuu. Mariin booda wanta irra gahan kutaa keessatti akka dhiheessan muraasa isaaniitiif carraa kennuu. Yaadota irratti marii gochu.

Deebiwwan kennaman soroorsuuf yaadota armaan gadiitti gargaaramaa.

Of danda'uuf osoo hin nuffin cimanii hojjachuu, hojii naamusa gaariin raawwachuu, qarshii hojiin argatan seeraan itti fayyadamuu fi kkf qabxiilee bu'uuraati. Inni guddaan barattoonni cimanii yoo hojjatan of danda'uuf bu'uura ta'uu isaa akka beekan gochuudha. Barnooticha hordofuu fi qo'achuun aadaa hojii cimaa gabbifachuun akka barbaachisu haala gorsaatiin cimsanii itti himuun barbaachisaa dha.

Gocha

Yaada isaanii gabatee gurraacha irratti bahanii haa barreessan. Faayidaaleen of danda'uu haala sadarkaa barattootaan sirraa'aa deemuu qabu. Aadaa of danda'uutiin jirenya isaanii fuula dura dhufu gaarii gochuun faayidaa olaanaa akka qabu hubachiisuun barbaachisaadha.

Faayidaa Of Danda'uun

Of danda'uun faayidaalee baay'ee qaba. Hojii manaa fi qormaata of danda'anii hojjachuu, mana keessatti akka dandeettiitti hojii tokko tokko gargaarsa malee raawwachuun karaawan of danda'uu jedhamu ittiin ibsamuudha. Kun faayidaalee adda addaa qaba.

Fakkeenyaaaf,

- Maxxantummaarraa (irkattummaarraa) bilisa godhaa. Yaada ofin of hoogganuun ofitti amanummaa gabbisa.
- Namoota biroo biratti kabajaa fi amanamummaa argamsiisa.
- Biyyattiif lammii cimaa, saansaka guutuu qabu, ofii fi eenyummaa ofiitti kan amanuu horachuu dandeessisa.
- Yeroo, humnaa fi qarshii namoota biroo saammachuu irra ittigaafatamummaa ofii bahuuf nama dandeessisa.

Guduunfaa

- Yaada ijoo mata duree barumsicha kanaa haala gaaffiitiin kaasuun barattoonni hubannoo eegamu argachuun isaanii mirakneessuun barbaachisaadha. Naannoo yaadota gurguddoo armaan gadiirratti yoo barattoonni hin hubanne ta'e mata dure itti aanutti osoo hin ceene irra deebi'anii ibsuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan;
- Faayidaan of danda'uu inni qabu miira walqixxummaa uumuuf, amala eeggattummaa dhabamsiisuuf, miira ofitti amanamummaa gabbifachuun tarreessu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun ni barbaachisa.

8.2 Hirkattummaa (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa;

- Gochoota hojii misooma iddo adda addaatti muldhatan
- Suuraawwan irkattummaa ibsan

8.2.1 Hirkattummaan (Maxxantummaan) maali?

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Sababiin barataan suuraa irratti qormaata garagalchuun argame irkataa (maxxanaa) dha jechuu kan dandeenyeef maaliif isinitti fakkaata?
- Suuricha ilaaluun barattooni hanga kallattii irkattummaatiin dhuunfaan yaada akka kennan yeroon muraasa kennamuufii.
- Yaadonni kennman dhuga qabeessa moo miti jechuun barattooni akka yaada irratti kennan gaafachuu.

Deebiwwan kennaman sirreessuuf isaan armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama.

Irkattummaan (walirraa garagalchuun) amala godhee fi salphina guddaa waan ta'eef, barattooni irkattummaa keessaa bahuudhaaf cimanii qo'achuu, barnoota isaanii sirriitti hordofuu akka qabanii fi umrii isaanii ammaa irraa kaasee amala lammii irkattummaa balleessu akka ta'an qabsiisuun baay'ee barbaachisa.

Gocha

Barreeffama mata duree "Mucaa Irkataa" jedhu irratti hundaa'e gilgaala jiru manatti akka hojjatan hojiin manaa kennuufii.

Lakkoofsa gaaffilee 1-3 jiraniif haala barreeffamichaa irratti hundaa'uun qabxiilee ittiin sororsan qopheessuudha. Gaaffii lakk. 4 ilaachisee garuu namni kamiyyuu hojii irratti bobba'e hundarratti yoo cimee hojjate jirenya gaarii jiraachuu akka danda'u beeksisaa.

Namoota biroo irratti irkattoota akka hin taane ijoollummaa isaanii irraa jalqabee maalummaa fi faayidaan hojiin qabu gadi fageenyaan akka hubatan taasisuu. Kanaafis maatiin ijoollee isaaniif hojii humna isaanii madaalu akka hojjachuu danda'an carraa umuufii qabu. Seenaajirenya Ahimad irraa wanti hubannus rakkoo guddinaa dhimma akkanaa kanaan kan walqabate ta'uun isaa hubanna. Ammallee yeroon ganaadha. Ahimad yoo of sirreesse, yoo baratee amala cimee hojjachuu yoo gabbifate, jirenya isaa haalli ittiin fooyeffachuu danda'u wantota baay'eetu jira. Rakkolee fi amaloota hin barbaachifne sirreessuu danda'uun dandeettii kenna ilmaan namaati. Kanaaf immoo ejjanno cimaa fi kutannoo barbaachisa.

Gocha

- Maatii wajjiin mari'achuun deebii akka itti kennan taasisaa.

8 OFDANDA'UU

Irkattummaan rakkolee adda addaa akka inni fidu ragaa qabatamaan muldhisuun ni danda'ama. Irkattummaan namoonni beekumsa isaaniin, hojii fi maallaqa argatanii amantaan jiraachuu akka danda'an akka of kessatti hin horanne kan godhuudha. Namoonni namoota biroo irratti akkuma irkataa ta'aa deeman bilisummaa ofii dhabanii fedhii namootaaf bitamanii jiraatu. Yaada isaaniitiin deemuu ni rakkatu. Yeroo tokko tokko wantoota gadhee namoota irratti akka raawwatan yoo ajajamu raawwachuu irraa duubatti hin deebi'ani. Fedhii namoota biroo, yaadaa fi gocha isaanii faana deemuu fi dinqisiifachuu irra darbanii ejjanno mataa isaaniin deemuuf yeroo rakkatan ilaalamu. Wantoota gaarii ofii isaaniitiin raawwatus hubachuu dhabuutu jira.

Irkattummaan Maali?

Irkattummaan amala haala adda addaatiin ibsamuu danda'a. Irkattummaan of danda'uu dhabuu, fedhii fi qabeenya nama biroo irratti hundaa'een jirenya ofii gaggeessuun barmaatilee miidhaa qabuudha. Barattooni tokko tokko barumsa isaanii sirriitti osoo hin hordofne deebii qormataa walirraa garagalchuun fakkeenygocha irkattummaati. Amalli irkattummaa kuni umrii adda addaa fi dameewwan hojii fi jirenya adda addaa keessatti ni muldhata. Walumaagalatti irkattummaa jechuun dhimma tokko dandeettii ofiin, tattaaffii ofiitiin raawwachuurraa namoota birootti dhiyataniif fi rarra'anii fedhii fi faayidaa ofii milkeessuuf, yeroo tokko tokko namoota biroo miidhuuf tooftaa dadhabdoonni itti fayyadamaniidha. /Boqonnaa torba ilaaluun ni danda'ama/.

8.2.2 Irkattummaa Hawaasummaa fi Diinagdee

Seensa

Gaaffiee Ka'umsaa

- Miidhaa daldalli kontrobaandii hawaasummaa fi dinagdee irratti dhaqqabsiisu ibsaa.
- Daldalli kontrobaandii maal akka ta'e wanta galeef aka ibsan muraasa isaaniif carraa kennuufii.
- Miidhaa daldala kontrobaandiin dhufu irratti yaadota ka'an haala barumsicha eegalsiisuu danda'uun kallattii qabsiisuun ni barbaachisa.

Gocha

- Garee xixiqaan qoodamanii gilgaala "Hibboo" jedhu akka hojjatan carraan haa kennamuuf. Deebii isaanii akka ibsan jajjabeessudha. Barsiisichis gaaffilee sirreessuuf qabxiilee "Hibboo" irraa qopheessan irratti hundaa'uun sirreessuudha.

Gaaffileen kan hubachiisuu barbaadan meeshaalee seeraan ala gara biyyaatti galanii fi biyya keessaa bahan nageenyaa fi fayyaa ummataa irratti kan rakkoo uuman ta'uun danda'a. Dabalataanis gibira (qaraxa) kan itti hin kaffalamne waan ta'eeef, dinagdee biyyattii miidhu. Kanaaf daldalli kontrobaandii kan ummataa fi biyya miidhuu fi gocha yakkaa ta'uun isaa hubachiisuudha.

Gocha

Gaaffilee gilgaala kana irra jiran kutaa keessatti dhuunfaan akka hojjatan taasisuu. Isaan armaan gadiitti soroorsuuf fayyadamuun ni danda'ama.

1. Kitaaba barataa waliin iaaluun sirreffamni haa godhamu.
2. Kan biyyaaf hin yaadne, saansaka gaarii fi naamusa hin qabne, kan olii fi gadi dhayanii fi nama moogsan, kan of jaallatanii fi namoota amala hojii yakkaa qaban ta'uun isaanii ibsuun ni barbaachisa. Yeroo tokko tokko hanqina hubannoo fi beekumsa dhaburraan kan ka'e gocha kanarratti warri bobba'an jiraachuu danda'u. Naanna'ee naanna'ee raawwattoota yakka biyyattii tana miidhu ta'uun isaati.

Irkattummaa Hawaasummaa fi Diinagdee

Gochoota irkattummaa fi seeraan alaa sadarkaa biyyattii argaman keessaa daldalli kontrobaandii isa tokko. Daldala kontrobaandii jejchuun osoo galii gibira mootummaa hin kaffaliini gocha karaa seeraan ala ta'een meeshaalee fi qabeenyota adda addaa biyyaa baasuu fi galchuu jechuu dha. Gama biraatiin immoo meeshaalee fi qabeenyota gara alaa akka hin baane dhoorkaman ykn hin galle dhoorkaman galchuu fi baasuudha. Gochi kunis diinagdee (misooma, guddina, ---), dhimmota hawaasummaa irratti (dhimmoota nageenyaa, hojii dhabdummaa---) miidhaa guddaa fida. Kanaaf gochi kontrobaandii gocha gadhee irkattummaati jedhamee fudhatma.

Guduunfaa

- Barattooni yaadota bu'uuraa armaan gadii hubachuu isaanii warra sadarkaa dandeettii adda addaarratti argaman gaafachuun mirkanoeffachuu barbaachisa. Haaluma kanaan barattooni barnooticha kanarrraa;
- Maalummaa irkattummaa irratti ibsa gahaa kennuu danda'uun isaanii
- Miidhaa daldalli kontrobaandii diinagdee biyyaa, nageenyaa fi sochii hawaasummaarratti uumuu danda'u hubachuuu isaanii madaaluun barbaachisaadha.

8.3 Ofitti Amanuu (*Wayitii 3*)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Suurawwanii fi injifannoo atileetota (Haylee, Qananiisaa, Xurunash,---) ibsu.

8.3.1 Karaawan Amala ofitti amanamummaa itti ibsaman**Gaaffilee Ka'umsaa**

- Gochaawan amalli ofitti amanuu ibsamuu danda'u jettan tarreessaa.
- Amaloota barattoota mana barumsa keessan keessatti ofitti amanuuun beekaman ibsaa.
- Naanno of danda'uun irratti wanta dursanii hubatan akka ibsan carraa kennaafii.
- Barattoota yaada ka'umsaa 2ffaa ibsuuf carraa hin arganneef yaada akka kennan taasisaa.
- Haala mata duree barumsa guyyaatti galchuu danda'uun ibsa godhamerratti sirreffama kennuun kallattii qabsiisuun barbaachisaadha.

Gocha

- Barreeffama mata duree "Firii Barataa" jedhu irratti hundaa'uun akka gilgaalicha hojjatan hojiin manaa kennaafii. Gilgaala soroorsuuf qabxiilee barbaachisan barreeffamicha (dubbifamicha) keessaa akka qopheeffatan taasisaa. Qabxiilee soroorsuuf qopheessitan irratti hundaa'uun sirreffama kennaa.

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti yaada ibsuu, gaafachuuf marii garee irratti si'aayinaan hirmaachuun ofitti amanamummaan kan ittiin ibsamu ta'uun isaa hubachiisuun barbaachisaadha. Namoonni sababii adda addaatiin dogongora raawwachuu danda'u. Dogongora uumame beekuu fi sirreffama gochuuf dhimma raawwatame sana beekuun ni barbaachisa. Barataan dogongora qabxii isaa irratti uumame akka sirreffamuuf barsiisicha gaafatuuf qophii gahaa godhoo fi ofitti amanummaa qabaachuu isaa ibsa.

Gocha

Gilgaalicha barattoonni walcinaa taa'an waliin mari'achuun kutaa keessatti akka hojjatan godhoo. Ibsa aadaa hojii cimaa fi armaan olitti naannoo irkattummaa irratti kennaman soroorsuuf fayyaduu danda'u.

Karaawan Amalli Ofitti Amanuu itti Ibsaman

Ofitti amanuuun faayidaan mirga namootaaf, guddina biyyattii fi misoomaaf qabu daraan olaanaadha. Hunda caalaa lammii eenyummaa issaatti boonuu fi saansaka cimaa qabu horachuuf shoorri amaloota ofitti amanummaa qabu olaanaadha. Fakkeenyaawan adda addaa amaloota kana ibsan muldhisuun ni danda'ama.

Ofitti amanamummaa jechuun,

- Of beekuu/ofirratti huabnnoo sirrii ta'e qabaachuu
- Yaada ofii sababii wajjin ibsuu
- Fedhii ofii yaada namoota biroo wajjin walsimsiisuuf yaaluu
- Dogongora raawwatame amananii fudhachuu
- Fedhii, filannoo fi yaada namoota biroo kabajuu
- Dandeetti fi ga'umsa ofii xiqqeessanii ilaaluu dhiisuu
- Of fooyyessuu fi beekumsa argachuuf dhama'u (xaaruu) fi kkf. hundi amaloota namoota ofitti amanamummaa qabaniiti.

Guduunfaa

Yaadota bu'uura barnooticha mata duree kanaa bifaa salphaan kaasuun barattoonni hubannoo gahaa fi beekumsa argachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Tarii naannawa yaadota gurguddoo armaan gadii irratti hubannoona eegamu sadarkaa barbaadamu irra hin geenye taanaan, osoo mata duree haarawaatti hin ceene irra deebi'anii ibsuudha.

- Karaawan ofitti amanamummaan itti ibsaman tarreessuu danda'uun isaanii, fakkeenyaaf hubannoo sirrii ta'e ofirratti qabaachuu (sirriitti of ibsuu), yaada ofii yaada namoota biroo waliin waliigaluu, dogongora yaadaa isaan bira jiru sirreessuuuf carraaqqii godhoo, dogogora raawwatame amananii fudhachuu fi kkf ilaachisee barattoonni sirriitti beekuu qabu.

Deebii Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

II. Walitti Firoomsuu

1. D 2. E 3. B 4. C 5. A

III. Filannoo

1. D 2. E 3. D 4. B 5. C

IV. Iddoo Duwwaa Guutuu

- Kontrobaandii
- Ofitti amanuu dhabuu /Hirikattummaa/
- Matta'aa

V. Ibsa Gabaabaa

- Gaaffilee hundaaf deebiin adda addaa baay'een kennamuu waan danda'amuuf kitaaba barataa, hubannoo barsiisichaa fi burqaalee adda addaa irratti hundaa'uun yaadni sirreeffamaa haa kennamuuf.

Iddattoo Karoora Barnootaa

8.1 Faayidaa Danda'uu

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Wayitii barnootichaa jalqabuuf gaaffilee ka'umsaa faayidaa barattooni of dan-da'uu, maal akka ta'e yaada qaban akka ibsan gochuu. Barumsicha guyyaa jalqabuuf kallattii qabsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada ka'umsaa Seensa keessatti ibsame irratti yaada kennun hirmaachuu. Gareen ykn dhuunfaan yaadota kennaman irratti mari'achuu. Yaada isaanii barattoota kutaa keessaaf ibsuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Wayitii barnootichaa irratti ibsa kennuu. Adeemsa marii keessatti barattoota hirmaachisuu. Walaloo "Of danda'eera" jedhu irratti hundaa'uun Gilgaala 1 kutaa keessatti akka hojjatan gochuu. Deebii gilgaala irratti marii godhuu Gilgaala 2 kutaa keessatti mariidhaan hojjechiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gilgaala 1 gareedhaan kutaa keessatti hojjachuu Dhimmoota ifa hin taaneef gaafachuu. Yaadrimee irratti yaada kennuu fi gaaffi gaafatuu, gaaffileef deebii kennun hirmaachuu. Kitaaba barataa irratti ibsoota kennaman dubbisuu.
5'	<p>Cimsuu</p> <ul style="list-style-type: none"> Faayidaa of danda'uu jiruu isaanii waliin walqabsiisuun yaadota cimsan qabsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu qalbiin dhaggeeffachuu. Ibsa dabalataa kennuu. Gaaffii gaafachuu.
5'	<p>Guduunfaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Kaayyoon barnootichaa milkaa'uun fi dhiisuu isaa gaaffii gaafachuun mirkaneeffachuu. Barnoota itti aanse dhihaatu irratti ibsa gabaabaa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada guduunfaa dhaggeeffatuu. Qabxii ijoo barnooticha guyyaa gabaabinaan ibsuu.

BOQONNAA SAGAL

AADAA QUSANNAA

Kaayyoo Boqonnichaa: Barattoonni erga boqonnaa kana xumuranii booda,

- Faayidaa qusannaan qabu beeku.
- Baasii hin barbaachifne hir'isuu jechuun kan qusannaan itti ibsamu keessaa tokko ta'uub hubatu.
- Mataa ofii karooraan hogganuun attamitti aadaa qusanna gabbisuun akka danda'amu hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee Barnootaa	Meeshaalee Deggarsa
1	Qusanna	<ul style="list-style-type: none">• Barbaachisummaa qusanna ni ibsu.• Tooftaalee qusanna adda addaa ni tarreessu.• Qabeenya isaanii qusanna fi kunuunsanii qabatu.• Maatiin isaanii qusannaan akka jiraatan ni gorsu.	Suuraawwan, poostaroota, fiilmotaa fi diramaawwan waa'ee qusanna ibsan hunda.
2	Gochaawan aadaa qusanna naannicha keessatti morman	<ul style="list-style-type: none">• Gochaalee naannawa isaaniitti aadaa qusannaaf gufuu ta'an ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Suuraawwan, poostarootaa fi kkf wantoota faallaa qusanna argisiisan
3	Hiyyummaa	<ul style="list-style-type: none">• Suukannaa hiyyummaa ni ibsu.• Hiyyummaa irratti duuluuf tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Poostaroota, suuraawwan fi kkf kan hiyyummaa fi qabeenya baraaxessuu argisiisan

9.1 Qusanna (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Fiilmota qusanna irratti, poostarootaa fi suuraawwan, waajjirootaa fi kkf.

9.1.1 Faayidaa qusannaa**Seensa****Gaaffilee Ka'umsaa**

- Naannawa keessanitti namoota qusannaadhaan kan mataa ofii danda'an beektuu? Jirenya isaanii durii fi ammaa walbira qabuun hiriyyoota kutaa isaaniif ibsan taasisaa.
- Yaada ka'umsaa irratti yaadota adda beekan akka ibsan jajjabeessuudha. Barsiisichi aadaa qusannaa gaariitti fayyadamuu sadarkaa olaanaa irra warra gahan kan beekan ykn kan barreeffama irraa dubbisan yoo jiraate ykn yoo dhagahan akka fakkeenyaaatti seenaa isaanii dhiheessuun gara barumsa itti aanutti galuun ni danda'ama.

Gocha

Barreeffama "Tirsiitii fi Obboleewan Ishee" irratti hundaa'uun gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan hojiin manaa kennuufii. Barreeffamicha keessaa qabxiileen ittiin sirreeffaman osoo bahanii. Barsiisichi wantoota armaan gadii tuquu danda'u. Jiruu keessatti rakkoleenii fi balaan adda addaa nama qunnamuu akka danda'an, rakkolee fi balaawan nama qunnaman kana keessaa bahuuf maallaqni ykn qabeenyi akka barbaachisu barattootaaf ibsu. Maallaqa rakkoo kanaaf ta'u kaawwachuuf aadaa qusannaa cimaatti fayyadamuu barbaachisaa akka ta'e haa ibsamuuf. Warri Tirsiit osoo aadaa qusannaa qabaachuu baatanii rakkoo cimaa keesa galu tureeyyu. Tirsiiti fa'a qabeenya warri isaaniif dhiisanii darban seeraan ittifayyadamuu qabu. Jiruun isaanii fuula duraa fooyya'aa akka ta'u barnoota isaanii cimanii barachuu fi qo'achuu qabu. Dabalataanis gorsa barsiisaa, gorsa firaaf fi kkf argachuu qabu.

Gocha

- Gilgaalicha maatii isaanii wajjin mari'achuun deebii itti kennuu danda'u. Deebiwwan kennamaniif soroorsuuf barsiisichi wantoota armaan gadiitti haa fayyadamu.
- 1. Qusannaan namoota dhuunfaan, maatii fi sadarkaa biyyaatti faayidaa baay'ee akka agarsiisu muldhisuun ni danda'ama. Hiyyummaa keessaa bahuun jirenya gaarii jiraachuu dandeessisa.

Qabeenya argachuu fi hojiwwan daldalaa fi industirii hojjachuun guddina biyyaatiif gumaacha guddaa gumaachuu dandeessisa. Biyyattii irkatummaa keessaa baatee fi of dandeesse, duubatti hafummaa keessaa baatee fi guddatte ijaaruu dandeessisa.

2. Barattooni gaaffii kanarrraa kan hubachuu danda'an jirenyaa fi umrii kamirrattuu qusannaa hojiirra oolchuu danda'u. Umrii fi sadarkaa barumsaa kamirrayyuu jiran hundi qabeenya dhuunfaa fi maatii adda addaa qusachuu akka danda'an agarsiisuun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf,
- Meeshaalee barnootaa (barruulee, qubeessaa, kobbee fi kkf of eeggannoonaan itti fayyadamuu)
- Uffata isaanii (kophee, uffata yuunifoormii fi kkf) of eeggannoonaan itti fayyadamuu.

9 AADAA QUSANNA

- Meeshaalee tajaajila maraaf oolan, qabeenya kunuunsuu fi sirnaan ittifayyadamuu qabuudha.

Qusanna jechuun maallaqa, qabeenya fi humna seeraan osoo hin qisaasne ittifayyadamuu jechuudha. Qusanna jechuun dondhummaa irraa adda. Wali-hin fakkaatu. Barattooni ammumarraa maallaqaa fi qabeenya aadaa seeraan ittifayyadamuu shaakaluu qabu. Qusannaan wanta qabnu irraa rakkoo fuula duraaf nu qunnamuuf kaawwachuu, irkattummaa keessaa bahuuf maatii gara jirenya fooyya'aatti ceesisuuf tooftaa nama gargaaruudha. Qusannaan faayidaa fayyummaa ofii eegsisuufis ta'ee umrii dheeressuuf qabu kaasuun barattoota hubachiisuun ni danda'ama.

9.1.2 Tooftaalee Qusanna

Gaaffilee Ka'umsaa

- Tooftaa qusanna hawaasa naannawaa fi maatiin isaanii ittifayyadaman akka ibsan haa ta'u.
- Sirnoota qusanna hawaasa naannawaa fi maatiin isaanii ittifayyadaman akka ibsan haa ta'u.
- Yaadota ka'an mata duree barumsichaan walqabsiisuun yaadota sirreffamamaa fi cimsaan kaasuun hojji itti aanutti galuun ni danda'ama.

Gocha

- Mata duree barreffama yeroo kudhan safarri, si'a tokko muri" jedhu irratti hundaa'uun gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan haa ta'u. Qabxiilee gaaffilee lakk. 1,2 fi 3 barreffama keessaa baasaa. Gaaffii 4ffaa iaalchisee yaada duubatti hafummaa keessaa bahuu fi jiruu gaarii gaggeessuuf ni dandeessisa. Akkaatuma dhimmoota gorsaa fi yaada ogummaa fayyaa, seeraa, qonnaa fi barnootaa hordofuu fi bu'aa gaarii argachuuf faayidaa akka qabu yaadachiisuun barbaachisaadha.

Gocha

- Gilgaalicha maatii waliin mari'atuun akka hojjatan haa godhamu. Soroorsuuf yaadota armaan gadii tilmaama keessa galchuudha.

Gaaffii lakk. 1. karooraan hogganamuu jechuun maal akka ta'e ibsuuf sagantaalee barnootaa fi qo'annaa guyyaa guyyaan ittifayyadamtan akka fakkeenyatti dhiheessuu ni danda'ama.

Gaaffii lakk. 2 fi 3 karaan ittifayyadama qusanna maatii isaanii maal akka ta'e ibsuun hubannoo keessa galchuun akka barsiisummaatti fooyyee qabu wanta jedhaman barattoota biroof akka dhiheessan haa ta'u.

9 AADAA QUSANNA

Tooftaalee Qusannaa Adda Addaa

Naannolee adda addaa keessatti tooftaaleen qusannaa adda addaa jiran beekkumsa baankii, iqqubii, waldaa hojii gamtaa, liqii fi qusannaa, tooftaalee gurguddoo qusannaa maallaqaa ta'uun isaanii ni beekkama. Tooftaalee qusannaa qabeenyaa fi maallaqa of eeggannoona, seeraanii fi karooraan itti fayyadamuu nama dandeessisaniidha. Sadarkaa barattootaatti mana isaanii keessatti saantimoota xixiqqoo saanduqa keessatti kuufachuun tooftaa tokko.

Guduunfaa

- Barattooni yaadota bu'uraa armaan gadii sirriitti hubachuu isaanii gaaffii fi deebii barattoota dandeettii sadarkaa adda addaa irratti argaman irraa mirkaneeffachuu ni dnada'ama. Bu'uruma kanaan barattooni mata duree barumsa kanaa irraa,
- Faayidaa qusannaa maallaqaa fi tooftaalee qusannaa adda addaa hubachuu isaanii mirkaneeffachuu guduunfuu barbaachisa.

9.2 Hawaasa Keessatti Gochawwan Faallaa Qusannaa (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Poostaroota, suuraawwanii fi kkf qisaasina argisiisan

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Mallattoon suuraa irraa muldhatus attamitti gochoota aadaa qusannaa akka mormuu danda'an ibsaa.
- Suuraa ilaaluun yaada akka dhiheessan jajjabeessaa.
- Yaadonni ka'an kallattii qusanaan ka'uu isaanii mirkaneeffachuu

Suurraan, yaadota duubatti hafuu aadaa qusannaa dadhabsiisan keessaa, lakkofsi maati baay'achuu isaa kan muldhisu ta'uu isaa beeksisu. Maatiin tokko tokko ilmoon qabeenya jechuun, ijoolee isaan barbaachisuu oli uummachuun seeraan ala ta'uu isaa barattootaaf ibsaa. Gochi kun gocha qusannaa mormu ta'uu isaa gabaabinaan hubachiisuun gocha itti aanutti darbuudha.

Gocha

A. Naannoo keessan keessatti ayyaana waggaa fi sababoota adda addaatiin dhanga humna isaaniin oli qopheessuun rakkon irra gahe ibsaa.

- Naannoo dhimma kanaa irratti wanti beekan yoo jiraate akka ibsan carraa kennuufii.
- Yaada yoo kenname ykn barataan kennu yoo dhabame yaada armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

Gochaawwan aadaa qusannaa morman keessaa inni tokko dhimmoota adda addaatiif (cidhaaf, cuuphaaf, guyyaa dhalootaaf, eebaaf fi kkf) jechuun humnaa oli baasuun dhanga qophaa'uun akka rakkoo keessa galan ibsuufii ni barbaachisa. Qophiin humnaa oli raawwatu maatii tokko miidhuu irra darbee rakkoo xaxamaa fi furmaata hin qabne keessa akka isaan galchu hubachiisuun barbaachisaadha.

Gocha

Barreeffamicha irratti kutaa keessatti gareedhaan akka irratti mari'atan yeroo muraasa kennaafii. Yaadota mariin booda irra gahan kutaa keessatti akka ibsan haa ta'u. Deebii gaaffilee gaafatamaniiif yaadota soroorsuuf ta'an barsiisichi barreeffamicha keessaa fi kan armaan olitti yaada "A" fi armaan gaditti "B" jalatti hammataman keessaa fudhachuun ittifayyadamuu ni danda'ama.

Gocha

B. Yaada ilaalcha duubati hafummaa beektan ibsaa.

- Naannoo kanarratti waanti beekan yoo jiraate akka ibsan carraa kennaafii.
- Yaandi yoo kennamee fi ykn barataan yaadi kenu yoo hin jiraanne, yaada armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

Ilaalchi duubatti hafummaa beekumsaa fi hojimaata ammayyaa wajjin kan wal hin simnee fi yeroo baay'ee yaada miidhaa qabuudha. Haala kanaan gochootaa fi yaadota duubatti hafummaa qusanna morman haa ibsan. Humnaa oli jiraachuuf yaaluu fi qophii humnaa oli ta'e baay'isuu fakkeenyaaaf tuquun ni danda'ama. (Boqonnaa 11 ilaaluun ni danda'ama).

Gocha

- Gilgaalicha manatti akka hojjatan haa godhamu. Barsiisichi gaaffilee dhihaatan soroorsuuf yaadota armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'a.

1. Ilaalchonni duubatti hafoo ta'an miidhaalee adda addaa akka isaan geessisan hubachuu irra darbanii jjannoон hanga mormuu danda'anitti akka ga'an gochuun barbaachisaadha. Yaadota duubatti hafoo qisaasina geessisan sababii guddaa hiyyummaa fi duubatti hafummaa ta'uu isaanii itti muldhisu.
2. Hojimaanni duubatti hafoo fi gochaalee miidhaa qabaachuun hawaasa keessatti yeroo baay'ee hojiirra oolan sirreessuun ni barbaachisa. Tarii duubatti hafummaas ta'uu waan dhiisaniif ykn qaama adda addaa komachiisuu waan danda'aniif, sirreffama of eeggannoo qabuun sirreessuudha.

Gocha

- Maatii isaanii waliin mari'achuun deebii argatan ijoollee kutaa isaaniif akka dhiheessan haa ta'u. Dhugaadha, ilaalchonni duubatti hafoon adda adda ta'uu danda'u. Haata'u malee, qabxiin madaallii guddaan kan ta'uu qabu gochaalee yaadotaa fi rakkolee fayyummaa dhuunfaa fi waliinii lammiiwanii fi nageenya jireenya gamtaa irratti kan geessisan ta'uu muldhisa.

Ilaalchota aadaa qusanna morman keessaa tokko namoota qabeenya fi maallaqa isaanii seeraan kan ittifayyadanii fi qusatan doqna, ofittoo fi kkf jechuun hojii jibbisiisu yeroo hojjatan argamu.

9 AADAA QUSANNA

Naannoo adda addaatti aadaa qusanna warri mormanii fi aadaa fi barmaatilee miidhantu jira. Gochaalee qusanna morman dhabamsiisuun kan barbaachiseef jirenya guyyaa guyyaan jiru miidhuu irra darbee rakkoo yeroo dheeraa dhiisanii waan darbaniif. Haala kanaan barattoonni mataa isaaniis ta'ee maatiin isaanii gocha akkanaa irraa akka of qusatan hubachiisuu barbaachisa.

Guduunfaa

Yaadoleen gurguddoon mata duree barnooticha kanaa haala gaaffiitiin kaasuun barattoonni hubannoo fi beekumsa eegamu argachuu isaanii mirkaneessuun ni barbaachisa. Naannoo yaadota armaan gaditti yoo hanqinni muldhate mata duree barnoota itti aanutti osoo hin ceene irra deebi'uun ibsuudha. Barmaatilee naannoo sirna qusanna gaarii morman sirriitti addaan baasuu isaanii mirkaneessuudha

9.3 Hiyyummaa (*Wayitii 3*)

Qophii wayitii barnoota keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Poostaroota, suuraawwan fi kkf hiyyummaa fi rakkina ibsan

9.3.1 Salphina Hiyyummaan Fidu

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Suuraa armaan olii ilaaluun rakkoo hiyyummaa fi beelaa ibsaa.
- Wanta beekan irraa ka'uudhaan maalummaa hiyyummaa fi rakkoo isaa akka ibsan yeroo muraasni haa kenamuuf.
- Yaadota ka'an keessaa qabxiwwan gurguddoo kaasuun haala gara mata duree barumsichaa galchuun sirreeffamni haa godhamu.

Gocha

Gilgaalicha kutaa keessatti gareedhaan akka irratti maria'tan haagodhamu.

1. Rakkoolee adda addaa hiyyummaadhaan dhufan ilaalchisee yaadota barattoonni kaasan cimsuu dha.
2. Karaan guddaan hiyyummaa keessaa ittiin baanu jabaatanii hojjachuu ta'uu isaa ibsuu. Barataan barumsicha isaa cimee hordofuu dhabe qabxii fooyya'aa fidee jiruu fi jirenya fooyya'aa jioraachuu hin danda'u. Rakkoolee karaa irratti isa qunnaman hunda gamnummaan keessa darbuu yoo dadhabe jiruu gaarii akka jiraachuu hin dandeenye beeksisuun ni barbaachisa. Kanaaf, ammarraa eegalee jabaatee hojjachuun ni barbaachisa.

Maalummaan hiyyummaa akka biyyootaa fi sadarkaa guddina hawaasaa garaagarummaa qaba. Rakkoon suukanneessaan dhuma hiyyummaa waan nyaatanii fi arrabaan tuqan dhabuun du'aaf saaxilamuudha. Sababooni hiyyummaa ta'an keessaa, jabaatanii hojjachuu dhabuu fi maallaqa hojjatanii argatan qusanaan itti fayyadamuu dhabuu, ykn qisaasessuun isaan gurguddoodha.

9.3.2 Hariiroo Qisaasa'ummaafi Hiyyummaa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Nama qabeenya qisaasessu (baraaxessu) jechuun maal jechuudha? Hiyyummaa wajjin maaliin walfakkaata?
- Waa'ee rakkoo namoota qisaasessanii fi qisaasummaan dhufan ilaachisee wanta beekan hiriyyoota kutaa isaaniitiif akka ibsan haa godhamu.
- Yaada kenuudhaan akka hirmaatan jajjabeessuu.

Barsiisichi muuxannoo jiruu isaanii keessatti namoota qabeenya qisaasessan isaan qunnamanii fi rakkoo isaan irra gahe kaasuun haala mata duree barumsichaa keessa galchuun kallattii qabsiisuu.

Gocha

- Gilgaala kana ijoolleen maatii isaanii wajjin mari'achuun akka hojjatan hojiin manaa haa kennamuuf. Gaaffilee gilgaalicha keessatti kennamaniif deebii kennuuf yaadota armaan gadii dubbisuun ni danda'ama.

Gaaffii lakk. 2 tiif dabalata ibsa kitaaba barataa keessa jiru

- Araada gadheef saaxilamuu (sigaaraa xuuxuu, machaa'uu ykn farshaa'uu fi kkf) fi
- Humnaa oli jiraachuuf gochaalee godhaman ta'a.

Qisaasummaan hiyyummaa wajjin kallattiidhaan walitti hidhamiinsa akka qabu hubachiisuun faayidaa qaba. Qisaasummaan qabeenya fi maallaqa seeraan ittifayyadamuu dadhabuudha. Sababii kanaanis qisaasummaan faallaa qusanna fi gocha miidhaa qabu jedhamee fudhatama.

9.3.3 Hiyyummaa Balleessuuf Baasii Xiqqeessuu fi Qusanna Barachuu

Gaaffii Ka'umsaa

- Wantoonni baasii xiqqeessu jettan maal maal fa'a?
- Yaadota qaban akka kaasan jajjabeessuu
- Yaadota kaasan haala gara mata duree barumsichaatti galchuuun kallaattii qabsiisuu.

Namooni jirenya isaanii fooyyessuuf galii isaanii seeraan ittifayyadamuuuf baasii hin barbaachifne hir'isuuf, tarkaanfii fudhachuun yaada kennuu gara marii guddaatti galuu ni danda'ama.

Gocha

- Gilgaalicha kutaa keessatti gareen akka hojjatan godhuu. Ibsa armaan olitti dursanii taa'an gaaffilee kana soroorsuuf ittifayyadamuuun ni danda'ama. Tokko tokko isaanii yoo ilaallu, karooraan hoogganamuu, baasii hin barbaachifne hir'isuuf, maallaqa gocha barbaachisuuf oolchuu fi ksf kaasuun faayidaa qaba.

9 AADAA QUSANNA

Karaan hiyyummaa keessaa ittiin bahan tokko gochoota qisaasummaa hambisuu, aadaa qusanna hammayyaa hordofuu danda'uudha. Haala kanaan kitaaba barataa keessatti yaadota ibsamani fi ibsooni gilgaalicha keessatti ka'an gahaa waan ta'niif, achumarraa ilaaluun ni danda'ama.

Guduunfaa

Yaadota gurguddoo mata duree barumsicha kanaa kaasuun barattooni hubannoo fi beekumsa gahaa argachuu isaanii mirakneeffachuun ni barbaachisa. Tarii yaadota barnootaa armaan gadii irratti yaadni qaban sadarkaa eegamu irra hin geenye yoo ta'e, mata duree haarawaatti osoo hin ceene irra deebi'anii ibsuun ni barbaachisa.

- Rakkoo suukanneessaa hiyyummaa hubachuu isaanii
- Walitti hidhannaq hiyyummaa fi qisaasummaa beekuu isaanii
- Hiyyummaa balleessuuf baasii hir'isuun qusanna barachuun faayidaan inni qabu hubachuu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Dhugaa

II. Walitti Firoomsuu

1. B 2. F 3. C 4. E

III. Iddoo Duwwaa Guutuu

1. Cidhaa fi kaaya (taskaara) / gochaalee kanneen fakkaatan/
2. Aadaa fi Ammayyaawaa

IV. Filannoo

1. D 2. A 3. D 4. C 5. C
2. A

V. Ibsa gabaabaa

- Gaaffilee lamaaniifuu deebiwwan baay'een kennamuu waan danda'aniif, kitaaba barataa keessaa, hubannoo barsiisichi qabuu fi ragaalee adda addaatti fayyadamuun sirreffamni haa kennamuuf.

Iddattoo Karoora Barnootaa

9.2 Naannawaa Keessatti Gochaalee Aadaa Qusannaan Morman

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <p>Barumsicha beeksisuun Wayitii barnootichaa jalqabuuuf gaaffilee ka'umsichaa fakkii 9.1 tti hundaa'uun gochaalee aadaa qusannaan mormaniin walqabsiisuun yaada akka kennan godhuu, gara mata duree barumsichaa galchuun danda'uun yaadota cimsuu fi kallattii qabsiisuun.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Yaadotaa ka'umsa seensa keessatti tuqaman irratti yaada kennuun hirmaachuu. Garee xixiqqaan ykn dhuunfaan gochaalee kennaman irratti yaadota kennuu. Marii irratti hirmaachuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barumsicha irratti ibsa kennuu. Adeemsicha keessatti barattoota hirmaachisuu. Gilgaala 5ffaa barattoonni kutaa keessatti akka hojjatan gochuu Yaadota naannoo gilgalalaa irratti ka'an irratti mariisisuu Gilgaala 6ffaa hojji manaa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha dhuunfaan dubbisuu Gilgaala lakk. 5 dhuunfaan /gareen hojji manaan ykn kutaa keessatti ni hojjatu. Dhimmoota ifa hin taaneef ni gaafatu. Yaadrimee irratti yaada kennuu fi hirmaachuu. Kitaaba isaanii irratti ibsoota kennaman dubbisuu. Gilgaala 6ffaa hojji manaa hojjachuu.
5'	<p>Cimsuu</p> <ul style="list-style-type: none"> Gochoota aadaa qusannaan mormuun naannoo keessatti bu'uura ta'uun muldhathan yaadachiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha qalbiin dhaggeeffachuu. Ibsa dabalataa kennuu. Gaaffii yoo qabaatan gaafachuu.
5'	<p>Guduunfaa</p> <p>Kaayyoon barnootichaa galma ga'uu fi dhiisuu isaa gaaffiin mirkaneessuu. Barnooticha itti'aanu ibsa gabaabaa kennuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Yaada guduunfaa dhaggeeffachuu barumsa kenname wanta ijoo ta'e irratti yaada kennuu. Beekumsa haarawaa barumsicha irraa argatan irra deebi'anii ilaaluu.

BOQONNAA KUDHAN

DAMMAQINAAN HIRMAANNAA UMMATAA

(Wayitii 6)

Kaayyoo Boqonnichaa: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuran booda,

- Faayidaa hirmaanna ummataa si'aayina qabu argamsiisu ni hubatu.
- Dhimmoota naannawa hirmaanna ummataa si'aayina gaafatan ni beeku.
- Gochaalee waldaalee hawaasaa naannawa isaaniitti argaman ni hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee	Meeshaalee Deggarsa
1	Barbaachisummaa hirmaanna hawaasaa si'aayina qabu.	<ul style="list-style-type: none">• Duula hojii manneen barnootaa keessatti gaggeeffamanii fi barbaachisummaa dhimmoota murtee barbaachisan irratti hirmaa- chuu ni ibsu.• Gumiiwwanii fi koreewwan adda addaa keessatti hirmaachuun faayidaa argatan ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fiilmota fakkiwwan, suuraawwan fi kkf barattoonni hojii qulqullinaa fi gocha gaarii adda addaa keessatti hirmaachuu argisiisa.
2	Faayidaa waldaalee siivikii/gumiwwan keessatti gurmaa'anii hirmaatan.	<ul style="list-style-type: none">• Faayidaa waldaalee siivikii ni ibsu.• Faayidaa hirmaanna waldaalee kana keessaa argamu ni ibsu.• Waldaalee siivikii mana barumsaa keessatti hirmaatu.	<ul style="list-style-type: none">• Suuraawwan, poostaroota, fiilmotaa fi kkf sochii waldaalee siivikii muldhisu.

10.1 Barbaachisummaa Hirmaanna Hawaasummaa Dammaqina Qabu (Wayitii 3)

Qophii wayitii barnootaa keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Gochaalee hojii gaarii adda addaa (naannawa ofii qulqulleessuu, maanguddootaa fi humnaan dadhabaa ta'an kunuunsuu fi kkf) suuraawwan, fiilmotaa fi fakkiwwanii fi kkf fayyadamuu dha.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Fakkiwwan lamaan gadii garaagarummaa jiru ibsaa.
- Garaagarummaa fakkiwwan lamaan gidduu jiru sababni isaa maal isinitti fakkaata? Hirmanaan hawaasaa si'aayina qabu fakkii kana keessatti argamaa?
- Kallattii hirmaannaa ummataa si'aayina garaagarummaa fakkiwwan lamaanii walbira qabuun akka ibsan haa ta'u.

Yaadota fakkiwwan irratti kennamaniif haala armaan gadiitiin sirreffama kenuun gocha itti aanutti cee'uun ni danda'ama.

Fakk. Lakk. 10.1 irratti namoonni muraasni hojiirratti hirmaachuun warri hafan garuu dhaabbatanii (oduu odeessuun, namoota ajajuun fi kkf) jechuun hirmaannaa gadi'aanaan kan muldhatu ta'uu isaa.

Fakkii 10.2 irratti baay'ee isaanii hojiirratti si'aayinaan hirmaachuu isaanii fi bu'uruma kanaan faakkii hirmaannaan hawaasaa olaanaan irratti calaqqisu ta'uu isaa barattoota hubachiisuu.

Gocha

- Barreffama mata duree "Haasawa Dura Bu'aa Keenya" irratti hundaa'ee gilgaala qophaa'e mana isaaniitti akka hojjatan haa ta'u. Gaaffilee sirreessuf akka gargaaru wantoota armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

Gaaffilee lakk. 1-3 jiraniif barreffamicha keessaa qabxiin ittiin soroorsan haa qophaa'u.

Gaaffilee lakk. 4-5 jiraniif haala kallattii hirmaanaa si'aayina qabuun walqabate, gochaalee barattooni mana baurmsaa isaanii keessatti hojjachuun danda'anii fi addaan baasuu danda'an itti muldhisuun sirreffama kenuufii. Fakkeenyaaaf, mana barumsaa qulqulleessuu, barreechuu, naamusa gaarii hordofuu, barattoota harka qalleeyyi meeshaalee barnootaa fi uffata ialalchisee gargaarsa qindeessuun hirmaachuu fi kkf.

Gocha

Gilgaalicha kutaa keessatti gareen akka irratti mari'atan haa godhamu. Yaadonni armaan gadii gaaffilee gilgaalichaa soroorsuf gargaarsa kenuu danda'u.

1. Yaadota adda addaa amansiisaa ta'an kaasuun ni danda'ama. Fkn. Wantoota misoomaa ta'an hawaasni waliin ittifayyadamu kan akka boolla bishaanii, mana barumsaa, buufata fayyaa, karaa fi kkf hojjachuuf lammii hundi si'aayinaan irratti hirmaatuu qaba. Biyya kan lammii hundaa ta'uu ishee, lammii immoo maallaqa, humnaa fi beekumsa isaa misooma biyyattiif hin oolchu taanaan akka guddachuu hin dandeenye ragaalee amansiisaa dhiheessuun ibsuun ni danda'ama.

Mootummaan humna murtaa'e waan qabuuf fedhii hawaasaa hunda yeroo gabaabaa tokkotti guutuufiin isa rakkisa. Waan kana ta'eef, hawaasni humna isaa qabeenyaa fi beekumsa isaa

10 Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa

qindeessee gochaalee adda addaa raawwatuun si'aayinaan hirmaachuu qaba yaada jedhu wantoota amansiisan wajjin dhiheessuun ni danda'ama.

3. Hirmaannaan hawaasaa si'aayina qabu faayidaalee adda addaa qaba. Faayidaalee kanneen keessaa, lammiiwwan walitti fida, haaluma kanaan rakkolee naannoo fi biyyaa irratti carraa marii waliin taasisuu waan kennuuf furmaata akka barbaadan gargaara. Walitti dhufeeny tokkoon tokkoo isaa gabbisa. Rakkolee hawaasummaa adda addaa hiikuun baay'ina hojii mootummaa irraa salphisuun gargaara. Faayidaalee sochii waliinii irraa argamu loogii tokko malee ittifayyadamuuf ni dandeessa.

Hojii Garee

Garee miseensota 5-6 qabu lama ijaaraa. Gareewwaniif gaaffii tokko tokko qofa kennaafii. Gaaffii tokkoffaa garee tokkoof, gaaffii 2ffaa garee hafeef kennaa. Gabaasa naannawaa fi mana barumsaa isaanii irratti hundaa'e fuula tokko haala hin caalleen akka dhiheessan yaadachiisaa. Gabaasa isaanii kana akka isaan hojjatan yeroo guyyoota shan hin caalle haa kennamuuf. Tarii gabaasichi yoo xumuramu barumsa itti aanu keessa galame ta'a. Ta'uus faayidaa muuxanno garee irraa argamu hubnnoo keessa galchuun gabaasicha akka dhiheessan yeroon haa kennamuuf.

Gocha

Gilgaalicha kutaa keessatti gareen akka hojjatan haa godhamu. Gaaffilee soroorsuuf isaan armaan gadii ilaaluu dandeessu.

1. Gaaffichi barattooni akka salphaatti hubatan hirmaannaan hojjattootaa wajjin isaanii keessatti maal ta'uu qaba jedhuun sirraa'ee haa dhihaatu. Wantoota hojiirra oolmaa sirna dimookraasi cimsan keessaa tokko hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabu gabbatuudha. Sirna dimookraasi keessatti hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabu daangaan itti hin godhamu. Hirmaannaan si'aayinaa haala adda addaan naannoo isaanii keessatti daangaa tokko malee hojiirra ooluu danda'a jechuudha.

Sadarkaa waajjira isaatti hojjatan kamiyyuu dhimmoota isa ilaallatu hunda keessatti mirgi hirmaachuu kabajamuufii qaba. Yeroo akkana jedhamu murteewan waajjira isaatti kennamu hunda keessatti ni hirmaata jechuu miti. Murtee qajeelfmaa fi danbii keessatti adda bahanii hojjataan akka hirmaatu ibsan hunda keessatti hirmaachuuf mirgi isaa eeggamuufii qaba. Yaada kennuun, humnaa fi beekumsaanii fi kkf si'aayinaan hirmaachuu ni danda'u.

2. Dhimmoota hirmaannaan barattootaa gaafatanii fi dhimmoota isaanii ta'an irratti mirga keessatti hirmaachuu akka qaban hubachiisaa. Fakkeenyaaaf murteewan mana maree barattootaa, hojii qulqulleessuu fi bareedinaa, duula hojii, naamusa kutaa keessaa fi mana barumsaa, haala adeemsa barnootaa fi kkf keessatti mirga hirmaachuu qabu. Haaluma kanaan hirmaannaan isaanii fi hirmaannaan barattoota biroo faana walbira qabuun sadarkaa hirmaannaan isaanii madaaluuf itti fayyadamuu danda'u.

Barbaachisummaa Hirmaannaa Hawaasaa Si'aayina Qabu

Misoomnii fi guddinni biyyaa kan saffisuun danda'u yoo hirmaannaa lammii si'aayina qabuun deggarameedha. Haaluma kanaan aadaan hirmaanna si'aayina qabu mana barumsaa fi mana jireenyaa irraa jalqaba. Nama tokko lammii gaariidha kan isa jechisiisu keessaa dhimmoota naannoo fi biyyaa irratti yoo si'aayinaan hirmaachuu danda'eedha. Haaluma kanaan sirni dimookraasii kan hundaa'uu fi gabbatu si'aayina qabu misoomaa fi guddina biyya tokkoof faayidaa guddaa qaba. Ilaalchi abbummaa yoo gabbatu miira lammummaa guddisa. Kunis sirna dimookiraasii gabbisuun ga'ee guddaa qaba.

Bu'uruma kanaan faayidaa hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabuu fi karaawwan inni itti ibsamu barattoota beeksiisuun amala hirmaannaa dhaloota haarawaa gabbisuun ni barbaachisa.

Guduunfaa

Barattooni yaadota bu'uraa armaan gadii sirriitti hubachuu isaanii barattoota beekumsaa fi dandeettiin sadarkaa adda addaa irratti madaaluun mirkaneeffachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan barattooni barnoota mata duree kanaa,

- Barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabu sirriitti hubachuu isaanii, duula hojii mana barumsaa isaanii keessatti gaggeeffamuu fi dhimmoota murtee barattootaa ilaallatu hunda keessatti hirmaachuu fi faayidaa isaa tarreessuu danda'uu isaa mirkaneessuun barbaachisaadha.

10.2 Faayidaa Waldaalee Siivikii Keessatti Hirmaachuun

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee degarsa barnootaa

- Poostaroota, suuraawwan, fakkiwwanii fi kkf kan sochii waldaalee hawaasaa agarsiisan

Seensa

Gaaffii Ka'umsaa

- Fakkiwwan armaan oli jiran irraa maal hubattu?
- Fakkii lakk. 10.4 irraa waldaan jiru hawaasaaf faayidaa maal argamsiisuu danda'a?
- Fakkiwwan haala itti ibsuu danda'an irratti mariisisuu.
- Yaadota ka'an irratti marii gochuu.

Haala mata duree barumsichaa keessa galchuu danda'uun yaadota kennaman kallattii qabsiisuu.

- Fakkii 10.3 namoonni miira ittigaafatamummaa dhabuunii fi maaltu na dhibeen kan ka'e naannoo keessa jiran yeroo isaan balfaa (kosii) adda adaan balleessanii fi faalan kan agarsiisuu dha. Kanaaf bu'aa hirmaannaa dadhabaa ta'uu isaa ibsa.
- Fakkiin 10.4 naannoo isaanii waliin qulqulleessuuf yeroo socho'anii fi namoota hafanis yeroo isaan sochoosan kan agarsiisu jedhamanii ibsuun ni danda'ama.

Gocha

- Mata duree barreeffama "Jiruu daa'immummaa koo araada sigaaraa irraa bilisa ta'e barbaada" jedhu irratti hundaa'uun gilgaalicha garee xixiqqaan kutaa keessatti akka hojjatan haa godhamu. Deebiwwan kennaman soroorsuuf barreeffamicha keessaa qabxiileen haa qophaa'an.

Hojii Garee

Gareen barattoota 5-6 qabu lamaan tokko ijaaraa. Kitaaba barataa keessaa qajeelfamoota "A" hanga "C" jiran bu'uureffachuu erga irratti mari'atanii booda gabaasa waliigalaa fuula tokko hin caalle akka dhiheessan taasisaa. Hojii garee kana hojjachuuf burqaa ragaalee, barsiisota, dhaabbilee hawaasaa, siivikii barataa fi kkf itti fayyadamuu akka danda'an itti himuu. Gabaasota garee lachuu haala barbaachisummaa gurmaa'ina waldaalee siivikii fi amala hirmaannaa isaanii ibsuun dhiheessuu qabu. Gabaasonni garee lachuu wayitii barnoota biroo keessatti dhihaatuu ni danda'a.

Gocha

Gilgaalicha maatii isaanii waliin mari'atanii akka hojjatan hojiin manaa haa kennamuuf.

Gaaffilee soroorsuuf isaan armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'an.

1. Maatii keessaa ykn naannawa isaanii irraa dhagahan ykn wanta dubbisan irraa seenaa nama cimina hojiitiin ykn gocha gaariin beekaman akka fakkeenyatta caqasuun ni barbaachisa. Fakkeenyaaaf sadarkaa biyyolessaatti Aadde Abbabach Goobanaa, Kaar Henz, Dr. Jambarii fi kkf fudhachuun ibsuun ni danda'ama.
2. Hojiwwan waldaaleen siivikii adda addaa naannawa keessanitti argaman hojjatan akka daawwatan (ilaalan) gochuun ni danda'ama. Waldaalee siivikii jechuun dhaabbilee mootummaan adda ta'uu isaanii beeksisuudha. Haalli ijaarsa isaaniis fedhii fi kaka'umsa nama dhuunfaa irratti kan hundaa'eedha. Kaayyoonaan isaaniis hojiilee gocha gaarii hawaasa keessa jiraniif hojjachuuf kan hundaa'anii dha. Gochoota gaarii raawwachuuf gumiiwwan manneen barnootaa keessatti ijaaraman akka fakkeenyatta tuquun ni danda'ama. Garuu, gumiiwwan manneen barnootaa keessatti ijaaraman waldaalee hawaasaatiin tokko jedhanii hiikuun hin danda'amu.

Gocha

Barreefama mata duree "Tuuttuyyee fi Akaakayyuu ishee Abbiyyee jedhu dubbisanii yaada argatan dabaree dabareedhaan akka ibsan taasisaa. Yaada waldaalee siivikii cimsuu fi gabbisu irratti barattootaaf ibsa kennuu. Fakkeenyaaaf amala aadaa hojii cimaa fi dhimmoota naannoo irratti si'aayinaan hirmaachuuun dhaloonni fuula duraa fudhatee akka hojiirra oolchu yaaliin maanguddoon godhan, akkasuma hiriyoota isaanii warra aadaa hojii cimaa fi waldaalee siivikiif iddo hin kennineef osoo hin jilbeeffanne keessa bahuu isaanii barattootaaf ibsuudha. (Ilaalcha ilma isaanii ibsuudha). Hojiin gocha gaariis ta'ee waldaalee siivikii mataa ofiifis ta'ee biyyattiif faayidaa guddaa waan gubuuf Tuuttiyyeen kan hordofuu qabdus amala kaakayyuu ishee akka ta'uu qabu ibsuufiin barbaachisaadha.

10 Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa

Faayidaa waldaalee siivikii keessatti gurmaa'inni lammii si'aayinaan hirmaatu tokko kan ittiin ibsamuu danda'u waldaalee siivikii keessatti gurmaa'uun hawaasaaf gocha gaarii raawwachuun isa tokko. Waldaaleen siivikii dhaabbilee hawaasaa fi mootummaa gargaaruun hojiilee misoomaa kan raawwataniidha. Faayidaa waldaalee hawaasaa hojiilee qabatamaa naannoo keessatti raawwatamaniin walqabsiisuun ibsuudha. Biyya tokko keessatti fedhii lammii hunda mootummaan qofti guutuu hin danda'u. Kanaaf, sochiin misoomaa mootummaan raawwatamu dhaabbilee miti-mootummaan qarqaaramuu qaba.

Haala kanaan, waldaaleen siivikii dameewwan misoomaa adda addaa keessatti jechuunis, qulqullina misooma qonnaa fi naannoo, kunuunsa bosonaa fi beeyiladaa, hojii karaa, bishaan qulqulluu ijaarsa hojii dhaabbilee barnootaa fi fayyaa fi kkf. keessatti hirmaannaa guddaa qabu.

Waldaaleen siivikii barmaatilee miidhaa qaban kan hawaasa keessatti raawwataman, amantaa fi ilaalcha miidhaa dhaqqabsiisan irraa hawaasni akka bilisa ta'u kan hubannoo kennanii fi kan hojjatan jiru. Walumaagalatti hirmaannaa waliigalaa hawaasa keessa jiru guddisuuf ga'ee isaan qaban guddaadha. Haata'u malee, waldaaleen siivikii hundi hojii guddina hawaasaatiif bu'aa qabu hojjatu jedhanii fudhachuu hin danda'amu.

Akkuma waldaaleen siivikii gocha gaarii raawwatuun hawaasa isaaniif bu'aa buusan, kan waldaa ijaaran maatiin isaanii fi mataa isaanii akka badhaadhan hojjatan kan naamusa gocha gaarii hin qabne akka jiran ibsuun barbaachisaadha.

Guduunfaa

Yaadota ijoo mata duree barnoota kana keessaa haala gaaffiitiin kaasuun barattooni beekumsaa fi hubannoo barbaadamu argachuu isaanii mirkaneeffachuun ni barbaachisa. Yaadota armaan gadii irratti hanqinni hubannoo yoo jiraate, garee barnoota itti aanutti osoo hin ceeyin dura irra deebi'anii ibsuun ni barbaachisa.

- Faayidaa waldaalee siivikii keessatti gurmaa'inni si'aayinaan hirmaachuu, lammilee kaayyoo tokkoratti hiriirsuun sochii misoomaa qabatamaa ta'e irratti kakaasuu, lammileen faayidaa ummataaf akka hojjatan, jaalala hojii akka gabbifatanii fi kkf sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuun ni barbaachisa.

Deebiwwan Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Soba 2. Soba 3. Soba 4. Dhugaa 5. Dhugaa

II. Walitti Firoomsuu

1. D 2. E 3. A 4. C 5. H

III. Iddoo Duwwaa Guutuu

1. Gurmaa'uu 2. Dammaqinaan hirmaannaa Ummataa

IV. Filannoo

1. C 2. C 3. A 4. D

V. Deebii Ibsa gabaabaa

- Gaaffilee lamaaniifuu deebiwwan adda addaa baay'ina qaban kennamuufii waan danda'amuuf, kitaaba barataa keessaa, hubannoo barsiisichaa fi ragaalee burqaa adda addaa irraa argamu irratti hundaa'uun qabxiin sirreeffamu haa qophaa'u.

Iddattoo Karoora Barnootaa**10.3 Faayidaa Waldaalee Siivikii Keessatti Hirmaachuun Argamu**

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barumsicha barattoota beeksisuu Mata duree barnootichaa jalqabuuuf gaaffilee ka'umsaa fakkii 10.4 irraa ilaaluun akka ibsan gochuu. Mata duree barumsichaa haala jalqabsiisuu danda'uun hubannoo barattootaa kallattii qabsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada ka'umsaa seensa keessatti caqafame irratti yaada kennuu. Deebiwwan dhuunfaan ykn gareen kennaman irratti hirmaachuu. Yaada isaanii barattoota kutaa keessa jiraniif dhiheessuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Mata duree barnootichaa irratti ibsa dhiheessuu. Barreeffama mata duree "Jirenya ijoollummaa kootii araada sigaaraa irraa bilisa ta'uu barbaada" bu'uura gochuun Gilgaala 4 ffaa gareen akka hojjatan gochuu. Deebiwwan gilgaalichaaf kennamu irratti mariisisuu. Gilgaala 5ffaa dhuunfaan akka hojjatan hojii manaa kennuufii. Hojii gareetiif barumsicha jalatti kan barreeffaman barattooni muraasni akka hojjatan kennuufii. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennuu. Marii irratti himraachuu. Barreeffama Jirenya ijoollummaa kootii araada sigaaraa irraa bilisa ta'uu barbaada" jedhu irratti hundaa'uun Gilgaala 4ffaa kutaa keessatti gareen hojjachuu. Wanta ifa hin taaneef gaafachuu. Yaadrimewwan irratti yaada kennun hirmaachuu. Ibsa kitaaba barataa irratti kennaman dubbisuu.
5'	<p>Cimsuu</p> <p>Qabxiilee gurguddoo irra deebi'uun ibsuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Gaaffilee gaafachuu.
5'	<p>Guduunfaa</p> <p>Kaayyoon barnootichaa galma ga'uu fi dhiisuu isaa gaaffilee dhiheessuun mirkaneeffachuu. Barumsicha itti aanu irratti ibsa gabaabaa kennuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa guduunfaa dhaggeeffachuu. Ibsa dabalataa kennuu.

BOQONNAA KUDHA TOKKO

BEEKUMSA FEDHUU

Kaayyoolee Boqonnichaa: Barattoonni yoo boqonnaa kana erga xumuranii booda,

- Burqaalee gurguddoo beekumsaa ni beeku.
- Ilaalchaa fi yaadota duubatti hafuu adda baasuun faayidaa beekumsaa ni hubatu.
- Faayidaa muuxannoo dubbisuu fi qabiinsa ragaa ni beeku.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee	Meeshaalee Deggarsa
1	Burqaalee gurguddoo beekumsaa	<ul style="list-style-type: none">• Burqaaleen beekumsaa ni tarreeffamu.	Suuraawwan, poostarootaa fi gochaawwan qabatamaa adeemsota dubbisaa muldhisan.
2	Ilaallchaa fi yaada duubatti hafaa	<ul style="list-style-type: none">• Yaadonnii fi ilaalchi duubatti hafaa ta'an, attamitti gufuu dagaagina beekumsaa akka ta'an ni ibsu.• Wantoota ilaalchaa fi yaadota duubatti hafaa ta'an ni tarreessu.	Fakkiwwan ilaalchaa fi yaadota duubatti hafummaa ibsuu danda'an.
3	Ragaa	<ul style="list-style-type: none">• Gosa ragaalee ni ibsu.• Haala qabiinsa ragaalee barnootaa ni ibsu.	Sartafikeetii, gaazexaa, dokumentii fi sanadoota adda addaa.
4	Aadaa dubbisuu gabbifachuu	<ul style="list-style-type: none">• Tooftaa qo'annaah hammayyaa hojiirra oolchu.	Suuraawanii fi poostaroota namoonni iddo adda addaatii dubbisan agarsiisu.

11.1 Maddoota Beekumsaa Gurgoddoo (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Gaazexaa, mana kitaabaa, poostaroota, suuraawwan adeemsota dubbisaa ibsan.

Seensa**Gaaffii Ka'umsaa**

- Namoonni faktii 11.1 irraa ilaallu, ragaalee burqaa beekumsaa ta'an kana eessaa akka argatan isinitti fakkaata?
- Tooftaaleen beekumsa ittiin argatan kan faktii 11.2 fi 11.3 irraa ilaaltan maaliin walfakkaatu? Garaagarummaan isaanii hoo?
- Dhaamsa fakkiwwan dabarsan qalbiin akka ilaalan godhaa.
- Dhaamsa fakkiwwan dabarsan akka ibsan jajjabeessaa.
- Yaadota kennaman irratti marii taasisaa.
- Sirreeffama barbaachisaa kennuun gocha itti aanutti cehaa.

Beekumsi naannoo fi burqaalee adda addaa irraa fi karaa adda addaatiin akka argamuu danda'u fakkiwwan akka fakkeenyatti dhihaatanitti fayyadamuun akka hubatan ibsuufiidha.

Gocha

Barreeffama mata duree "Onkololeessa" jedhu dubbisuun gilgaala isaa dhuunfaan kutaa keessatti akka hojjatan godhaa. Gaaffilee lakk. 1 fi 2 tiif qabxiilee ittiin soroorsan haa qophaa'u.

Gaaffii lakk. 3 irratti faktii ibsametti dabalatee burqaalee beekumsaa raadiyoo, televijinii, koompitara, intarneetii fi kkf ittifayyadamuun ni danda'ama.

Gocha

- Ajaja kitaaba barataa keessa taa'e irratti hundaa'uun garee barattoota miseensa 5-6 qabu afur ijaaruun gabaasa ijoollee kutaaa isaaniitiif akka dhiheessan taasisaa. Yeroo gabaasa isaanii dhiheessan burqaaleen raga Isaan walitti qaban maatii, barsiisaa, kitaaba, ogeessa fayyaa, raadiyoo, televijinii fi kkf irraa ta'uun isaa fi haalli ragaalee kanas ittiin walitti qaban akka salphaatti haa dhiheessan. Faayidaa raga qabachuu fi ittifayyadamuu ibsuudha. Yaadnii fi beekumsi ragaadhaan deggarama kan bu'uura qabuu fi guddina namootaaf faayidaa qabaachuu isaa beeksisuudha.

Maddoota Beekumsaa Gurguddoo

Ragaalee barnootaas ta'anii kan biroo ragaalee dhugaa irratti hundaa'uu isaanii mirakneeffachuun barbaachisaadha. Beekumsa jiru gabbifatuufis ta'ee dhugooma ragaalee mirakneeffachuuf burqaalee beekumsaa adda addaatti fayyadamuun ni barbaachisa. Kunis raga fi beekumsa jedhame hunda sirrii dha jedhanii osoo hin mirkaneessine, raga fi beekumsa hin taane akka hin dabarsine nu gargaara. Kanaaf ka'umsa burqaalee ragaalee fi beekumsaa beekuun barbaachisaadha. Burqaaleen ragaalee baay'ee waan ta'aniif, raga argame tokko raga biraatiin mirkaneeffachuun barbaachisaadha.

Guduunfaa

- Barattoonni yaada bu'uuraa armaan gadii sirriitti hubachuu isaanii barattoota dandeettii sadarkaa adda addaa qaban (irratti argaman) haala gaaffii fi deebiitiin mariisisuun mirkaneeffachuu ni barbaachisa. Haaluma kanaan barattoonni mata duree barnooticha kana keessaa:
- Burqaalee gurguddoo beekumsaa tarreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu ni barbaachisa.

11.2 Yaadafi Ilaalchaa Duubatti Hafaa (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaan deggarsa barnootaa Barreeffamoota, haasawa, fiilmotaa fi fakkiwwan duubatti hafummaa ilaalchaa fi yaadaanuuf ibsanidha.

Seensa**Gaaffii Ka'umsaa**

- Naannoo keessan irraa akka hubattanitti ilaalchota duubatti hafuu attamiitu jira?
- Gaaffii ka'umsaa kana hanga qalbiitti qabatanitti yeroon haa kennamuuf.
- Ijoollee walbira taa'an wajjin walgargaaruun haa hojjatan.
- Boqonnaawwan walqixxummaa fi quşannaar armaan dura dhihaatan ilaalchisee naannoo ilaalcha duubatti hafaa irratti wanta yaadatan akka ibsan waan tokko tokko itti muldhisaa.
- Ilaaalchaa fi yaada duubatti hafaa naannoo isaaniitti muldhatan kallattii, saalaa, aadaa hojii, quşannaar, qophii adda addaa humnaa oli ta'ee fi kkf ta'aniin akka tarreessan haa godhamu.

Dhuma irrattis yaadota kutaa keessatti ka'an walitti qabuun haala mata duree barumsichaatti walitti qabsiisuudha.

Gocha

Mata duree barreeffama ibsa fakkii "Hojii manaa Barsiistuu Galaanee" jedhu irratti hundaa'uun gilgaalicha hojii manaatiin akka hojjatan taasisaa.

Gaaffilee 3 fi 4 irratti yaadonnii fi ilaalchonni duubatti hafoon jedhaman sababiwwan ka'umsa adda addaa fi burqaalee adda addaa akka qaban hubachuun ni barbaachisa. Yeroon akka jalqaban kan hin beekkamne ilaalchonni fi yaadonni duubatti hafoon, dhalootaa gara dhalootaatti darbuun har'a ga'aniiru. Haala ilaalcha yeroo tokko uumameen qomoo tokko olaanaa, isa kaan immoo gadi aanaa godhamee hawaasa baay'een akka dhugaatti fudhatamee dhalootaa dhalootaatti darbee har'a gaheera. Yeroo baay'ee ka'umsi iaalchaa fi yada duubatti hafaa hanqina hubannoo barnootaatiin kan ka'e ta'uu isaa beeksisuun ni barbaachisa.

11 BEEKUMSA FEDHUU

Barnoonti hammayyaa fi ilaalchi duubatti hafaa waan waliif faallaa ta'aniif hojimaannii fi yaadni biyyattii guddisuu danda'an akka hojiirra hin oole gufuu ta'u. Lammileen doofummaa keessaa akka hin baanee fi gara jirenya fooyya'aatti akka hin ceene godhu.

Gocha

Gilgaalicha kutaa keessatti gareen akka hojjatan taasisaa. Gaaffii lakk. 1 keessatti miidhaalee yaadoleen duubatti hafaan geessisan tokko tajaajila fayyaa hammayyaa xiqqeessanii ilaaluudha. Fakkeenyaaaf:

- Gochaalee da'umsa aadaa lubbuu daa'imman baay'ee balleessuu isaa
- Ijoolleen dubaraa yeroon heerumuun qabdi jechuun heeruma umrii maleetiin rakkoo fayyaa fi du'a da'umsa waliin walqabataniif saaxilamuun isaanii fi gochaalee kitttaanaa ijoollee dubaraa irratti raawwatu.
- Ittifayyadama qoricha aadaatiin walqabatee namoonni baay'een yeroo miidhaman ni muldhatu.

Gaaffii lakk. 2 keessattis yaada gadaantummaa, amantaa fi barmaatilee ilaalcha duubatti hafaa irraa kan ka'e ta'u isaa beeksisu. Miidhaalee adda addaas akka geessisu ibsuudha. Fakkeenyaaaf:

- Aadaa hojii dadhabsiisuun namoonni namoota biroo irratti irkatanii akka jiraatan godha. Seeraan ala namoonni maallaqaa fi qabeenya isaanii akka qisaasamu godhuun maatii diiguu fi hiyyummaa ni babaldhisa.

Gaaffii lakk. 3. keessatti karaan ilaalchaa fi yaada duubatti hafummaa keessaa ittiin baanu tokko barnoota babaldhisuudha. Barnoonti hammayyaa ilaalchaa fi yaada duubatti hafaaf iddo hin kenu. Barnoonti, namoonni yaada saayinsaawaa sababaa fi ragaa irratti hundaa'e akka hordofan gochuun addunyaa jirenyaan fooyofte akka taatu godha.

Yaadaafi Ilaalcha Duubatti Hafaa

Ilaalcha duubatti hafaa jechuun ilaalchaa fi hojimaata hammayyaa hin taanee fi miidhaa qabu kan ibsuu dha. Yeroo baay'ee gochaaleen duubatti hafoon barmaataan dhalootaa gala dhalootaatti darbuun dhaalamaan kan dhufanii fi miidhaa qabaniidha. Ilaalchonni duubatti hafoon wanti balaalleffatamaniif miidhaa fi rakkoo waan fidaniif rakkolee dhufuu qabanis adda baasanii beekuuun ni barbaachisa. Hawaasa tokko keessatti beekumsa babaldhisuun fi jijiirama diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa fiduuf ilaalchi duubatti hafaa gufudha. Karaan guddaan ilaalchaa fi yaada duubatti hafummaa keessaa ittiin baanu hawaasa barsiisuu fi beekumsaa fi yaada hammayyaa wajjin walbarachuudha.

Guduunfaa

- Yaadota gurguddoo mata duree barumsichaa haala gaaffii fi deebiitiin kaasuun barattoonni dandeettii fi hubannoo barbaadamu argachuu isaanii mirakneeffachuun barbaachisaadha. Yaadota barumsichaa armaan gadii irratti yoo hubannoona gahaan

11 BEEKUMSA FEDHUU

hin argamne ta'e gara barnoota haarawaatti osoo hin ceene irra deebi'anii ibsuun ni barbaachisa.

- Ilaalchi fi yaadni duubatti hafaan dagaagina beekumsaatiif gufuu ta'u isaa hubachuu danda'uu isaanii
- Karaawwan ilaalchii fi yaadni duubatti hafaan ittiin ibsaman beekuu isaanii mirkaneeffachuu dha.

11.3 Ragaa (*Wayitii 2*)

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Waliigalteewwan, sartafikeeta, gaazexoota, sanadootaa fi dookumentoota adda addaa.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Isin ragaalee keessan sirriitti gurmeessitanii qabattuu? Hanga ammaa ragaaleen sirnaan gurmeessitanii qabattan maal maal fa'a?
- Faayidaan ragaa keessan gurmeessitanii qabachuu maali?
- Naannoo yaada ka'umsaa irratti muuxannoo isaanii akka ibsan godhaa.
- Qabxiilee ibsaman irratti yaada sirreffamaa kennuun barumsa itti aanutti galuun ni danda'ama.

Haala sadarkaa kutaa isaanii fi umrii isaaniitiin ragaalee isaan qabachuu danda'an haa tarreessan. Fakkeenyaaaf waraqaa qormaataa, kaardii dhalootaa, suuraawwan, sartafikeeta kutaa gara kutaatti ittiin darban, meeshaalee kennaan argaman, xalayootaa fi kkf. Ragaalee kanneen of eeggannoonaan qabuun faayidaa akka argamsiisu fakkeenyaaan ibsuufiin barbaachisaadha.

Gocha

- Barreffama mata duree "Zabargaa, Qalbiqabeessa Namaa "jedhu irratti hundaa'uun gilgaalicha ijoolleen akka walcinaa taa'anii dubbisan haa ta'u. Qabxiileen soroorsuuf gargaaran,

Gaaffilee lakk. 1 Zabargaan barataa cimaa fi qalbiqabeessa ta'u isaa; tattaaffiin inni ragaa walitti qabuu fi seenaa naannoo isaa fi eenyummaa isaa beekuuf godhe dinqisiifachuu.

Gaaffilee lakk. 2. ragaalee argatanii fi beekumsa qaban warra biroof godhu, barattooni hafanis beekumsa akka isarraa argatan gochuu, hojii dabalataaf gorsa ogeessotaa fi barsiisotaa irraa gaafachuun akka barbaachisuu fi kkf.

Gocha

Gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan taasisaa. Qabxiilee sirreffamaas osoo qopheessanii.

1. Jaarraan kuni jaarraa ragaa irrati hundaayedha. Dhimmoonni ykn wantoonni hundi dhugaa ykn soba ta'u isaa kan ittiin mirkaneeffannu ragaadha. Murtiin mana

11 BEEKUMSA FEDHUU

murtiitti, beekumsi mana barumsaatti fi kkf kan itti kennaman ragaa irratti hundaa'aniiti. Murtii dogongoru tokko irra osoo hin geenye ykn namoota biroo irrattis ta'ee mataa ofiirratti rakkoo hin geessine ragaa qabatamaatti fayyadamuun murteessaadha. Beekumsi hundi dhugaa ta'anii fudhatama kan argachuu danda'an ragaa dhugaarratti hundaa'anii yoo argamaniidha.

2. Ragaa sirnaan ittifayyadamuu hafuun rakkoleen baay'een ni uumamu. Beekumsii fi barnoonni sirriidha jedhaman ni dadhabu. Ragaaleen tamsaafaman dogongora uumu. Walamantaan ni bada. Kanarraa kan ka'e hawaasa keessatti naamusni ni boorawa.

Barattootaaf ragaaleen adda addaa (barreffamaan, afaaniin, meeshaan, iddo uumamaan beekkamanii fi kkf) akka jiran hubachiisuudha. Beekumsi ragaalee irratti kan hundaa'e ta'u isaa hubachiisuu. Ragaalee mataa isaanii ta'ee kan maatii isaanii sirnaan qabuun rakkolee fuula duraaf nu qunnamuu danda'aniif ragaa ta'u. Isa kanaan faayidaan ragaan qabu ibsuufiin ni dand'ama. Kanaaf amala ragaa qabachuu akka gabbifatan gochuun ni barbaachisa. Ragaalee sirnaan qabuun faayidaa addaa qaba. Namoonni wantoota yeroo gammachuus ta'ee yeroo rakkotti ragaatti fayyadamu. Fakkeenyaaaf, kaartaa mana jireenyaa, sanadoota kaffaltii adda addaa, waraqaa ragaa fuudhaa-heerumaa fi kan dhalootaa ilaalchisee mormii ka'an hundaaf ragaadha.

Guduunfaa

- Qormaata yaalii kutaa keessatti kennuun barattooni mata duree barumsichaa irratti hubannoo fi beekumsa barbaadamu argachuu isaanii beekuun ni danda'ama. Kanumarratti hundaa'uun gaaffilee dhihaataniif qabxiilee gurguddoo armaan gadii osoo ta'ee gaariidha.
- Gosoota ragaa fi haalota qabiinsa ragaa irratti
- Amaloota ragaa qabachuu fi ittifayyadamuu

11.4 Muuxannoo Kitaaba Dubbisuu (*Wayitii 1*)

Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa

- Suuraawan, poostaroota, iddo dubbisaa, namoonni iddo adda addaatti yeroo dubbisian argisiisu.

Seensa

Gaaffilee Ka'umsaa

- Yeroo baay'ee ni dubbistuu? Kan dubbiftan yoo ta'e guyyaa tokko keessatti yeroo meeqaaf dubbistu? Kan dubbistan yoo ta'e maaliif dubbistu?
- Barreffamoota attamiiti dubbistu? Maaliif barreffamoota akkanaa dubbisuu jaalattu?
- Yeroo baay'ee eessatti dubbiftu? Iddoo akkanaa kana maaliif filattu?
- Haala fakkii dubbisuutiin ilaalanii yaada akka kennan godhoo
- Tooftaa yeroo baay'ee itti dubbiftan fakkii kamiin akka ibsamu gaafachuu
- Karaa (tooftaa) kana maaliif akka filattan ibsuuf jajjabeessaa.
- Yaadota ka'an walitti qabuunii fi sirreessuun gara mata duree barnootichaatti galuu dha.

Gocha

- Barreeffama mata duree "Kan Eenyuuti Sirriin?" jedhu dubbisanii gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan haa kennamuufi. Maalummaa barreeffamichaa, faayidaa fi adeemsa isaa ilaachisee mormii barattoota, Gidayi, Zamzamii fi Xankir gidduutti taasifame hubannoo keessa galchuun deebiwwan kennamaniif maalummaa barreeffamichaa, faayidaa fi adeemsa ilaachisee hubannoo argame cimsuun ni danda'ama.

Gocha

Gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan haa kennamuuf.

Qabxiilee armaan gadii sirreffamaaf ittifayyadamuun ni danda'ama.

Gaaffilee 1 fi 2 yaada kitaaba barataa irratti ibsamerratti hundaa'uun qabxiilee sirreffamaa qopheessuun ni danda'ama.

Gaaffii 3 yoo xiqqaate hojii mana tokkoo filachuun yaada sarara kudhan hin caalleen gabaasni akka dhiyaatu haa ta'u.

Fakkeenyaaf:- Phaawulos Nyoonyoo

- Akliluu Lammaa
- Ba'aaluu Girmaa
- Looreet Tsaggaayee G/Madihin
- Kabajamoo Dooktar Kabbadaa Mikaa'eel
- Haaddis Alamaayyoo fi kkf.

Muuxannoo Dubbisuu

Faayidaan muuxannoo dubbisuu beekumsa ofii gabbifachuuf akkasumas jirenya gaarii jiraachuuf gargaara. Hanga danda'ameen iddooyitii dubbisaa gaarii filachuun jeequmsa tokko malee dubbisuudha. Haata'u malee, iddooyitii dubbisaa gaarii yeroo hundaa ni argama jechuuf nama rakkisa. Iddoo fi yeroo argametti fayyadamuun wantoota adda addaa dubbisuun muuxannoo dubbisaa keenya gabbifachuun ni barbaachisa. Fakkeenyaaf magaalota keessatti barattooni gara mana barumsaa yeroo deemanii fi yeroo dubbisaa argina. Kuni hojii gaariidha. Baadiyyaa keessattis yeroo ilaallu barattooni mana isaanii jalatti, gaaddisaa mukaa jalatti ykn horii eegaa yeroo dubbisaa argina. Biyyoota guddatan keessatti namoonni, awutobisii fi xiyyaara keessatti akkasumas buufata baabura itti eeganittii fi iddooyitii bashannanaatti yeroo qabanitti fayyadamuun yeroo dubbisaa argina. Muuxannoon dubbisuu burqaa beekumsa olaanaati.

11.5 Tooftaa Qo'annaa Barnootaa**Qophii wayitii barnootaa kana keessatti meeshaalee deggarsa barnootaa**

- Barreeffamootaa fi kitaabota tooftaa qo'annaa argisiisan

Seensa**Gaaffilee Ka'umsaa**

- Barumsicha keessan osoo qo'achuu hin jalqabne qophiin isin taasiftan maal maal fa'a?
- Adeemsa qo'annaa barumsa keessanitti tooftaan isin hordoftan maali? Yoo xumurtan hoo maal hojjattu?
- Qo'annaa osoo hin jalqabne qophii taasisan akka tarreessan barattoota muraasaaf carraa kennuu.
- Barattoota hafaniif immoo tooftaalee qo'annaa isaanii akka tarreessan taasisuu.
- Yaadota kennaman irratti qabxiilee waliigalaa kennuu fi cimsuun gara hojii itti aanutti galuu.

Gocha

- Mata duree barreeffama gabaabaa "Kadiirii fi Zarmaciit" jedhu irratti hundaa'uun gilgaalicha garee xixiqqaan kutaa keessatti akka hojjatan gochuu. Yaada barreeffamichaa fi wantoota kitaaba barataa keessatti ibsaman irratti hundaa'uun qabxiileen sirreeffamaa haa qophaa'an.

Gocha

- Gilgaalicha mana isaaniitti akka hojjatan ajajaa. Qabxiileen soroorsaaf ta'an kitaaba barataatti dabalataan yaadota armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama.

Gaaffilee lakk. 1. Yaada kitaaba isaanii irra jiru haa ibsan.

Gaaffilee lakk. 2. Kan kitaaba irratti dhihaataniin alatti dabalataan yaadni hin galleef ykn ifa hin taaneef yoo jiraate, barsiisota, maatii fi hiriyoota isaanii gaafachuu ni danda'u. Kitaabolee biroo dubbisuun kan isaanii waliin ilaaluun itti fayyadamuun furmaata biraati.

Gaaffii lakk. 3 Adeemsa qo'annaa saanduqa keessa taa'e tooftaa qo'annaa isaaniin waliin ilaaluun ibsuufiin ni danda'ama. Dhimmi barumsaan cimaa ta'uu ykn qabxii olaanaa galmeessisuu tooftaa qo'annaa cimaa ykn qajeelfama bu'uuraa qorannoo hordofuun kan argamu ta'uu isaa beeksisuun ni barbaachisa.

Tooftaaleenii fi karaan adda addaa qo'annaa ittiin gaggeessan haajiraatan malee, qo'annaan bu'a qabeessa ta'an akka jiran beeksisuun barbaachisaadha. Haala kanaan karaan qo'annaan milkaa'ina qabu kan hojiirra ooluu danda'u tokko qophii haala duree gahaa gochuudha. Qo'annaaf qophii dursaa gochuun qo'annaaf fedhii kakaasuu, kutanna fi ejjanno cimaa argisiisuun ibsama.

- Beekumsa waliigalaaf dubbisuunii fi qo'annaan barumsaa adda adda ta'uu isaanii hubachiisu.
- Qophii qo'annaa barnootaa, xiyyeffannaa, obsaa fi ejjanno barbaada.
- Sagantaa qo'annaa qopheessuun ni barbaachisa.
-

- Kanaan ala barnoota kutaa keessaa xiyyeffannaan hordofuu wantoota ifa hin taane gaafachuu fi kkf tooftaa qo'annaa dabalataa taasifamanii fudhatamuus danda'u.

Guduunfaa

- Kutaalee barnootaa lamaan boqonnaa kanaa wantoota walfakkaatan ykn walitti dhiyaatan waan ta'eef, qabxiilee gurguddoo isaan keessatti caqafaman yaada (jecha) salphaan kaasuun barattooni huabnnoo gahaa qabaachuu isaanii mirakneeffachuun barbaachisaadha. Tarii yaadota gurguddoo armaan gadii irratti hanga barbaadamu yoo hin hubanne ta'e osoo barnooticha itti aanutti hin ceene, irra deebi'anii ibsuun ni barbaachisa. Qabxiin irra deebi'anii ibsuuf xiyyeffatamus,
- Maalummaa tooftaa hammayyaatiin dubbisuu
- Tooftaalee qo'annaa beekuu isaanii mirakneeffachuudha.

Deebiiwwan Gaaffilee

I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa

II. Walitti Firoomsuu

1. A 2. F 3. D 4. B 5. G

IV. Filannoo

1. D 2. C 3. D 4. A 5. A

IV. Deebii Ibsa gabaabaa

- Deebiiwwan gaaffilee lamaaniif ta'an kitaaba barataa, hubannoo barsiisaa fi burqaalee ragaa walitti dhiyeenya qaban irratti hundaa'uunii fi yaadota soroorsaa hubannoo keessa galchuun qabxiilee soroorsaa qopheessuudha.

Iddattoo Karoora Barnootaa

11.1 Maddoota Beekumsaa Gurguddoo

Wayitii	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barumsichaan walbarsiisuu Barumsicha jalqabsiisuuf gaaffilee ka'umsaa gaafataman, fakkiwwan kitaaba barataa (11.1 fi 11.2, 11.3) kallattii burqaa beekumsaatiin yaada isaanii akka ibsan jajjabeessuu. Yaadota kennaman haala gara mata duree itti aanutti nama galchuun kallattii qabsiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada ka'umsaa seensa irratti yaada kennunun akka hirmaatan. Deebiwwan dhuunfaanis ta'e gareen kennaman irratti hirmaachuu \Barattoota kutaa isaaniif yaada ibsuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Ibsaa fi maalummaa burqaalee beekumsaa dhiheessuu. Adeemsa marii ibsa irratti barattoota hirmaachisuu. Gilgaala 1ffaa kutaa keessatti akka hojjatan gochuu. Gilgaala 2ffaa hojji gareetiin akka hojjatan kennuu. Naannoo deebii gilgaala irratti marii gaggeessuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa dubbisuu. Gilgaala 1ffaa dhuunfaan kutaa keessatti hojjachuu. Yaadota ifa hin taaneef gaafachuu Yaadrimee irratti yaada kennunun hirmaachuu. Gabaasa gareen hojjachuu fi dhiheessuu.
5'	<p>Cimsuu</p> <ul style="list-style-type: none"> Dhimmoota burqaalee beekumsaa wajjin walqabatan cimsuuf yaadachiisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha qalbiin dhaggeeffachuu Ibsa dabalataa kennuu Gaaffii yoo qabaatan gaafachuu.
5'	<p>Guduunfaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Kaayyoon barnootichaa galma ga'uu fi dhiisuu isaa gaaffii gaafachuun mirkaneessuu. Barumsa itti aalu irratti ibsa gabaabaa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Yaada guduunfaa dhaggeeffachuu, Yaada ijoo barumsicha gabaabinaan ibsuu.

**Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa
Rippiubilikii Itoophiyaa.**



Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay



Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar



Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee



Alaabaa Mootummaa Naannoo Beeneshaaangul-Gumuz



Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippiubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa'amedha.